# XIINXALA AFSEENESSAOROMOOTA FINFINNEE KEESSATTI BAKKA JIREENYAAISAANII IRRAA BUQQA'ANII

**ITEENESH TOLEERAA**

**QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUUN GUUTTACHUUF QOPHAAHEE**

**YUUNIIVARSIITII FINFINNEE**
**KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIITIIF KAN DHIYAATU**

**WAXABAJJII 2012/2020**

**FINFINNEE**

# XIINXALA AFSEENESSAOROMOOTA FINFINNEE KEESSATTI BAKKA JIREENYAA ISAANII IRRAA BUQQA'ANII

ITEENESH TOLEERAA

GORSAAN: DR.TAADDASAA JAALATAA

QORANNOO DIGIRII LAMMAFFA (AM)AFAAN OROMOON GUUTTACHUUF QOPHAAHEE YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOOLLEEJJII ,NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANOTA, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIITIIF KAN DHIYAATU

WAXABAJJII 2012/2020

FINFINNEE

# Yuunivarsiitii Finfinnee

## Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun, guuttachuuf, Iteenesh Toleera mataduree: " Xiinxala afseenessa Oromoota Finfinnee Keessattii Bakka Jireenyaa Isaanii Irraa Buqqa'anii" jedhuun qophaa'e, sadarkaa Yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa ___________________________ Mallattoo _____________ Guyyaa _____________

Qoraa Keessaa_________________________ Mallattoo______________Guyya______________

Gorsaa ____________________________ Mallattoo_______________Guyyaa_______________

_____________________________________________________________________________

Itti gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

**Ibsa**

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kanaan dura yuunvarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif hindhiyaanneta'uusaafi wabiileee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda isaanii wabiikeessakaa'uukoo nan mirkaneessa.

Maqaa_______________________________________

Mallattoo_____________________________________

Guyyaa____________________________________

**Axereera**

*Kaayynoon qorannoo kanaa inni guddan Afseenessa Oromoota Finfinnee keessatti Bakka Jireenyaa Isaanii Irraa Buqa'anii Xiinxaluudha. Kunis jiruufi jireenyi buqqaatota kanaa otoo qe'ee isaanii irraa hin buqqa'iin duraafi boodaa afseenessa isaan seenessan irraa fudhachuun qaaccessuufi fakkoomiiwwan dubbii isaanii keessatti jechoota, gaalewwaniifi himootaan akkasumasa sochii qaamaan mul'atan dabalatee faayidaa afseenessi gama haala jiruufi jireenya isaanii kana ibsachuu keessatti qabu kan xiixxalamedha. Maddi odeeffannoo qorannoo kanaas isaanuma warra qe'ee isaanii irraa buqa'an yoo ta'an, mala iiddatteessuu miti caraa keessaa kaayyeffastaafi eeruutti dhimma bahuun, mala funaansa ragaa: afgaaffii, marii gareefi daawwannaadhaan bakka odeef kennitoonni jiranitti qaamaan argamuun odeeffannoon guurame.Malli qorannoo kanaa akkamtaa yoo ta'u saxaxa ibsaan kan gaggeeffamedha.Xiinxala afseenessaa gaggeeffame keessattis odeeffannoon xiinxalamuun ibsamee jira. Kanumaan walqabatee,Oromoota bakka jireenyaa isaanii finfinnee irraa buqqisanii magaala babal'isuun waggoota dhibbaan dura sirna mootii Minilikiin kan jalqabamee itti fufinsaan sirnoota darban keessatti kan raawwataamaa ture hanga harraatti ittuma fufuun Oromoon lafa isaa dhabee qe'ee isaa irraa buqqa'aa jiraachuu,Jiruufi jireenyi oromoota qe'ee isaanii irraa buqqa'anii, yeroo qe'ee isaaniirra jiran jireenya gaarii akka qabaniifi erga lafti isaanii harkaa fudhatamee rakkoorra jiraachuu isaanii,Buqqaatonni Oromoo Finfinnee kun lafa isaanii irraa yeroo sirna Dargii irraa jalqabee hanga har'aatti bakka jireenyaa isaaniirraa buqqifamaa yeroo qubsiifaman namni tokko yeroo lammafi sadii laftii isaanii harkaa fudhatamuun rakkoo cimaa fi bakka amma jiran kan irraa buqqa'uu dhabuu isaaniifis wabiin tokko illee waan hin jirreef soda irra jiraachuu isaanii akkasumas akkuma Oromoonni kun magaala kana keessaa buqqa'anii fagaachaa deemaniin afseenessi walitti dhaminsa lafa Finfinneefi Orommoo ganamaa madda ragaa tokkoffaa warren akka hambaa seenaatti afseenessa dhugaa irraa argannu kana faana baduun dhabamuu akka danda'u cuunfaa keessatti barreeffameera. Itti dabalees akka yabootti yaadonni kaahaman:*

*Gama mootummaa biyyattiin, bulchiinsa mootummaa naannoo Oromiyaafi kantiibaa magaalittiin, daangaan magaalaan finfinnee Oromiyaa waliin qabdu daangaa lafa magaalittii bal'isaa Oromoota buqqisee lafa Oromiyaa naannoo magaalittii dhiphisaa hin deemneen kaartaa sirrii ta'e sararachuu dabalatee Oromoota qe'eefi qabeenya isaanii irraa buqqa'an haala itti fufiinsa qabuun kaffaltii beenyaa lafa isaanii madaalu isaaniif kaffaluun qe'ee isaanii ganamaatti deebisanii yoo dhaaban Oromoonniifi afseenessi Oromoota Finfinnee keessaa bakka jireenya isaanii irraa buqqa'anii hambaa qabaatee dhalootaaf darbuu danda'a.*

**Galata**

Hundumaa dursuun Waaqayyo uumaa, abbaa uumama maraa inni ta'e jiruuu Koo hundumaa keessatti nawaliinjiru; qorannoo kanas jalqabee akkan xumuru obsafi jabina, beekumsaafihamilee naaf keennee fiixaan naaf baaseef hangafa galata koon hoqobaa dhiyeessaaf. Itti aansuun gorsaa koo Dr.Taaddasaa Jaalataa beekumsaafi ogummaadhaan gorsa nuffii tokko malee obsan guutameen jalqaba qorannoo kanaa irraa hanga xumuraatti naqjeelchuun gumacha naaf gootaniif galata guddaan isiniif qabaatii galatoomaan isiniin jedha.

Akkasumas maatiin koo tarkaanfii koo hundumaa keessatti jabina koo taatan, abbaa koo Toleeraa Irgabuusiifi hadha koo Dirribee Boodanaa jalqaba beekumsa koof harka koo qalama qabsiisuu irraa jalqabee, yeroon qorannoo kana hojjedhuttis gargaarsa naaf gootan cinaatti hamilee koof utubaa waan naaf taataniif galata onneerraa nabiraa qabdu ulfaadhaa, Waaqayyo umurii harraagessaa isiniif haa kennun jedha.

Dabalataan, abbaa manaa koo Darajjee Margaa, meeshaalee qorannoo kanaaf nabarbaachisan naaf arjoomuu biratti deeggarsa yaadaafi ogummaa naaf kenniteef guddaan sigalateeffadha.

Itti dabalees, mucaa koo Kennaaol Darajjee jaalalliifi gammachuun ati naaf kennitu soora qalbiifi utubaa hamilee waan naaf ta'eef galata lapheerraan siif dhimbiiba, naaf guddadhu.

Dhumarrattis, iddattoota qorannoo koo kanaa warri taatan, buqqaatonni Oromoo Finfinnee,ooyruu qalaadaan lakkaahamu,jabboonni keessa burraaqan, mana o'aa aarri keessaa hin dhabamne keessaa baatanii, otoo lubbuun jirtanii qe'een keessan humnaan saamamee araddaa keessan irratti keessummaa taatanii jiruun isinitti dugda garagalfatte, isin har'as haala kana keessa jiraattanii duudhaa keessummaa simachuu Oromticha ganamaa otoo hin gadhiisiin yeroon odeeffannoo barbaacha bakka isin jirtan dhufetti fuula ifaan nasimattani; odeeffannoo dhugaa dhugaadhaan keessa garaa keessanii maddeen quuqama jiruufi jireenya keessanii seenessuudhaan akkasumas, hir'uu diinqa mana keessanii dhoksaa tokko malee nadaawwachiistanii odeeffannoo dhugaa gola onnee koo qirqirse waakkii malee waan naaf arjoomtaniif galta onneerraa madden isiniif qaba.Araddaafi duudhaan Oromticha ganamaa abbaa isaaf galee dachee keessan irratti ulfinni dhabdan isiniif haadeebi'uu hawwii kooti.

**Jibsoo**

Jechootaafi gaaleewwan qorannoo kana keessatti itti dhimma bahe kanneen hubannoof ulfaachuu danda'u jedhe yaade hiika isaanii waliin

Killa aannanii: Killi annanii bool'a aannan itti guutamee aannan sana namni daakuu /xillisoo lixu/ yoo ta'u ,namni killa aannanii daakus nama yeroo tokkotti ameessa dhibba elamtudha. Adeemsi killa aannanii daakuu kunis bool'a hojjaa nama killa sana daakuu ykn lixuu dhoksuu danda'u qotuudhaan boolli sun akka aannan qabachuu danda'utti keessi isaa qophaahee erga qoraafamee booda annan itti guutuun namichi abbaa ameeyyii dhibbaa keessa lixa ykn daaka. Aaddaan killa aannanii daakuu kun dur hawaasa Oromoo biratti beekamaa yoo ta'u yeroo ammaa kana yoo raawwatamu hin mul'atu.

Garaacha uffachuu:Aadaan garaacha uffachuu mallattoo soorummaan ittiin agarsiifamu yoo ta'uu, kunis dur sooressii oromoo loon kuma yoo horate sirna garaacha uffachuu qopheeffachuun garaacha horii uffatee kuma yaasuu isaa beeksifata. Aadaan kunis yeroo ammaa hafaa jira.

**BAAFATA**

**Boqonnaa** **fuula**

**Axereera** ..... i

**Galata** ..... ii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ..... 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa ..... 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ..... 4

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ..... 6

1.3.1. Kaayyoo Gooroo ..... 6

1.3.2. Kaayyoo Gooree ..... 6

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ..... 6

1.5. Daangaa Qorannichaa ..... 7

1.6. Hanqina Qorannichaa ..... 8

1.7. HaalaWaliigala Odeeffannoo Bakka ka'umsa Oromoota Bakka Jireenyaa Finfinneerraa Buqqa'anii (Finfinnee) ..... 8

1.7.1. Argamaafi Teessuma Lafa Finfinnee ..... 9

1.7.2. Karra Finfinnee Shanan ..... 12

1.7.3. Hundeeffama Magaalaa Finfinnee ..... 13

1.7.4. Hora Finfinnee ..... 15

1.7.5. Hidda Latiinsaafi Qubsuma Oromoo Tuulamaa Finfinnee Keessatti ..... 18

1.7.6. Moggaasa maqaalee gandoota Finfinnee duriifi ammaa ..... 20

1.7.7. Abbootii Biyyaa Oromoo Finfinnee Durii ..... 31

1.7.8. Tarkaanfii Weerartootaafi Fincila Diddaa Garbmmaa Oromoota Finfinnee ..... 34

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ..... 41

2.1. Fookloorii ..... 41

2.2. Gosoota Fookloorii ..... 43

2.2.1. Aartii Sochii Hawaasaa ..... 43

2.2.2. Duudhaa Hawaasaa ..... 43

2.2.3. Meeshaalee Aadaa ..... 44

2.2.4. Afoola ..... 44

2.2.4.1. Amaloota Afoolaa ..... 45

2.2.4.2. Hurruubummaa ........ 45
2.2.4.3. Lufummaa ........ 46
2.2.4.4. Uummatummaa ........ 46
2.2.4.5. Jijjiiramummaa ........ 46
2.2.4.6. Miidhagummaa ........ 46
2.2.4.7. Qindoomina ........ 47
2.3. Faayidaa Afoolaa ........ 47
2.4. Gosoota Afoolaa ........ 48
2.4.1. Afseenaa ........ 49
2.4.1.1. Gosoota Afseenaa ........ 50
2.5. Yaaxxinaalee Qorannoon Kun Bu'uureffate ........ 52
2.6. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii ........ 53
2.7. Fakkoomii ........ 53
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ........ 54
3.1. Gosa Qorannichaa ........ 55
3.2. Madda Ragaalee Qorannichaa ........ 55
3.3. Mala Iddatteessuu Qorannichaa ........ 56
3.4. Malleen Funaansa Ragaalee ........ 56
3.4.1. Afgaaffii ........ 57
3.4.2. Daawwannaa ........ 57
3.5. Mala Qaaccessa Odeeffannoo ........ 57
3.6. Qindoomina Qorannichaa ........ 58
BOQONNAA AFUR: XIINXALAA RAGAALEE ........ 58
4.1. Afseenessa Oromoota finfinnee keessatti bakka jireenyaa isaanii irraa buqqa'anii ........ 59
4.2. Fakkoomiiwwan Afseenessa Isaanii Keessatti Mula'atan ........ 84
4.3. Xiinxala jiruufi jireenya buqqa'uun duraa ........ 88
4.4. Xiinxala Jiruufi jireenya buqqa'uun boodaa ........ 90
4.5. Fayidaa Afseenessi Jiruufi Jireenya Buqqaatota Oromoo Ibsuu Keessaatti Qabu ........ 95
4.5.1. Gama Diinagdeen ........ 95
4.5.2. Gama Hawwasumman ........ 96
4.5.3. Gama Siyaasaan ........ 97
4.5.4. Gama Barnootaan ........ 97

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA ARGANNOOFI YABOO ..... 98
5.1. CUUNFAA ARGANNOO ..... 98
5.1. YABOO ..... 100
Wabiilee ..... 101

Fakkii 1: Kaartaa daangaa magaalaa Finfinnee yeroo dura hundoofteefi erga babal'attee ..... 15
Fakkii 2: Naannoo Hora Finfinnee bara 1892 (The Hot Spring now named Filwuha in 1892) ..... 17
Fakkii 3: Naannoo Hora Finfinnee bara 1892 (The Hot Spring now named Filwuha in 1892) ..... 22
Fakkii 4: Naannoo Tulluu Daalattii / Daalattii/ ykn Arat Kiiloo bara 1907tti ..... 23
Fakkii 5: Naannoo Daalattii Hundeeffama magaalaatiin booda (now the Arat Kilo Palace) ..... 23
Fakkii 6: Naannoo Birbirsaa bara 1897tti (named Arada or Piazza in 1897) ..... 25
Fakkii 7: Naannoo Birbirsa Gooroo Bara 1917 Odaa yaa'a Gullallee ..... 25
Fakkii 8:*Diddaa gabrumaa bulchiinsa minilikiifi roorroofi daba hidhattoonni isaa Oromoota iraan geessisan mormuudhaan Lola abbootiin Gaadaa labsan agarsiisu* ..... 37
Fakkii9: Adabbii Oromoota Irraan Gahaa Turame – 1890 ..... 40
Fakkii 10:Dawwannaafi afgaaffii Aadde Tasammee Cuqqee Roobalee waliin taasifame ..... 60
Fakkii 11:Dawwannaafi afgaaffii Aadde Tsigguu Baqqalaa waliin taasifame ..... 63
Fakkii 12: Dawwannaafi afgaaffiiAadde Burtukaan Baqqalaa waliin taasifame ..... 66
Fakkii 13: Dawwannaafi afgaaffii Aayyoo Abarraash Bashaadaa waliin taasifame ..... 67
Fakkii14: Dawwannaafi afgaaffii Aadde Tsiggee Waldahaannaa waliin taasifame ..... 69
Fakkii 15: Dawwannaafi afgaaffii Aadde Dibaabee Cannaquu waliin taasifame ..... 71
Figure 16: Dawwannaafiafgaaffii obboo Bottuu Taaddasaa waliin taasifame ..... 72
Figure 17: Dawwannaafi afgaffii Aadde Laaqechi Sabbooqaa ..... 73
Figure 18: Dawwannaafi afgaaffii Darggaggoo Girmaa Warquu waliin taasifame ..... 75
Fakkii 19: Dawwannaafi afgaaffii aadde Baqqaluu Hayiluu waliin taasifame 21/07/2012 ..... 76
Fakkii 20: Dawwannaafi Afgaaffii Obboo Addisuu Nugusuu waliin taasifame ..... 78
Fakkii 21: Dawwannaafi afgaaffii Aadde Fallaquu Xilaahuun waliin taasifame ..... 79
Fakkii 22: Dawwannaafi afgaaffii Aadde Alamituu Garbiiwaliin taasifame ..... 81
Fakii 23: Dawwannaafi afgaaffii Obbo Naggasee Roorrisaa waliin taasifame ..... 105
Fakkii 24: Dawwannaafi afgaaffii Obbo Daggafaa Raayyaa waliin taasifame ..... 106
Fakkii 25: Dawwannaafi afgaaffii Abbii Faanuu waliin taasifame ..... 108
Figure 26: Dawwannaafi afgaaffii aaddeTigisti Xilaahuun waliin taasifame ..... 109

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Seenduuba kana keessatti yaadni walii galaa afoolaafi mataduree qorannoo kanaa kan ta'e afseenassi Oromoota bakka jireenyaa isaanii Finfinnee irraa buqqa'anii hamma tokko dabalatee dhimmoonni Oromoota kana waliin walqabatan gabaabinaan ni dhiyaatu.Daraaraa fi Muhaammad (2008) Akka lafa kaahanitti, "Ummanni Oromoo sabootaafi sablammoota biyya Itoophiyaa keesssatti argaman keessaa isa tokko ta'ee baay'inaan naannoosaa, Oromiyaa keessa kan jiraatuudha.Oromiyaan naannooleefi biyyoota garaagaratiin kan daangeffamtu yoo ta'u, Kaabaan naannoo Amaaraa, lixaan Sudaan, Kibbaan kaaba Keeniyaa fakkeenya tuquun ni danda'ama."

Alamayyoo (2007:1) akka ibsetti, "Oromoon saboota Kuush keessaa isa bal'aafi uummata qabiyyee lafa guddaa irradagaagee jiraatu.Haaluma bal'inaafi guddina uummataan Oromoon gosoota hedduu qaba.Isaanis: Tuulama, Macca,Arsii,Gujii,Boorna,Itu,Humbanna,Raayyaa, Yejjuu, Liiban jedhamu."Hidda latiinsa Oromoo kunneen keessaasdameen Oromoo gosaTuulamaa dachee handhuura Oromiyaa Finfinnee lafa bal'aa irra dagaageejiraachaa ture yoo ta'u sirni mootii Minilik yeroo teessoo bulchiinsa isaa gara tulluu Xuuxxootti fidachuuf yaalii eegale irraa kaasee hanga har'aattisababoota adda addaan Oromoon qe'ee isaa ganamaa irraa buqqa'ee gadhiisee akka deemu taasifamuuniifi lafa isaarraa haphachaafi lafti isaa qubattoota biroon bakka bu'aa deemee haala amma jiru kanarra gahe ta'uu isaagalmeewwan seenaa dhimma Oromoo irratti barreeffaman ni ibsu.keessaa muraasa kanneen akka, (Alamaayyoo 2016),( Irranaa 2019), (Kidaanuu 2016),(Taaboor 2013)faakaasuun ni danda'ama.

UummanniOromoo uummata aadaafi seenaa mataa isaa qabu ta'ee, aadaafi seenaa mataa isaa qabu kanas kallattii garaagaraan labata irraa labatatti daddabarsaa kan tureefi yeroo ammaas wal harkaa fuudhaa kanjiruudha. Kallattiiwwan aadaan saba tokkoo ittiin dhaalamu keessaa afoolli isa tokko.Afoolli dameewwan fooklorii keessaa isa tokko ta'ee wayita ogummaan barreeffamaa hindagaagnetti aadaafi seenaa hawaasaahubachiisuu keessatti gahee guddaa taphachaa kan tureefi taphachaa kan jiruudha.Yaada kana Tafariin (2004:133) Akka armaan gadiitti ibsa."Fookilooriin Oromoo eenyummaa, aadaa, duudhaa, qaroomina, falaasama, amantii, ogumaafi k.k.f. waan ibsuuf akka qabeenya guddaatti ilaalama."Jechuudhaan ibsa.

Dabalataan Waa'ee guddina saba Oromoofi Afaan Oromoo ilaalchisee Dirribiin (2012:15) akka ibsutti,Oromoon saba guddaa Itoophiyaafi gaanfa afrikaa keessa jiraatu yoo ta'u, Afaan Oromoon heddummina dubbattootaan ardii Afrikaa keessaa Afaan Arabaafi Afaan Hawusaan durfamee sadarkaa Sadaffaarratti argama. Haa ta'u malee,carraan Afaan Oromoo gama barreeffamaafi meeshaalee sabqunnamtiin hojiirra oolmaaf argachaa ture afaanicha kan madaalu miti.

Fookilooriin bal'aa waan ta'eef, gosoota adda addaa jalatti aadaa hawaasaa kan qoratudha. Tolasaan (2018) Dorson (1972) wabeeffachuun akka ibsutti, fookilooriin damee Afur: afoola, duudhaa hawaasaa, aartii duudhaafi meeshaalee aadaa of jalatti haammata.

Afoolli dameewwan fookiloorii keessaa isa tokko ta'ee karaa hawaasni beekumsa ,aadaa,seenaafi duudhaa isaa ittiin calaqqisiisuufi haala yeroofi bakkaa keessatti hojiirra ooluun muuxannoofi mudannoo isaa ibsuun dhalootaa dhalootatti daddabarsudha.Afseenessi dameewwan afoolaa keessaa isa tokko ta'ee, ogbarruufi afseenessaankan ibsamudha. Afseenessi qaama xiyyeeffannoo mata duree qorannoo kanaa yoo ta'u kunis afseena matadureewwan qorannoo kanneen biroo keessatti itti dhimma bahan (legends) yoo ta'u kunis seenaa ykn waan kanaan dura darbe seenessaan dhaggeeffattota ykndaawwatoota isaaf seenessuu addunya harra irra jiran waliin haala walfakkaatu keeaassatti afseena seeneffamu irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u; matadureen qorannoo kana ammoo afseena yeroo darbee kan addunyaa harraan walfakkatu kaassatti seeneffamu otoo hin taane; afseenessa seenaa dhugaafi qabatamaanis mulatu isa addunya har'a irra jirru kana keessatti haala jiruufi jireenya buqqa'uu isaaniin duraafi boodaa buqqaatonni Oromoo Finfinnee keessatti bakka jireenyaa isaaniirra buqqa'an seenessan ykn himatan xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatudha.Akka qorannoo kanaattis afseenessa jechaa kanan itti dhimma bahu (Oral Narrative) dha.

Afseenessa ilaalchisee Dastaan (2015) "A narrative can be a story or part of any story. Some scholars say that narrative could include legends, folktales, myths, etc."

Afseenessi seenaa ykn ammoo qaama seenaa kamiiyyuutti.Dabalataan Dastaan(2015) Barthes fi Duisit (1975) wabeeffachuun akka armaan gaditti kaaha. *"There are countless forms of narrative in the world. …Among the vehicles of narrative are articulated language, whether oral or written, pictures, still or moving, gestures, and an ordered mixture of all those*

*substances; narrative is present in myth, legend, fables, tales, short stories, epics, history, tragedy, drama [suspense drama], comedy…"* jechuudhaan lafa kaaheera.

Akka waraabbi armaan olii irraa hubatamutti afseenessi addunyaa kana irratti unkaalee lakkaawwamanii hin dhumne kan qabu yoo ta'u innis gama ogbarruufi ogafaaniin ta'ee karaalee hedduun dhiyaachuu akka danda'u ibsa.

Haaluma kanaan, OromoonniFinfinnee keessatti bakka jireenyaa isaaniirraa buqqa'an adeemsa jiruufi jireenya isaanii buqqa'uun duraafi boodaa keessatti dabarsan afseenessaan dhalootaa dhalootatti darbaa tureefi jiru ittiin labata dhufuuf dhaamu; gamabarreeffamaanis akka taa'uuf seenaa keessa darbaniifi keessa jiran afaaniin karaalee adda addan ibsatu. Haalli kun immoo gama dameewwan fookilooriin mul'achuu kan danda'anidha. Innis, akkuma beekumsa hawaasaa biroo beekumsa hawaasaa afaaniin dhalootaa dhalootatti dabarsuun kan beekamudha.Xiyyeeffannaan qorannoo kanaas "Xiinxala Afseenessa Oromoota Finfinnee Keessatti Bakka Jireenyaa Isaaniirraa Buqqa'anii," mataduree jedhudha.Afseenessi damee raagoo keessaa tokko ta'ee beekumsa hawaasaa jecha afaaniin dhalootaarraa dhalootatti daddarbaa tureefi jirudha.

"Legends as … prose narratives which like myth are regarded as true by the narratorand his audience, but they are set in period considered less remote when the worldwas much as it today. The narratives are us ually about migrations, wars, victorius, deads of past heroes, chiefs and kings." (Dasta 2015)

Waraabbiin armaan olii akka ibsutti, afseenaan taateewwan bara durii keessaraawwatan addunyaa qabatamaa har'aa keessatti seenessaafi jamaan yeroo har'aa ergaabeekumsa hawaasaa daddarbaa ture fudhachuufi akka waan amma ta'aa jirutti ilaaluudha.

Afseenessi ammoo damee afoolaa karaa himamsa afaaniin aadaa, duudhaafi seenaan hawaasa tokkoo ittiin dhalootaa dhalootatti daddarbudha. Bu'uuruma kanaan qorattuunis afseenessa Oromoota Finfinnee keessatti bakka jireenyaa isaaniirraa buqqa'anii ni xiinxalti.Kanaumaan walqabatee qorattuun mataduree kana akka qorattuuf kan ishee kakaasee afseenessi Oromoota, Finfinnee keessatti bakka jireenyaa isaanii irraa buqqa'an kana irratti hanga yoonaa qorannoon gahaa ta'e gaggeeffamuu dhabuufi afseenessichi gara barreeffamaatti jijjiiramee ta'uu dhabuu isaati. Kuni ammoo afseenessi Oromoota kanaa kallattiidhaan qaama dhimmi isaa ilaallattu

buqqaatota irraa ammumaan fudhatamuun gara barreeffamaatti jijjiiramee kan hin teenye yoo ta'e eenyummaafi seenaan isaanii dagatamaa deema. Kuni ammoo seenaa buqqaatota kanaa qofaan kan walqabatu osoo hin taane guutummaa seenaa uummata Oromoo maraan kan walqabatu waan ta'eef akkuma Oromoonni kun qabiyyee isaaniirraa buqaanii lafa magaalittii gadhiisaa deemaniin seenaa dhugaan abbaa biyyummaa Oromoon finfinnee irratti qabu akkuma sirnoota darban keessatti haphachaafi suuta suuta hacuucamaa deemaa turetti ammas seenaan kaartaan magaalittii kaartaa Oromiyaa irraa hirr'achaa deemuufi lakkoofsi Oromoota magaalittii keessaas akkasuma xiqqaachuun seenaan dhugaa Oromoon Finfinnee waliin qabu dhabamaa akka deemu taasisa. Kuni ammoo dhaloonni amma jirus dhimma buqaa'uu isaa waliin walqabatee Oromoon lafa lafee isaa ta'e irraa buqqa'u gaaffii abbaa qabeenyummaa isaa akka hin gaafanneef akkasumsa guutummaan hawaasa Oromoo gaaffii walitti hidhaminsa seenaa lafa Finfinnee kana waliin qabu dagachuun eenyummaa isaa dagachaa deemuun qabiyyeen magaalittii keessatti qabu akka dhabamu taasisaa deemuu danda'a. Qorattuunis dhimma kana irratti qorannoo gaggeessuun afseenessa kana bifa barreeffamaan kaahuun qorannooleen kanneen biroos irratti akka qorataman karaa saaquu. Akkasumas hubannoo namoonni afseenessa kana irratti qaban bal'isuun afseenessichi dagatamuu irra akka dhalootatti daddarbu taasisuu waandanda'uuf sodaa dagatamuu afseeenssaOromoota Finfinnee keessatti bakka jireenyaa isaaniirraa buqqa'anii hir'isuufi dhimmicha irratti hubbannoofi xiyyeeffannoo dabalataa uumuu danda'a yaada jedhuu qabachuun qorannoo kana gaggeessite.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoon tokko yommuu gaggeeffamu dhimma ka'umsa taasifatee gaggeeffamu qaba. Ka'umsa qorannoon walqabsiisee Addunyaan (2011:53- 54) akka ibseetti, " ka'umsi qorannoo tokko dhugaa hawaasa keessatti ykn waa'ee hawaasichaa dhimma barreeffamerrattimul'atu; dhimmichis rakkoo ykn qaawwa jiru tokko duuchuufi yaaxxina tokko haaromsuuf, ibsabal'aa dhimmicharratti kennuufi k.k.f ta'uu danda'a."

Akka yaada hayyuu kanaatti qorannoontokko rakkoo furuu, beekkumsa hundeessuufi kan dura ture babal'isuun akka hubannoohawaasaaf tolu haala mijeessuu ka'umsa godhachuun gaggeeffamuu danda'a. Qorattuun qorannoo kanaas dhugaa hawaasa keessa jiru bal'isuun hubannoo hawaasni beekkumsicharratti qabugabbisuurratti kan xiyyeeffateedha.Hawaasni Oromoo afoolota hololoo ofkeessaa qabu kanneen afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarbuu

danda'an hedduu qaba.Gosoota afoolaa bifa hololootiin dhiyaatankeessaa ammoo afseenessi isa tokko.

Finfinneen handhuura Oromiyaa karaa hundaanuu Godinaalee Oromiyaan marfamtee argamtuufi magaala guddoo biyyiittii, teessoo mootummaa biyyattii akkasumas giddugala teessoo gamtaa mootummoota Afriikaa ta'uun ishee ni beekama. Kuni hunduu akkuma jirutti ta'ee ummanni Oromoo hundeen isaanii ganamaa akaakileefi abaabileen isaanii abba qabiyyee lafa kanaa ta'an barbaadamummaa lafa kanaa irraa kan ka'e sirnoota bulchiinsa abba irree durii kaasee biyyittii kana hacuucaafi saamaa turaniin qe'ee isaanii irraa godinaalee oromiyaa adda addaattii godaanuun faffaca'anii jiraachaa kan turaniifi jiran akkasumas labatni isaaniis jiraachaa jiran ta'uu isaa ifatti dubbachuun yakkaafi kan nama adabsiisu kan ture yoo ta'us afseenni kun bal'inaan ta'uu baatus akka iccitiiti turus dhiibbaan Oromoo lafa lafee isaa ta'e irraa buqqa'uun godaanuun isaa saababootuma yeroo waliin deemu qopheeffachuun 'kaartaafi pilaanii haaraawaa' jechuun dararamanii ari'atamuun qe'e isaaniirraa godaanuun yoo hammaatu fincilli diddaa gabrummaa dhoowuun dhimma kanas ifatti mormuufi balaaleffachuun Oromoota maraafi guutuu Oromiyaa keessaatti finiineen lafti lafee keenya, Finfinneen handhuura Oromiyaati murree hin kenninu, Maastar Pilaaniin Oromoo lafa isaarraa buqisuun haadhabatu jechuun gaaffileen diddaa kun dhiyaachuun aarsaa guddaan itti kaffalamaa turuun isaa dhugaa dhiyootti yaadatamu ta'uun isaa ni beekama. Finfinneen seeraanis ta'e seenaan kan Oromoofi handhuura Oromiyaa taatee Otoo jirtuu Oromoonni qe'e itti dhalatanii guddataniifi raagan gadhiisanii godaanuu isaanii bal'inaan barreeffamuu baatus afseenaan ni ibsama.

Xiyyeeffannaan qorannoo kanaa dhimma jiruufi jireenya Oromoota Finfinnee keessatti bakka jireenyaa isaanii irraa buqqa'anii haala jiruufi jireenya isaanii buqqa'uu isaaniin duraafi boodaa ilaalchisuun afseenessa isaan himatan xiinxaluun ibsuudha. Yaada xiyyeeffannoo qorannoo kana waliin walqabatu ilaalchisee qorattoonni garaa garaa yeroo adda addaa mata duree kanaan walitti dhiheenya qaban,afseena Oromoo irratti, Dastaan (2015) Siisaay (2018) Tolasaa Tasfaayee (2018)fi kanneen biroo qorannoowwan gaggaarii kan taasisan yoo ta'u; qorannoo kana qorannoowwan kanaan dura hayyoonni taasisan dhimma afseena Oromoo ta'us xiyyeeffannoon qorattoota kanaa dhimma afseenessa Oromoo irratti qoratamuun walitti hidhamiinsa qabaatanis xiyyeeffannoon qorannoo kana ammoo dhimma afseenessa Oromoota Finfinnee keessatti, bakka jireenyaa isaaniirraa buqqa'anii xiinxaluu irratti ta'uun isaa garaagarummaadha.

Raawwiin qorannoo kanaagaaffilee armaan gadiif deebii argamsiiseera:

1.Oromoon Finfinnee keessatti bakka jireenyaa isaaniirraa buqqa'an, jiruufi jireenya isaanii buqqa'uun duraa akkamitti seenessu?

2. Oromoonni Finfinnee keessatti bakka jireenyaa isaaniirraa buqqa'an, jiruufi jireenya isaani buqqa'uun boodaa akkamiin seenessu?

3. Afseenessa jiruufi jireenya Oromoota kanaa keessatti fakkoommiiwwan jiran maal ibsu?

4. Jiruufi jireenya Oromoota kanaa ibsuu keessatti afseenaan bakka akkamii qaba?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kamiiyyuu kaayyoo galmaan ga'uuf gaggeeffamu qaba.Kaayyoon kunis gama lamaan kan ibsamu yoo ta'u, innis gama kaayyoo gooroofi gooreen ta'a. Lamaan isaaniiyyuuhaala armaan gadiin kan dhiyaatudha.

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa Afseenessa Oromoota bakka jireenyaa Finfinneerraa godaananii xiinxaluudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooreen qorannoo kanaa qabxiilee armaan gadiiti:

- AfseenessaOromoo Finfinnee keessatti bakka jireenyaa isaaniirraa buqqa'an, jiruufi jireenya isaanii buqqa'uun duraa xiinxaluu;
- Afseenessa Oromoonni Finfinnee keessatti bakka jireenyaa isaaniirraa buqqa'an, jiruufi jireenya isaani buqqa'uun boodaa xiinxaluu;
- Afseenessa jiruufi jireenya Oromoota kanaa keessatti fakkoommiiwwan jiran maal akka ibsan xiinxaluun ibsuu;
- Jiruufi jireenya Oromoota kanaa ibsuu keessatti bakka afseenessi qabu xiinxaluu;

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Barbaachisummaan qorannoo kanaa afseenessa Oromoota Finfinnee keessatti bakka jireenyaa isaaniirraa buqqa'anii qorannoodhaan bahee akka mul'atu taasisuun gama barreeffamaan taa'ee qorannoowwan kanneen biroo bal'inaan akka irratti gaggeeffaman daandii saaquun afseenessa kana baduu irraa baraaruudha. Qorannoon kun osoo gaggeeffamuu baatee Afseenessi Oromoota kanaa godinaalee adda addaafi bakka jireenyaa duraan jiraachaa turan irra deemaanii waan jiranif carraan afseenessa isaanii dhaloota itti aanuuf dabarsuu isaanii hirra'chaa deema.

Kun ammoo dhaloonni isaanii duubaan itti fufu eenyummaa isaanii dhuftee ganama maatiin isaanii irra ka'an waan wallaalaniif seenaa isaanii isa sirriifi madda hidda dhaloota isaaniifi eenyummaa isaanii beekanii gaaffilee eenuyummaa isaaniin walqabatan kamiyyuu gaafachuu akka hin dandeenye taasisuu mala. Rakkoon kun ammoo Oromoota bakka jireenyaa Finfinneerraa godaanan kana qofa irratti kan daangahu otoo hin taane, buqqaatiin uummatni Oromoo lafa isaa gadhiisee deemu haala duraan tureefi amma jiruun yoo itti kan fufu ta'e tokkummaa Uummata Oromoo maraaf gufuu gudda ta'uu danda'a. Kanaafuu bu'a qabeessummaan qorannoo kanaa inni duraa, Afseenaa Oromoota Finfinnee bakka jireenyaa Finfinneerraa godaananii walittii qabuun ragaa barreeffamaa qindeessuun hubannoo hawaasni Oromoo marti afseena kanarratti qabu daran cimsuun afseenessaawwan kunneen dagatamuurraa oolchuudha.Sababoota kanneen bu'uureffachuun tokkoffaan, Afseenessi Oromoota bakka jireenyaa Finfinnee irraa buqqa'an carraa qorannoo akka argatu haala mijeessuu,lammaffaan ammoo ragaa barreeffamaa afseenaawwan kanneeniif qindeessuufi sadaffaarratti Afseenaan Oromoota bakka jireenyaa Finfinneerraa buqqa'anii bu'uura isaa ganamaafi dura tureetti akka deebi'uuf yaadachiisuu akka ka'umsaatti qabatee kan ka'edha.

Akka faayidaa lammaffaatti galma gahiinsa qorannoo kanaa irraa qaamoleen armaan gadii fayyadamoo ta'u.

a) Uummata Oromoo waa'ee afseenessa Oromoota bakka jireenyaa isaanii Finfinneerraa buqqa'ani baruu barbaadaniif kallattii hubannoo kaa'uu danda'a;

b) Qaamolee mata-duree kanarratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif akkamaddaodeeffannoo lammaffaatti tajaajiluun karaa salphaan kitaabilee wabii akka argataniifhaala mijataa uuma;

c)Qaanmi dhimma kana irratti qorannoo gaggeessuu barbaadu otoo baay'ee hin dadhabiin teessoo odeef kennitootaa argachuu dand'a. Akkasumas buqqaatonni kun bakka amma jiran kana irraabuqqa'uu dhabuu isaaniif wabiin waan hin jirreef yoo bakka sana gadhiisanii deeman illee qoranoon kun akka madda seenaatti fayyaduu danda'a;

d)Hubannoo hawaasni Oromoo afseenessa Oromoota Finfinnee keessattibakka jireenyaaisaanii irraa buqqa'anii irrattiqabu dabaluun afseenessa kana gara barreeffamaan akka irratti hojjetamu haala mijeessa.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon tokko ka'umsaafi gahumsa isaa milkeessuuf daanga'uu qaba.Qorannoo daangaamalee gaggeessuun nama osoo bishaan daakuu hin beekin gaalaana seene ta'a.

Kana malees ka'umsaafi ga'umsa qorannoo gaggeeffamuu hubachuunnama rakkisaa ta'a. Dabalataanis yeroofi baajata akkasumas humna namaqaqqabsiisuu ni danda'a. Kanarra darbees hojiileen qorannoo yeroo barbaadamankeessatti akka hinxumuramne akkasumas bu'aan qorannoo tokkorraa barbaadamu kallattii barbaadamuun akka hinargamne gochuu danda'a. Kanaafuu qorannoo daangessuun baay'ee barbaachisaadha.

Qorattuun qorannoo kanaas yaaduma kana ka'umsa godhachuun, qorannoon kunis kanaas Xiinxala afseenessa Oromoota Finfinnee keessatti bakka jireenyaa isaanii irraa buqqa'anii jiruufi jireenya isaanii buqqa'uun duraa xiinxaluuirratti kallattiidhaanKan fuulleffatedha.

**1.6. Hanqina Qorannichaa**

Qorannoon yoo gaggeeffamu gufuuleen garagaraa nama mudatu. Bu'aa bahiin kunis mata-dureeqorannoo irratti hundaa'uun garaagarummaa qabaachuu mala.Kana jechuun hanqinni qorataatokko muudate qorataa biroo muudachuu dhiisuu danda'a jechuudha. Sababni isaas mata-dureenqorannoofi adeemsi qorataan tokko fayyadamu qorataa biroorraa adda ta'uu waan danda'uufidha.Adeemsa qorannoo kanaa keessattis hanqinoota qorattuu muudatan keessa tokko qorannoo wal fakkii dhabuu yoo ta'u qorattuu rakkoo ishee muudate kanas barruuwwan dhimma Oromoofi Finfinneen walqabatan maddoota adda addaa irraa dubisuufi qorannoowwan kanneen biroo irraa muuxannoo waliigalaa fudhachuun hanqina kana dabartee jirti. Hanqinni na muudate kan biraa, rakkoo akka addunyaattis ta'e akka biyyattitti, sababa weerara dhibee koronaan haalli jiru sochiif mijataa ta'uu dhabuu isaattiin mana kitaabaatti gargaaramuu dhabuufi odeeffannoofi meeshaalee qoranoof barbaachisan deemanii barbaaduuf haalli rakkisaan kan ture yoo ta'u haala kanas of eeggannoo gochuufi mana turee hojjechuun qorannoo kan xumuruu danda'eera.

**1.7.** HaalaWaliigalaOdeeffannoo Bakka ka'umsa Oromoota Bakka Jireenyaa Finfinneerraa Buqqa'anii (Finfinnee)

Akkuma daangaa qorannoo jalatti ibsamuuf yaalame qorannoon kun kan gaggeeffamu Afseenessa Oromoota Bakka Jireenyaa Finfinneerraa Buqqanii Xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatudha. Kanumaan walqabatee buqqaatonni kunneen bakki ka'umsa isaanii handhuura Oromiyaa finfinnee haata'uyyuu malee bakki isaan itti godaanan akkuma baay'ina isaani godinaalee Oromiyaa adda addaa keessa faca'anii kan jiraniifi magaaluma Finfinnee keessattis qee'eedhuma isaanii keessattis lafti isaan qaban irra fudhatamee bakka loon isaanii itti tikfatan dhiisee bakka ciisicha ilmaan isaaniif ta'u dhabanii rakkina cimaan kan jiraatan akka jiran beekamaadha.Kanumaan walqabatee

qorattuunis afseenessa buqqaatota bakka jireenyaa dhabanii qe'ee isaaniirraa fagaatanii deemaniifi qe'eedhuma isaanii sanatti lafti qaban irraa fudhatamee haala rakkisaan mana dhippoo keessaa jiraatanis madda odeeffannoo godhachuun qe'ee isaan amma jiraatanitti qaamaan argamuun haala jiruufi jireenya isaanii daawwachuun akaksumas odeeffannoo afgaaffifi marii gareen argaman walitti qabachuun qorannoo keessatti bal'inaan ibsamaniiru.Mataduree kana jalatti dhimmoonni walitti dhufeenya Oromoofi Finfinnee agarsiisan kutaalee adda addaatti qoodamuun bal'inaan ibsamaniiru.

### 1.7.1. Argamaafi Teessuma Lafa Finfinnee

"Argamni magaalaa Finfinnee Aafirikaa Bahaatti digirii laatitiyuudii $9^0$ K (Kaabaa)fi digirii loongitiyuudii $39^0$ B (Bahaa)tti argamti . Finfinneen handhuura lafa Oromoo yoo taatu qabiyyee gosa Tuulamaa kan toorban Oboofi jahan Galaan irratti kan hundooftedha."(Kitaaba Seenaa Oromoo hanga Jaarraa $20^{ffaa}$ : 364)

Teessumni lafa Finfinnee ol ka'aa yoo ta'u gaarreeniin marfamtee kan argamtuu fi lageen gurguddoofi xixiqqaas kan of keessaa qabdudha. Gaarreen finfinnee marsanii argaman keessaas karaa Kaabaan tulluu Dildilaa ( Gaara Xuuxxoo)fi Gaarri Fiichee kan argaman yoo ta'u tulluun Erer ammoo magaalittii irraa xiqqoo fagaatee fuula Eekkaatiin gara bahaatti argama. Tulluun Furiis kallattii Kibba Bahaatiin kan jiru yoo ta'u tulluun Eegduufi Hococaa ammoo karaa Dhihaan Finfinnee marsanii argamu. Dabalataan Irranaan haala teessuma ishee akka armaan gaditti ibseera .

"Haalli teessuma qe'ee ilmaan Tuulamaa ganamma kun gaarreeniin marfamuu isheerrayyuu maqaa ' Roof of Africa / Baaxii Afirikaa/' jedhamuunis ni beekamti. Kunis kan jedhameef sababa teessumni lafa ishee dirree galaana irraa magaala Kolombiyaafi Kuweetitti aanuun magaalota addunyaa kana irraa lafa olka'aa irratti argaman keessaa sadaffaa ishee taasiseefi."Jechuun barreesseera.( Irranaa 2019 : 33)

Barruu kana irraa akka hubannutti dacheen Finfinnee kun magaalaa gaarreeniin marfamte qofa otoo hin taane haala teessuma lafa ol ka'aa irratti argamuu isheenis akka addunyaattuu magaala lafa argama isaaniin beekaman keessaa sadarkaa kan qabdu ta'uu ishee addeessa. Dabalataan Finfinneen biyyi sadan Daaccii biyya Hora jahan Waaqayyoo, biyya Tulluu saddeettan Waaqqaa jedhamuunis beekamti.

Horri jahan Waaqaayyoo jedhamanis:

- ✓ Hora Arsadii
- ✓ Hora Kiilolee
- ✓ Hora Hadhoo
- ✓ Hora Finfinnee
- ✓ Hora Warxoofi
- ✓ Hora Erer yoo ta'an;

Tulluuwwan Saddeetan Waaqaa ammoo:

- ✓ Tulluu Cuqqaalaa
- ✓ Tulluu Erer
- ✓ Tulluu Furii
- ✓ Tulluu Galaan ( Muxxee Galaan )
- ✓ Tulluu Waatoo Daalachaa
- ✓ Tulluu Fooyataa
- ✓ Tulluu Hococaafi
- ✓ Tulluu Eegduuti.

(Alamaayyoo 2014 : 122 ) Sirna Gadaa Oromoo Tuulamaa

Barreefamni armaan oliis akka ibsutti araddaan Finfinnee dachee Orommota biratti dachee seenaafi seeraa akkasumas lafa qabeenya duudhaaleen waaqeffannaafi sirni Gadaa Oromoo itti gaggeefamaa ture araddaa Hora Jahan Waaqaayyoofi Tulluu Saddeettaan Waaqaa ta'uu ishee addeessa.

Akkasumas Dacheen qe'ee ilmaan sadan daaccii ganamaa kun qabeenya bishaaninis kan badhaate akka turteefi lageen gurguddoo kanneen akka: Haqaaqii, Qabanaa'aa/ Qabbannaa/, Gafarsaafaa, yoo ta'an Gafarsi yeroo ammaa kana illee madda Tajaajila bishaan dhugaatii magaalittii ta'ee tajaajilaa kan jiru yoo ta'u golli Finfinnee laggeen xixiqqaa kanneen akka: Labuu, Lakkuu, Malkaa Qamalee, Malkaa Qurxummiifi kanneen biroos niqabdi. Seenaa lageen kanaa Irranan yoo ibsu; Lagni Qurxummi laga yeroo ammaa kana riqichi Abbaa Malaa irra jiru yoo ta'u yeroo ammaa kanas 'Haptegoorgis Dildiyi' jedhamuun waamamu yoo ta'u Lagni Qamalee ammoo laga yeroo ammaa riqicha Tafarii Mookonnin /Tafarii Mokoonnin dildiyi/ jedhamuun waamamudha. Aaraddaan Finfinnee teessuma lafaa mijaahaafi qabeenya uumamaan kan badhaate dachee Waaqaafi namaan eebbifamtee jiituu, simboo qabeetti haala qilleensaa tasgabbaahaafi filaatamaa sa'aa namaaf mijooftuu taate; teessuma lafaa diriiraa bu'aa bahiin tabbaafi suluulaa kan itti hin baayanne ta'uun bareeddee uummate taatus faallaa kanaan ammoo sababa hundeeffani magaalitti samichaafi weeraraan ilmaan ishee irraa ari'atanii dachee sana irra qubachuun weerara gita bittaan jarjaraafi hannaan ulaagaa magaali ittiin hundaa'uun kan hundoofte otoo hin taane magaalaa Oromoota qeheefi qabeenya isaanii irraa buqqisuun loltootaafi firoottan Minilik qubsiisuun ijaarsi ishee babal'ate waan taateef ijaarsi manneeniifi gamoowwan dachee isheerra qubatan kallattii, bakkaafi akkaataa ulaagaa magaalli addunyaa kanaa qabduu itti bochamtun dorgomuu kan danda'u akka hin taaneefi hedduu fooyya'uus akka ishee barbaachisutu himama; irraas argama. Walumaa galatti haalli teessuma lafa ishee akkasumas haala qilleensaa mijataafi kennaa qabeenya uumamaa albuuda, lageen gurguddoofi malkaawwan xixiqqaa bishaan taliilla ta'e qaban; horaa finfinnee sa'aa namaaf daawwaa ta'e akkasumas dachee bosonaan badhaate sugaafi soora qalbii ta'een kan badhaate akka turte maddoonni seenaa dhugaa bahan dabalatatti bakkeewwan lageeniifi malkaawwan ishee turan harra illee bakka gataa balfaafi xuriin guutamanillee bakki isaanii ni jira. Lageen Finfinneen qabdu muraasa isaanii irraa kan hafe yeroo ammaa kana malkaawwaan dabaltee gataafi kuusaa balfaa ta'uun xuraahaa magaaliittii keessaa manneen jireenyaa akkasumas warshaaleefi industirii adda addaa keessaa makfaman fudhatanii gara jiraattoota Oromiyaa naannaawaa magaalittiitti argamanitti geessuun lageeniifi burqaalee itti makaman foolii badaafi summiin faaluun jiraattota irraan miidhaa guddaa geessisa. Summaa'uufi faalamuu bishaan sanaa irraa kan ka'e oomishni biqiltuu bishaan sanaan oomishamu akka badu, loon naannoo sanaas bishaanicha dhuguuniifi foolii qilleensa faalamaa achi irraa madduun kan dhumanifi fayyaa namaafi qabeenya jiraattota

kanaa irratti miidhaa geessisuun madda rakkoo ta'uun komatamaa tureera.Amma yeroon qorannoo kana gaggeessaa jirutti Kantiibaan Magaalaa Finfinnee Obbo Taakkalaa Uummaa, gaaffiifi deebii dhaabbata TV OBN waliin taasisaniin dhimma kana irratti furmaata gaarii kaahuuf piroojeektii Lageen Shaggar Misoomsuu jedhuun hojiin hojjetamaa jiraachu ibsaniiru.Hojiin misooma lageen Shaggar Kun haala ibsame kanaan yoo hojiirra oole rakkoolee sababa kanaan uumamaniif furmaata waaraa ta'a jedheen tilmaama.Bosonni dur naannoo kana tures Yeroo Minilik dachee kana gabroomfatetti qoraaniifi ijaarsa manneenni loltoota Minilik bakka sana qubataniin sanyiin mukeen sanaa akka lammata deebi'ee hin latnetti hiddaa isaallee otoo hin hambisiin buqqisanii akka balleessan kitaaba seenaa Orommoo hanga Jaarraa 20[ffaa] keessatti bal'inaan ibsameera. Gabaabumatti hundeeffamni magaalitti Oromoota qe'ee irraa buqqisuufi garee kan biraa ammoo bakka sana qabsiisuun kan eegalameefi hanga ammaattis itti fufaa jiru kun hala kanaan ulaagaa magaalli akka ishee guutuu qabdu ishee dhabsiiseera. Ulaagaa magaalummaa guuttattee yoo miidhagdes Finfinneen abbaadhuma ishee waliin bareeddi!

### 1.7.2. Karra Finfinnee Shanan

Finfinneen karra gurguddoo shan qabaachuun beekamti. (Luba Tafarraa 1999: 3) Maqaan karra Finfinnee shanan kunis kan moggaafaman erga Finfinneen magaalaa taatee osoo hin ta'iin, yeroo Oromoon abbaa biyyaa, abbaa qe'eefi abbaa horaa irra jiru kan moggaafamedha. Dur osoo horri Finfinnee araddaa ishee waliin saamamee qabiyyee warra Minilik ta'ee daangaan itti ijaaramee; maqaanis juijjiiramee' Fil Wuhaa' hin jedhamiin dura, Horri Finfinneefi naannoon ishee bakka walgeettii Oromootaa akka turte seenaan ni ibsa. Sababni isaas Horri kun Araddaa Irreessaati. Itti dabalees faayidaa horri looniif qabuun Oromoon Finfinneefi naannoo sana ture loon isaa bakka adda addaa irraa fiduun hora kana obaafata ture. Dabalataan Tulluun Daalattii ammoo bakka Oromoonni Jila Sirna Gadaa itti bahan waan tureef hidhanni Oromooni Hora Finfinnee waliin qaban cimaadha. Sababa moggaasa karra shanan Finfinnee kanas Irranaan yoo ibsu, yeroo sanatti lafti naannoo horaa sun bosonaan kan uwwifame waan tureef kallattiiwwan isaa hubatanii keessa imaluuf rakkisaa ture. Kanumarraa ka'uun Hora finfinnee irraa kallattiiwwan shananiifuu maqaa akka moggaasan addeessa.

1.Karra Qirixii (Karra gara Kaabaatti Geessuu)

2. Karra Qoree (Karra gara Jimmaatti geessu)

3. Karra Alloo (Karra gara Walloo Geessuu)

4. Karra Qaalluu (Karra Qaallitti) / Karra gara Bishooftuu geessuu/

5. Karra Gafarsaa (Karra gara Ambootti geessu/

(Luba Tafaraa 1999: 3)

### 1.7.3. Hundeeffama Magaalaa Finfinnee

Almaayyoo(2008:363) akka ibsutti, Wayita ammaa kana Finfinneen magaalaa guddoo Oromiyaafi teessoo Mootummaa Naannoo Oromiyaa, teessoo Mootummaa Federaalawwaa Riphaabilika Itoophiyaa akkasumas magaalaa muummee Afirikaati. Itti dabalees bakka argama jaarmiyaalee Mootummoota Gamtoomanii itti argamaniifi teessoo Imbaasiiwwan biyyoota adda addaa itti argamaniifi giddugala daldalaa, siyaasaafi dipiloomaasiin addunyaa itti adeemsifamudhas.

Hundeeffama magaalaa kanaa ilaalchisee Irranaan (2019 :19) "Finfinneen magaalaa kolonii Nafxanyaati.Dhiiga ilmaan Oromoo dhangalaasuun, lafee isaaanii caccabsuun lafa Oromoorratti hanga meeshaalee ijaarsaatti, qabeenyi uummata Oromoo ijaaredhas. Durduriin Finfinnee ganda qonnaan bultootaati malee magaalaa hin turree."Jechuudhaan ibsa. Waraabbii armaan olii irraa akka hubannutti hundeeffamni magaalaa lafa ilmaan Oromoo irratti qabeenya isaaniin kan ijaaramte taatu illee hunddeeffama magaalaa kanaa irraa ilmaan Oromoo gaddaafi gadadoo malee gaarummaa akka irraa hin arganne fuula ibsame kana irratti bal'inaan ibseera. Araddaa Finfinnee amma magaalaa taate kun hundeeffama magaalittiin dura lafa safuu, aadaafi duudhaa Oromoo ganamaati. Araddaa muudaa, bakka yaa'ii Gullaallee, arddaa Hora Finfinnee loon Oromoo irraa hora dhuganiifi malkaa irreessaa akka barruuwwan seenaas ta'e hayyoonni dhugaa bahu. Magaalaan Finfinnee kan hundoofte bara 1886 (1879 A.L.I)tti. Finfinneen bara mootii Minilik magaalaa guddoo otoo hin ta'iin dura ganda Oromoo akka turteefi duras Oromoonni irra jiraachaa akka turaniifi handuura Oromota gosa Gullallee ta'uu isheefi Finfinneen Addis Ababaa jedhamuu isheen dura Finfinnee jedhamtee waamamaa akka turteefi maqaan Finfinnee kunis huneeffama magaalaa kana booda akka itti moggaafame ibseera. (Kidaanuu2019: 7)

"Hundeeffama Magaalaa Finfinneen walqabatee carraafi faayidaa Uummaata Oromoorratti akkasumas hubaatii aadaafi jireenya isaarra ga'aa ture kan keessatti ilaalludha. Kana malees

hundeeffanmi magaalaa kun garee tokko kan araddaa isaarraa buqqiseefi kan boochise yoo ta’u garee biraa ammoo injifataa godhee gammachuun akka uummatarratti roorrisu godheera.” (Seenaa Oromoo Hanaga Jaarraa $20^{ffaa}$ 2016:363)

Finfinneen magaalaa guddoo biyyatti taatee hundeeffamuu isheetiin dura qabiyyee Oromootaa taatus magaalittiin kan abbaa biyyaa hammatte otoo hin taane kan Oromoon abbaan biyyaa irraatti du’ee, salphatee irratti qaanaa’ee boquu isaa cabsee aadaafi qabeenya isaa itti dhabedha.Magaalaa hundeeffama ishee irraa jalqabdee abbaan manaa akkayii dhabee ala bulee keessummaan gola ishee keessaa itittuu dhugee buluun hundooftedha.Magaalaa ilmaan Oromoo roorroon buqistee, boossistee, beelessitee, daarsitee halagaa biyyarratti goobsitee hundoofte akkasumattis guddatedha.“ Minilik gaara Xuuxxoo (Dildila ) irraa waggoota 12 caalaa erga jiraatee booda naannoon sun jiraattota haaraan dhiphachaa waan dhufeef dhawaata gara Gullalleetti babal’achuu eegalani. …” (Alamaayyoo 2016:338) gadi bu’ee naannoo hora Finfinnee qabatee masaraa itti ijaarratee teessoo mootummaa biyyoolessaafi magaala guddoo Itoophiyaa jedhamte. “Finfinneen yoo hundooftu gandoonni ishee waliin hundeeffaman: Daalattii, Araadaa, Qeeraa, Dajjaazmaach Wubee, Awwaaree, Sarraatanyaa safar, /Gaattiraa/fi Qabbannaa qofaatu magaala ture malee iddoowwan hafan marti baadiyyaafi lafa qonnaa turani.” (Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa $20^{ffaa}$; F 388)




**Fakkii 1: Kaartaa daangaa magaalaa Finfinnee yeroo dura hundoofteefi erga babal'attee**

### 1.7.4. Hora Finfinnee

Ka'umsa moggaasa maqaa magaalaa Finfinnee ilaalchisee hayyoonni adda addaa yaada kennaniiru.Isaan keessaas, kitaabni 'Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20ffaa' "Finfinneen maqaa horaati. Horri kun iddoo amma Filwuhaa jedhamee beekamutti kan argamuufi maddi isaa humna guddaa qabuun waan akka bishaan motoraan darbatamuu waan ol finiinuuf kanarraa ka'uun maqaan Finfinnee kun kennameef, jechuun ibsa (Alamaayyoo 2016; F 365)

Dabalataanis Lubni Tafarraan, "Moggaasa maqaa Finfinneef sababa kan ta'e horri Finfinnee, yeroo bakka jireenyaa ilmaan Tuulamaa humnaan irraa hin buqqa'iin dura bakka garaa garaa dhaabatanii yeroo ilaalan aaratu olfiniina ture. Horri kunis kan namni tolche otoo hin ta'iin uumamaan kan jirudha; moggaasni kun illee haala uumamaan mul'atu kana waliin walqabata." Jechuun ibsa ( Luba Tafarraa 1999: 3) Yaada barreessaa kanaa irraa akka hubannutti Horri Finfinnee kun ofuma isheeyyuu maqaan 'Finfinnee' kan moggaafameef ho'a burqaa bishaanichi qabu irraa kan ka'e aara ykn hurka madda sana irraa ol finiinuun yoo ta'u araddaan ykn lafti Finfinnee ammoo maqaa hora kanaan akka moggaafamte agarsiisa. Qabiyyee lafti horaa kun qabatee ture ykn lafti horri kun bakka burqaan isaa irraa finiinu Finfinnee / bakka amma Fil wuhaa/ jedhamuun beekamu irraa ka'uun hanga Basaqaa (Haqaaqii ammaa) hanga gahutti lafti

jiru ardaa horaa ture. Ardi horaa kun laga Qabbanaahaan walqabatee hanga lafa Boolee Bulbulaa jedhamee waamamu hundatti walitti fulla'a ture. Oromoon Tuulamaa abbaa araddaa kanaati. Bakki kun utuu magaala hin ta'iin dura lafa qonnaafi margaa kan ture yoo ta'u; kan kanarraa hafe lafa bosonaa magariisaan qabame akka ture ibseera. (Kidaanuu 2019;F 34)"Finfinneen dur Oromoota maraaf araddaa muudaa yoo taatu kanas faaruu jilaa Oromoo Booranaa keessatti yoo ibsan akkana jedhu.

Muudni keenya Finfinnee

Finni Waaqaa jaallee

Maklaa jabduun bullee

Jaalalaan ofkallee; jedhu. Faaruun kunis kan mulisu uummanni Oromoo aadaa walitti hidhannoo Araddaa Finfinnee kan mulisudha. Oromoota Tuulamaa biratti Finfinneen Araddaa Irreechaas turte."Jechuudhaan ibsameera. (Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20ffaa 2016 ;F364)

Gosoota Oromoo Tuulamaa Araddaa Finfinnee irra turan keessaa Hora Finfinnee argatee dursa saaqee akka irratti abboome kan himamu gosa toorban Oboo keessaa Gullaleedha. Gullalleen kun mana gurguddaa lamatti kan qoodamu yoo ta'u mana Aabbuufi Mana Beerooti. Manni Gullallee kuni lamaanis balbaloota kudhan qabu.

Gullallee Mana Beeroo: Raasoo, Fulleellee, Dhaayee, Sayyoo,Arreellee yoota'an Gullallee Mana Aabbuu ammoo: Yooyyuu, Oliyyee, Mangullallee/ Fittaal/ Kuraabuu fi amuumaa jedhamuun beekamu.Mana Aabbuu shanan keessaa ammoo Hora kana dursee kan saaqe Mangullalee /Fittaal/ yoo ta'u Fittaalis hangafa isaa Aabbuu waamuu eebbaaf afeere ykn hora kana akka eebbisu taasise. Aabbunis akkas jedhee eebbise.

"Finfinneen Meendhacha kee yaa taatu

Namaafi sa'a itti hori

Kan dhaloonni kee itti horu siif yaa ta'u

Gostiifi hambi yaa dhugu

Loon itti yaa horani

Qorsayaa ta'u

Namni itti yaa fayyu

Loon itti yaa gabbatu"

Kan dhukkubsate itti yaa fayyu !Jedhee eebbise jedhama. (Alamaayyoo 2016; F 367)

Horri kun bakka walgeettiifi qabiyyee ilmaan Tuulamaati.




Fakkii 2: Naannoo Hora Finfinnee bara 1892 (The Hot Spring now named Filwuha in 1892)

Maddi Toora Marsariitii

*Finfinneen lafa bosonaafi dhagaa qarsaa qabduufi gara gadiin ammoo lafa ciisaa dhaqdhaqiidhaan marfamte turte.Horri Finfinnee dur bosonaan waan marfamtee turteef araddaa miidhagduufi hawwisiistuu turte jedhu.Oromoonni naannoo Finfinnee jiraatanis loon isaanii qabachuun baatii Onkoloolessaa hanga Muddeetti godaanuun hora obsaa akka turan himama. Yeroo booda magaalli erga irratti hundooftee booda jireenyi nama tokko tokkoo*

*jijjiiramaa waan dhufeef magaalli irratti babal'atee; hora ta'uun ishee hafee iddoo namoonni qaama itti dhiqataniifi itti bashannana taate.(*Alamaayyoo 2016 ,F 365)

### 1.7.5. Hidda Latiinsaafi Qubsuma Oromoo Tuulamaa Finfinnee Keessatti




**Madda**; "Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa" fi "Sirna Gadaa Siyaasa Oromoo Tuulamaa"

Oromoon Tuulamaa Gosoota hedduu Oromoon qabu keessaa tokko yoo ta'u innis dameewwan gurguddoo sadii qaba. Isaanis: Daacci, Bachoofi Jiilleedha. Qubsumaafi hidda latiinsa ilmaan Tuulamaa,kitaabni Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16[ffaa] akka ibsutti,

*Qabiyyee Tuulamaa kan jedhamu Kibbaan Haroo Danbal (Zuwaay) deebi'ee Kaabaan hanga Walloo ga'utti kan diriiru.Kibba Bahaan ammoo Arsiifi Karrayyuun daangeffama. Lixaan immoo hanga qabiyyee gosa ilmaan Liiban Maccaatti (Walisoo, Ammayyaafi Kuttaayee) Tuulamatu qubatee jira.Kaabaan qabiyyee isaanii ammaa dabalatee kan yeroo ammaa naannoo Amaaraa keessatti daangeffame dura qabiyyee Tuulamaa akka ture himama. Kunis Darraa Boorana Wallo keessa jiruufi hanga Kibba Walloo Arxummaafi Jiillee ga'utti biyya diriiree jirudha.* (Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16[ffaa] 2012 : 184 )

Qubsuma ilmaan Tuulama tokko tokkoon adda baasnee yoo ilaalle ammoo Tuulama sadeen keessaaSadan Daaccii kallattii garaa garaan qubsumni isaanii Finfiinnee akka ta'e ragaaleen seenaa adda addaa ni addeesu. Ilmaan Tuulama Sadan Daacciii keessaa Galaan hangafticha akka ta'e himama.

**Galaan –** Qubsumni Galaan Kibbaan Tulluu Cuqqaalaa dabalatee malkaa Hawwas irraa ka'uun gara Kaabaatti hanga walakkeessa Finfinneetti biyya jirurra qubateera.

**Oboo –**Oboon qomoo Daaccii keessaa keessaa bal'inaafi tamsa'inaan Galaanitti aanee isa beekamaa yoo ta'u mana 7fi balbala 27 qaba jedhamee beekama.Torban Oboo keessaa hangafti Gumbichuu yoo ta'u, itti aanee Gullalleedha.

**Gullallee –** Gullalleen mana Oboo keessatti balbala hedduu kan qabu yoo ta'u qubsumni isaas "Yaayyaa Gullalleen walqabatee laga Mogor gara mirgaatti Muloofi Gumbichuu keessa kutee Finfinnee keessa qubatee jiraata. "Jechuudhaan lafti amma magaalli irratti hundoofte akkasumas Horri Finfinnee qabiyyee isaanii ta'uu ibsa.

**Eekkaa –** Toorban Oboo keessaa tokko yoo ta'u Eekkaan Galaan gidduu galaafi Gullalleedhaa gara Baha Finfinnee; Laga Qabbanaa'aa qabee gara Bahaatti hanga Gumbbichuufi Jidda gahutti qubatee jiraachaa akka ture addeessa. (Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa 2016 : 187 )

Waraabbii armaan olii irraa akkuma hubannuutti lafti Finfinnee kun keessii ishee akkasumas daangaan ishee illee qubsuma ilmaan Oromoo akka turteefi Horri Finfinnee amma abbaa kan biraa godhattee daallaan itti ijaaramee hora ta'uun ishee seenaa ta'e kun abban malkaa gosa Oromoo Gullallee akka turan ibsa. Dabalataan araddaan amma fooliin Oromummaa irraa haqamee bifa amma irraa calaqqisu qabatte kun qabiyyee Oromoo ganamaa akka taate dhoksaa tokko malee ragaa baha.

Akkasumas gosti Eekkaa kun mana bebbeekamoo sadii: Koonnoo, Akaakkoofi Madaroo yoo ta'an sadeen kunis mana xixiqqaa kanneen akka: Eekkaa Doddee, Qarsaa, Boolee, Gawwaasaafi kanneen biroos akka jiran himama. Dabalataanis kallattii qubannaa Oromoo Finfinnee keessaa ilaalchisee Kidaanuun yoo ibsu, "Akkaataa qubannaa gosoota Oromooo kanaa Horaa Finfinnee irra dhaabannee yoo ilaalle; gara olaanuun Gumbichuu- 4n, gara Bahaan (Laga Qabbanaahaa) gamaan Eekkaa-3n, gara Kaaba Dhihaan Gullallee -10n, gara Kibbaan (Boolee qabatee qubatee kan jiru) Galaan -6n. Finfinnee kana qubatanii kan jiran ilmaan Daaccii Tuulamaa yoo ta'an

abbaan araddaa kana garuu Oboo-7n keessaayyuu Gullallee-10ni" ( Kidaanuu 2019; F38) Baarruu armaan olii keessatti akkuma ibsametti araddaan Finfinnee qabiyyee fi lafa qubsuma ilmaan Oromoo ganamaa akka taate addeessa.Walumaagalatti dacheen Finfinnee qubsuma ilmaan Oromoo ganamaati. Handhuura Oromiyaafi handhuuraa Oromootaa taatus erga yeroo Minilik dachee kana irra ejjetee ilmaan ishee kaan ajjeesee kaan booji'ee ergatee dachee isaanii irratti gibira harkaa nyaachaa harka muree, erga inni dachee kana buufata waraana isaa taasifatee Tuulama qe'ee isaa irratti ergamtoota waraana isaa taasifatee, warra finchilan qawwee kadhaadhaan argateen buqqisee qe'ee isaanii irraa fageessee qe'ee Oromoo dhaalee booda sirna mootii dhufa darbaa kamuu kan hanga yoonaa arginu keessatti dacheen kun dugda ishee ilmaan isheetti garagalchitee turte deebistee fuula ishee ilmaan isheef ibsuun miixuu itti ta'e;miixuu isheen hiikamuu dadhabdeen ilmaan ishee qaqqaaliin dhiiga isaasaaniin isheef hooddatu;kunoo hanga har'aatti ni hidhamuuf ni reebamuuf,lubbuu isaaniis mararfannaa tokko malee ni arjoomu! Aarsaan ilmoon haadha isheef arjoomtu ilmaan ishee itti waakkatanii hin beekani.Ta'us Kunoo hanga har'aatti takaallaa hamaan takaalamtee; harki ishee micciiramee ijoollee abbaa ormaa cooma murachiiftee booka unachiisti; ilmaan ishee xanneen yoo gaggaban harka diriirfachuuf harki ishee gabaabbatee otoo hin taane harki ishee kottaahee ija ishee imimmaan dhiisee dhiiga roobsu ija gaddaan isaan ilaalti; ijoolleen ishee ija booreefi ija xiiqiin keessa lapheefi dhibee ishee mil'atu. Dacheen Finfinnee haadha uffata bututtuu erbeen uffata ishee yeroo hedduu irra dedeebi'ee lilmoon erbamuufi miiccaa dhabuu isaa irraa kan ka'e eeyyummaafi bifa isaa jijjiirrate uffattee, gaddaan boquu ishee gadi cabsitee cuucii culullee hammattee ilmaan ishee gaaddisa dhabanii aduun isaan waxalee roobni irratti walfuruf gaddisa ta'uuf koochoo (koolloo) ishee ol qabachuu dadhabdee, ilmaan ishee dhiyoo jiranif haadha dhiyoo ; fagoo taatee gadditee riqaa gaabbii irra teessee ija xiiqiifi gaabbiin ilmaan ishee ilaaltu natti fakkaatti Finfinneen.

### 1.7.6. Moggaasa maqaalee gandoota Finfinnee duriifi ammaa

Moggaasa maqaa ilaalchisee Shifarraan (2016 :17) akka barreessetti, moggaasni maqaa bakka bu'aa namootni, beelladootni, wantoonni, bakkeewwan, kutaan hawaasaa, gaarreen,lageenfi kanneen biroos ittiin waamaman ta'ee, kan eenyummaan walqabatuufi kan hubatamuu danda'udha.

Oromoonis aadaa kam keessattuu maqaa kamiyyuu yoo moggaasu falaasama afaanii, xiinaadaafi dhimmoota dhala namaaf xiyyeeffannoo kennuun haala aadaafi hawwaasummaa qabuun ilmaan

isaafis ta'e sa'aa lafa isaaf maqaa moggaasa. Oromoonni abbaa araddaa Finfinnee turanis, falaasama akkasumas beekumsaafi muuxannoo qabaniin maqaa haala teessuma bakkichaan, qabeenya uumamaa lafiti sun qabduun akkasumas bakkeewwan ulfoo seerri gadaa Oromticha ganamaa itti gaggeeffamu kanneen akka malkaa irreeffannaa, bakka caffee jilaafi ardaa muudni itti raawwatamu irraa ka'uun maqaalee seenaafi hiikaa qaban moggaasee araddaawwan sunis ittiin beekamaafi ittiin waamamaa kan turan yoo ta'u, yeroo Oromoon dachee isaa kana irratti harka gabrummaatti kufuun kaan gabroomee kaan ammoo dirqamee irraa buqqa'ee miila fageeffatee deemee jalqabee, maqaan Finfinnees ta'e maqaan ardaalee ishee Oromtichi abbaa qabiyyee ganama isheef moggaase hedduun isaa maqaa hiikaafi dhama hin qabneen maqaa ishee molqamte. Akkuma warra ishee dhabdetti moggaasa ishee waliin saamamte!

Maqaalee gandootaa armaan gaditti tarreefaman kunneenis gandoota hundeeffama magaalaa Finfinnee dura turan akka ta'an Kitaaba Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20$^{ffaa}$ (2016:370) irratti ibsameera. Dabalataanisa maqaalee gandoota Finfinnee hundeeffama magaalan dura Oromoon ganma itti mogaasee ittiin waamaas tureefi maqaalee hundeeffama magaalaatiin booda adeemsa keessa jijjiiraman ka'umsa maddaodeeffanoo:(Seenaa Oromoo Hanga Jaarra 20$^{ffaa}$(2016 : F 370-377), Kidaanuu (2019: F28-31) Irranaa (2019 :109-118)fi (Toora marsariitii)wabeeffachuun haala armaan gadiin ibsamanii jiru.

**1.Hora Finfinnee** – Hora saawwan Oromoo Galaan arraabaa turan yoo ta'u, amma bakka Hospitaalli Zaawudituu jiru, lafa hurki ho'aa 'Filwuha'jiru sanaafi masaraa Pirezidaantiifi iddoo bashannanaa Giwoonfaa kandabalatudha.



**Fakkii 3: Naannoo Hora Finfinnee bara 1892 (The Hot Spring now named Filwuha in 1892)**

Maddi Toora Marsariitii


**2. Hurufa Boombii**- Bakka amma Jaan meedaa, Embaasii biyya Misraa,Mnni barusaa muuziqaa Yaareed(AAU)'fi qubsumni waraana mootummaa jiru kan dabalatu yoo ta'u, moggaasni maqaa Hurufa Boombiis dur yeroo biyyi nagaa dirree looniifi kottee duudaan oolan, jabboonni irra burraaqan waan ta'eef iddoo Boombiin dhoqqee loonii barbaachaf itti hedduummattu ta'uu isaan Hurfa Boombii akka jedhame dubbatama.

**3.Caffee Araaraa** – Caffeen Araaraa bakka amma Yuunivarsiitiin Kiiloo Jahaa (Siddist Kiiloo),Hospitaalli yekkaatiti 12 jedhamu dabalatee naannoo argamu yoo ta'u akkuma Uummatni Oromoon gaafa waan tokkoof maqaa baasu waa laalee mogaafatu iddoon kunis akkuma Dhakaa Araaraa laqfa itti araarri Waaqaaf jedhamee waliif taasifamu waan ta'eef warri abbaa biyyaa maqaa kana baasan jedhama.

**4.Dhummuugaa** –Dhummuugaan lafa amma ginfillee jedhamee waamamu yoo ta'u, manni gooticha Jeneraal Mulugeetaa Bulii naannoo Dhummuugaa jedhamu kana akka ture Kan himamu yoo ta'u maqaan Dhummuugaa kunis maqaa biqiltuuti.


**5.Keelloo Masqalaa** – Kun ammoo lafa amma Yuunivarsiitiin Kiiloo Afurii (4), Paarlaamaan, Bataskaanni qiddis Maarmii,Qiddis Sillaaseefi Baashaa Waldee chiloot jedhamu kan hammatu yoo ta'u manni Fiit awuraarii Ibsaafi Abbabaa Argaayi Bachareefaas naannoo kana ture.

**6.Tulluu Daalattii** – Bakki kun iddoo amma Masaraan Mootummaa Ministira Muummee, Mana amantaa Gabreelii, buufata Poolisii 6ffaafi mana amantaa Bahiitaad kan dabalatudha.



**Fakkii 4: Naannoo Tulluu Daalattii / Daalattii/ ykn Arat Kiiloo bara 1907tti**

Maddi Toora Marsariitii



**Fakkii 5: Naannoo Daalattii Hundeeffama magaalaatiin booda (now the Arat Kilo Palace)**

**7.Dhakaa Araaraa**- Akkuma maqaaa isaarraa hubachuun danda'amutti Dhakkaan Araraa bakka dur Oromoon Abbaanalangaa, nageenya jaalatu kun yoo waldhabdeen akka tasaa uumame nagaa buusuuf, bakka itti taa'ee rakkoo furudha.Maqaan bakka kanaas kanaaf Dhakkaa Araaraa jedhame. Iddoon kunis iddoo amma Fiit barr, Garaajii Poolisii, hoteelli Shaaraateniifi Hoteelli Hiilten irratti argamudh.Waggoota muraasaan dura gandi 'Dhakaa Araaraa Qabalee 20' 'jedhamaa akka ture namoonni keessa beekan ni idubbatu.

**8.Qarsaa** – Bakki kuni bakka amma Kaasaanchis, Maarshaal Tiittoo jedhamurraa kaasee hanga Xiyyit beet jedhamutti jirudha. Kaasaanchis jechi jedhu jecha Afaan Xaaliyaanii biyya koloneeffachuuf lammiilee qulqulluu gara-laafina tokko malee guyyaa tokko keessatti lubbuu hedduu fixan ta'us, maqaa abbaa biyyaa Oromtichi itti moggaasee ittiin waamaa ture caalee kabajaafi ulfina argatee tajaajila kennaa jira.

**9.Awwaaroo** –Awwaaroon bakkuma amma Awwaaree waamamu yoota'u, maqaa haaraa moggaafameef otoo hin taane maqaa jallifamedha. Maqaan Awwaaroo jedhamee beekamu kun magaalota Oromiyaa kannaneen akka: magaalaa Adaamaafi Amboo keessas ni jira.


**10**. **Hulluuqqoo Kormaa**– Bakki Kun bakka amma Masqal Addabbaabaay jedhamuufi Raas Birruu safar jedhamu kan qabatudha.

**11.Dalloo / Doloolloo Biddeenaa**/- Bakka amma Baqloo beet, Xamanjaa yaazhi, Gootaraafi Walloo safara ( Makkoodii) jedhamuun waamaman yoo ta'u bara weerara Minilik, gaangonni warreen weerartuu bakka kanatti kan sooraman yoo ta'u, looleewwan Oromoota humna qawween fixaa turan naannoo kana qubsiifamani. Lafti manni amantaa Isxifaanoos jirus Doloolloo Biddeenaa jedhama. Sababni bakki kun Doloolloo Biddeenaa jedhameefis, dur otoo Oromoon lafa kanarraa hin buqqa'iin dura imaltoonni bakka adda addaa irraa gara Finfinneetti imalan sababa akka jabana ammaa bishaan baattatanii deemuun mijataa hin taanetti bakka Doloolloo Biddeenaa kanatti aara galfachuun bishaan masaaqulaan waraaabbatanii galaa isaanii itti nyaatan waan ta'eefi.


**12.Dabbasoo** – Dabbasoon bakka amma giddugalli aadaa Oromoo jiru, naannoo Lagaharree,

13. Haada Hamaa – Bakka amma Teelee Garaaj, Manni amantaa Ceerqoos jedhamu jiru yoo ta'u hiikni jecha Haada hamaa jedhu kanaas gosa margaa loonillee hin nyaannedha. Haadni bifaan gara baala nuugiitti kan dhiyaatu yoo ta'u waktii Birraa naannoo lafa baddaatti kan beekamudha.

**14. Birbirsa Gooroo** – Bakki dur Birbirsa Yaa'ii Gooroo jedhamuun beekamu; bakka amma Piyaassaafi naannoo Araadaa Goorgiis bakka Charchar Godaanaa jedhamuun waamamu yoo ta'u, lafa yaa'iin Gullallee itti taa'amu ture. Lafa kaloofi bosonaas ture. Bara jalqaba Minilikiifi gargaartonni isaa Gaara Xuuxxoo/ Dildila/ irraa gadi bu'anii naannoo Hora Finfinnee qabatan sanattis loon qalmaaf qophaahan bakka kana tursiifatu turani; lafa gabaas akka ture himama.



**Fakkii 6: Naannoo Birbirsaa bara 1897tti (named Arada or Piazza in 1897)**



**Fakkii 7: Naannoo Birbirsa Gooroo Bara 1917 Odaa yaa'a Gullallee**

Naannoon kanatti Odaan Yaa'a Gullallee kan argamu yoota'u bakka Gullalleen yaa'ii itti gaggeeffatu akka tureefi bakki odaan sun ture yeroo ammaa bakka siidaan Minilik dhaabate akka ta'e toorrii maarsariitii Kichuu. Com ni ibsa. Dabalataanis naannoon kun bakka yeroo ammaa kana akka wiirtuu Finfinneetti ilaalamuufi bulchiinsi magaala Finfinnee itti argamuu dablatee bataskaanni Goorgisii itti argamudha. (Ahimed 1987:33) Naannoo Birbirsaa kanatti Weerara Minilikiin dura Misiyoonota Kaatolikii gara sana dhufan Oromoonni achi turan gargaarsa obbolummaa waan isaaniif taasisaniif isaanis mana ijaaruu akka jalqabaniifi sooressi naannoo kana jiraachaa ture maqaan isaa Sarawwaa jedhamu mana isaaniif kennee akka tureefi Misiyoonni kuniin naannoo sanatti bataskaana maqaa "Misiyoonii Finfinnee" jedhu hundeessuun socho'aa akka turaniifi yeroo Minilik warra Gullallee irratti duulchisee kaan du'anii kan humna qabu baqatee deemetti daa'immaniifi dubartoonnii gara bataskaana kanaatti baqachuun kooluu akka galan maddoonni seenaa ni ibsu.

**16.Waddeessa** –Waddeessi bakka amma Ataakilt Taraafi Xaaliyaan Safar jedhamuun beekamudha. Sababni Xaaliyaan Safar jedhameefis bara weerara Xaaliyaanii, Xaaliyaanonni bakkicha buufatanii waan turaniif akka ta'e himama.

**17.Maaramaa Birbirsaa** – Bakki kun bakka amma bataskaanni Goorgisii jiru yoo ta'u Tafarii Mokoonnini Guddisaas Mootii Moototа Itiyoophiyaa jedhee kan of muude mana amantaa naannoo kanatti argamuttidha. Dabalataanis iddoon kun dur bakka warri amantaa Kaatoolikii Mishinii turanidhas.

**18.Hurufa Raaree** – Hurufni Raaree bakka amma buufanni konkolaataa biyyoolessaa jiru yookaan 'Awutoobis Taraa'jedhamu, bakka amma Raas Ganamee safar jedhamuufi Addisuu Mikaa'el jedhamuun waamamu kan dabalatu yoo ta'u akkuma maqaa kanarraa hubachuun danda'amu dur lafa dhaqdhaqii jiidhinsiifi dhoqqeen itti baaya'atu waan ta'eef maqaan kunis mogga'uufi hin oolu yaada jedhutu jira.

**19. Sokorruu**- Sokorruun bakka amma Hospitaalli Amaanu'eel jiru, bakka barandaa midhaanii (Ihil barandaa), Massallamiyaafi Kowaas meedaa hammata.

**20.** Suluula Garbii – Kun ammoo bakka amma manni amantaa Takila Haayimaanotiifi Cid taraa jedhamee beekamu yoo ta'u Markaatoorraa gara Kibbaatti argama.

**21**. **Garbii –** Bakki Kun amma Sangaa taraafi Ambaxxaa Makkalaakayaa jedhamuun beekamudha.

**22. Baaroo Kormaa** – Baaroon Kormaa iddoo amma Gollaa Mikaa'el, Raas Tasammaa safar, Hosphitaala Xuqur Ambassaafi bakka waajjirri dhimma daangaa cehuu (immigration) waamamu kan hammatudha.

**23**. **Dachee Golbaa –** Bakka amma Addis katamaa jedhamuun waamamudha.

**24. Adaamii** –Adaamiin bakka amma bataskaanni Rufaa'el jedhamu jiru,Sameen Mazzagaajjaafi Sameen Tootaal jedhamaniifi naannoo ishee kan hammatudha.

**25. Dhidhimtuu /Diddiimtuu**/ - Lafti dur Dhidhimtuu jedhamee wamamaa ture kun bakka amma Shogolee jedhamuun beekamudha. Moggaasni maqaa kanaas Mootii Beeshaangul Gumuz kan turan Sheek Hojolee jedhamuun yoo ta'u kunis mootichi gibiraafi gabbara mootii Minilikiif kaffaluuf biyya isaanii irra gara Finfinnee yeroo dhufanitti ganda Dhidhimtuu keessaa manni keessatti boqatan kan isaaniifkenname yoo ta'u; akka qabiyyeettis hanga yeroo dhiyootti manni isaani akka tureefi moggaasni maqaa mootii Sheek Hojoleen mogga'ee ture kunis gara Shogoleetti jallifamee akka waamamaa jiru ni dubbatama.

**26. Qaalee** –Bakka amma "Askoo" Jedhamee beekamu yoo ta'u, sababni moggaasa maqaa ishee kunis bakka sanatti banamuu warshaa kophee "Askoo" jedhamuu irraa akka ta'e ni himama.

**27.Fiichee** – Fiicheen bakka amma dahannoo Xaaliyaanii (Xaaliyaan Mishig) jedhamudha. Fiicheen maqaa bineesaa irraa kan isheef moggaafame yoo ta'u magaalaan godina Shawaa Kaabaas maqaa kanaan waamamti.

**28.Burraayyuu –** Naannoo amma Burraayyuufi Gafarsa jedhamuun waamamudha.

**29. Harbuu Ireechaa –** Bakki Kun iddoo amma Raas Haayiluu Safar jedhamuun beekamudha.

**30. Garjii** –Garjiin ammas maqaadhuma kanaan kan waamamu yoo ta'u Boolee irraa gara Bahaatti kan argamudha.

**31**.**Burqaa Ejersaa** –Iddoo amma Inxooxxoo Kidaana Mirat jedhamuufi bakka amma Imbaasiin Faransaay irra qubatee jiruufi naannoo ishee kan dabalatudha.

**32.Baddaa Ejersaa** – Bakka amma Iyyasuus, Raas Kaasaa Safar jedhamuun waamamudha.

**33.Huruma** –Hurumni bakka amma Imbaasii Xaaliyaaniifi ganda Beellaa jedhamuun waamamu kan hammatudha.

**34.Haxxee Lalii** – Haxxee Lalii bakka amma Shiroo Meedaafi Inxooxxoo Maaraamiin jiruufi naannoon sun kan ittiin waamamu ture.

**35. Muujjaa** – Muujjaan bakka amma Shiroo Meedaa jedhamuun beekamutu ittiin waama ture.

**36**. **Waayyuu-**Bakka amma Qacanee Madaaniyaalam jedhamudha.

**37**. **Kaarra Qirixii** – Karri Qirixii bakka amma 'Balaayi Zallaqaa mangad' jedhamuufi Sameen baar kan dabalatudha.

**38. Burqaa Qorichaa** –Bakka amma Eekkaa / Yekkaa Mikaa'el Xabal jedhamuun beekamuu yoo ta'u lafa Imbaasiii Biriitaaniyaafi Magganaanyaa gidduutti argamudha.

**39.Harbuu Guddoo** –Harbuu Guggoon yeroo ammaa 'Gurdi Shoolaa' jedhamee waamamu kan yoo ta'u 'Harbuun Marii' ammoo naannoo yeroo ammaa Marii, CMC jedhamudha. Sababni Harbuu Marii jedhameefis dur Oromoonni naanno sana turan marii adda addaaf jalatti wal gahaa waan turaniifi. Yeroo booda garuu garuu harbuun kun boorataan (doozariin) akka buqqifameefi namniharbuu sana buqqises halkanuma sana du'ee akka buletu himama.

**40.Kotabee** – Bakki kun ammallee jecha duraanii irraa sagalee tokko jijjiiruun Kotobee jedhamuun waamama. Hiiknni maqaa kanaas jecha Afaan Oromoo 'Kotoba' jedhurraa kan fudhatame yoo ta'u hiikni isaas biyyoo diimaa jechuudha. Kotabeenis lafa biyyoo diimaa akka jechuuti.

**41**. **Dooqa Booraa** – Bakka amma 'Haayaa huletti Maazooriyaa' jedhamuun waamamu qabata.

**42. Bulbulaa –** Naannoon kun ammayyuu Bulbulaa jedhamuun beekama.

**43**. **Warra Ganuu** –Bakki kun ammas Warra Ganuu jedhamuun kan beekamu yoo ta'u; gandoonni maqaa kanaan wamamaa turan iddoo hedduutti argamu.Fakkeenyaaf bakki har'a Boolee Madaanaalamii jedhamus maqaadhuma kanaan wamama ture.

**44. Golboo**–Golboon bakka amma Marqoos, washaa qorkii (koorkii Fafirikaa), Qaallittii,Qeeraafi Goofaa jedhaman faa kan hammatudha.

**45. Lumee** – Bakka amma Bataskaanni Yooseef jedhamu jiruufi naannoo sana kan dabalatudha.

**46.Laaftoo Tumtuu -** Bakka amma Bunnaa Boordii jedhamuu beekamudha.

**47. Jaajaa** – Bakka amma Beheere Tsiggee jedhamu hammata.

**48.Tulluu Ejersaa**–Tulluun Ejersaa bakka yeroo ammaa Haannaa Maaram jedhamuun beekamudha.

**49.Tulluu Dheertuu –** Bakka amma Goofaa Safar jedhamuun waamamudha.

**50. Baaboo** –Bakki kun yeroo ammaa Addisuu Qeeraa bakka jedhamu kan dabalatuu yoo ta'u lafti waajjiraalee Oromiyaa ha'a jiran bakka maqaa kanaan waamama turani.

**51.Sammuu Gullallee** – Bakka amma Meettaa Daarichaa jedhamuun waamamu hammata.

**52**. **Caffee Muudaa**–Caffeen Muudaa bakka amma Manni Murtii olaanaa jiru (Lidataa) dabalatee; bakka Hospitaalli Dajjaazmaach Baalchaa Saafoo, manni amantaa Lidataa Jirudha.

**53**. **Harbuu Hurufaa** – Bakki kun ammoo bakka yeroo ammaa kana Gejjaa safar jedhamu, mana barnootaa Dajjaazmaacha Baalchaa, bakka warshaa omisha dhugaatii wayin xajjiifi kookaa kollaa dabalataf.

**54. Harawaa –** Bakki dur Harawwaa jedhamee beekamaa ture kun bakka amma oomishni haadaa /finyoo/ jiru (Qaaccaa Faafirikaa) jedhamu ni hammata.

**55. Calallii** –Bakki kun yeroo ammaa bakka Saarbeet jedhamuun beekamudha.

**56**. **Mardee** –Gandoonni Mardee jedhamuun waamaman kun bakka amma 'Aroogee Awuroopilaan maarefiyaafi bakka yeroo ammaa Zannaba Warqi, Midir xooriifi Raphii jedhamuun kanneen waamamidha.

**57.Bakkanniisa** – Bakki Kun har'as maqaadhuma Oromoon ganama moggaaseefiin waamamaa kanjiruddha. Jechi bakkannisa jedhu kuni maqaa mukaa yoo ta'u bakka tokko tokkotti

makkanniisa jedhamees ni waamama; sagaleen jalqaba jecha kanaa irratti jiramus garaagarummaa hiikkaa maqaa ganamaaf irratti fide hin qabu.

**58.Kolffee** –Kolfeeni bakkeewwan maqaan isaanii hin jijjiiramiin hafan keessaa ishee tokkodha. Haata'u malee yeroo ammaa kana gandoota adda addaatti qoqoodamtee jirti . Kunis kutaan bulchiinsa Addis katamaatti bakki yeroo ammaa ganda 18 jedhamuun waamamu dur Kolfee keessatti kan hammatamu ture.

**59. Labuu** –Maqaan ganda kanaa ammas Labuu jedhamuun kan beekamu yoo ta'u bakka Siga meedaa, Xoor safar jedhamus ni dabalata.

**60.Labuu Xarroo** – Bakki kun yeroo ammaa lafa maazooriyaa, Lukaandaa,Axanaa taraafi Faxinoo daraash jedhamuun beekamanis kan qabatudha.

**61. Bookee** - Bakka amma Beetel jedhamuun waamamudha.

**62. Malkaa Obooshee** – Naannoo amma Baambis jedhamuun beekamudha.

**63**. **Gawwaasaa** – Iddoo yeroo amma Jaakiroos jedhamudha.

**64.Madaaroo** – Madaaroon yeroo ammaa Ayyar xeenaa jedhamee waamama.

Jijjiirama maqaa gandoota Finfinnee kana Kidaanuun yoo ibsu, Gandoonni Finfiiinnee moggaasa maqaa amma ittiin beekaman kanan waamamuu kan jalqaban yeroo magaalittiin hudeeffamte irraa jalqabee otoo hin ta'iin bultii keessa ijaarsa masaraa Minilik booda jalqaba bara 1900tii kaaseeti.Sana dura moggaasa Oromoon ittiin moggaaseen waamamaa akka turan addeessa. (Kidaanuu 2019; F21) Maqaan gandoota Oromoon itti moggaase haqamee maqaa haaraan akka bakka bu'u kan taasifameefis sababaafi taataaeewwaan araddaa kanatti Oromoo irratti raawwataman deedduu waliin walitti hidhamiinsa kan qabanidha. Mogaasni maqaa gandootaa kun ta'iiwwan adda addaan moggaafamuu kan jalqabeefi hanga har'aattis moggaafamaa jiru yoo ta'es sababni jijjiirraa moggaasa maqaa kanaa seenaa abbaa qabiyyee araddaa kanaa kan ta'e Oromtichi dachee kana waliin qabu awwaaluudha. Kunis biyya tokko ykn naannoo sabni tokko irra jiraachaa ture keessatti; maqaan mukeenii, tulluuwwanii, haroowwanii, bakkeewwaniifi kanneen bakka sanatti dur ittiin waamamaa turan eenyummaa Saba bakka sana jiraachaa turee

dhoksaa malee dubbachuu waan danda'uuf maqaalee kanas hedduu isaanii duula tooftaalee adda addaan haquu yaalaniiru.

- ✓ Guutummaa guutuutti hiikaafi haala maqaa isa dura ture sana waliin wal hi qabanneen moggaasa isa duraa haquun kan biraan bakka buusuu yoo ta'u haala kanaanis gandoonni akkataa kanaan moggaasa haaraa argatanis hedduudha.

Fkn. Muujjaa - Shiroo meedaa

Hurufa Boombii - Jaan meedaa

Baddaa Ejersaa -Raas Kaasaa safar

Qarsaa Jabbii - Sabaattanyaa kanneeneen jedhaman dabalatee hedduutu jira.

- ✓ Sagalee ykn birsaga maqaa isa dura jiruu jijjiiruun ykn dabsanii waamuun ykn barreessuun maqaa haaraa hiika hin qabne akkasumas afaan isaan barbaadaniin hiika maqaa isa duraa irraa adda ta'een jallisuu.

Fkn. Eekkaa – Yekkaa

Kotoba - Kotebe

Bakkanniisa / Makkannisa/ - Makkanniisaa

- ✓ Maqaa dura Oromoon ittiin waamu hiika jechichi afaan biraan qabuun waamuu.

Fkn. Harbuu – Shoolaa, Harbuu Guddoo- Gurdi Shoolaa

Godaannisni Oromoon Finfinnee handhuura Oromiyaa taate kana waliin qabu keessa maqaan Finfinneefi gandoota ishee ganamaa irraa molqamuun marxoo ormi seenaa awwaaluuf irra buusu haguuggachuun ishees isa tokko. Walumaa galatti dhimmi jijjiirraa maqaa Fiifinneefi araddaalee ishee ganamaafi ammaa irraa barruu kana irratti kaasuuf yaale kun yaada dirree bal'aa qorannoo gadi fagoo gola afoola Oromoofi dachee Finfinnee nama sakattaasisu ta'a.

### 1.7.7. Abbootii Biyyaa Oromoo Finfinnee Durii

1. **Tufaa Munaa Jiloo**: Araddaa Baddaa Diilallaafi lafa isaa ol gara Kaabaatti jiru bulchaa kan ture yoo ta'u bakki kun seenaa Oromoofi Finfiinnee keessatti bakka seena qabeessa

akka ta'e himama. Tufaa Munaa, gosa Gumbichuu mana Guutoo keessaa kan beekameefi duree waraanaa ykn Abbaa biyyaa turan. Waraanni Minilikiifi Goobanaa cimaa waan dhufeef humnaa isaa madaaluun gara Liichee / Shawaa Kaabaa/ deemuun Goobanaaf yeroo galetti; qabiyyeen Gumbichuu Baddaa Diilallaa ykn Iinxooxxoo /Tulluu/Xuuxoo/gadi hin darbu ture. Haa ta'u malee mormiifi fincila Oromoota Gullallee booda hanga Hora Finfinneetti qabachuun hanga araddaa Gullalleetti akka qabate kitaabni Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20ffaa ni ibsa. Dabalataanis Seena kana haala armaan olitti ibsameen itti dabaluun Irranaan yoo lafa kaahu Tufaa Munaa hawaasa keessaatti maqaan isaa beekamaafi sibootaan illee hedduu kan faarfamuufi bishaan guddaan Gafarsaa yeroo ammaa kana madda bishaanii jiraattoota Finfinneef bu'uura jireenyaa ta'e illee, Gafarsa Tufaa Munaa jedhamee akka waamamu ibsuun sababoota adda adda irraa kan ka'e Tufaa munaa akka gootaatti fudhachuun ulfaataadha. Sababni isaas nama jalqaba Liichee deemuun mataa isaan Minilikiifi Goobanaaf gale ta'uu isaani . Faalla kanaan ammoo abbaan isaa Munaa Jiloo goota Minilikittii otoo harka hin kenniin du'e yoo ta'u; awwalchi isaa naannoo Suluula Wasarbiitti argama. Dabalataanis seenaa Gullallee keessatti gootni looltuu hedduu qabuufi Miniliikiin mormuun kan beekamu nama Tufaa Obaa jedhamuun beekamu yoo ta'u innis Tufaa munaa illee ofirraa ari'uun; Tufaan gara minilik dhaqee yoo himatu, Minilikis akka inni Daalattiirratti galu taasisedha. Gullallee keessattis maqaa isaatu hin faarfamiifiin malee Tufaa Munaa irra Tufaa Obaatu jabaa ta'ee mula'ata. Dabalataan Irranaan (2019: 87 ) "Akkan odeeffannoo argadhetti Tufaa Munaa diina lolarrattillee du'es miti jedhama.'' Jechuun yoo barreessus kitaabuma kana fuula 87 irratti garuu akkaataa du'a gootota Oromoo Tuulamaa sirna Minilikiif gabbaruu didanii falmatan itti wareegaman yoo ibsu, "Tufaa Munaa lola diinaa irratti du'e." jechuun barreessee jira yaadonni inni dhimma kana irratti barreesse lamaan kan walfaallessanidha.Yaaduma kana irrattii afgaaffii dhaabbanni OBN Qorattoota Seenaafi aadaa Oromoo waliin taasiserratti hayyoonni yaada kennan keessatti obbo Birruu Tsaggaayee, Tufaa Munaa Minilikiif hin gabbarru jechuun harka kennachuu diduun seera tumee labsii baasee "farad keetirraa kooraan hin bu'iin luugamni hin baafamiin'' jechuun lola labsee goota lola irratti du'e akka ta'e dubbatu. Seenaa nama kanaa irratti yaanni hayyoonni kaahan bakka itti wal faallessu waan qabuuf haala kanaan dhaloota dabarsuurra namoonni dhimma kana irratti wala qabatuun qorannoo gageessan

yaadota kana wal bira qabuun otoo xiyyeefannoon ilaalanii jechuun barbaade.Dabalataan Tufaa Munaafa faaruun armaan gadiis faarfamaa akka ture barreessaa Irranaan ibseera.

Cufaa koo cufaa koo

Cufaa jalan bulaa

Yaaleenca Gullallee

Dur sumayyuu abdannee

Tufaa koo Tufaa koo

Tufaa yaa ilma Munaa.

2. **Qajeelaa Danbii:** Araddaawwan bal'aa naannoo Birbirsa Gooroo ykn Araadaa Goorgiis kanaa Kan bulchaa turan yoo ta'u abbaan biyyaa Qajeelaa Dammoo ammoo abbaa waraanaa gosa Gullalleefi bulchaa araaddaawwan naannoo Sanaa turan.
3. **Guddataa Araddoo**: Abbaan biyyaa Kun gandoota Baddaa Diilallaatii gadi jiran: Addisuu Gabaa, mana barumsaa Balaay Zallaqaa, Teechoo, Diiddiimtuu, Adaamii Tulluu fi Rufaa'eel kan bulchaa turanidha.
4. **Guddataa Araddoo**Abbaan biyyaa Kun araddoota gara lixaa jiran fuula Birbirsa Gooroo irraa jalqabee Jamoo Furii, Daalattii, Rappii Labuufi qaraniyoo kan bulchaa ture yoo ta'u michuu ykn hiriyyaa Tufaa Munaa tures.
5. **Shabbuu Ejersaa**: Araddaawwan kanneen akka Boolee Bulbulaa, Boolee Arraabsaa, Boolee warra Ganuu dabalatee hanga ganda Haqaaqiitti bulchaa kan turedha.
6. **Soraa Lumee:** Gandoota Qaallittii irraa jalqabee Laaftoo dabalatee hanga jaatootti jiran bulchaa ture.
7. **Axaalee Jaatanii**: Bulchiinsi isaa Gafarsa irraa jalqabee hanga Taaxeq ykn dirree leenjiin waraanaa itti kennamu hunda kan hammatu ture.
8. **Galatee Ashatee**: Abbaan biyyaa kun ammoo gandoota Dabbasoo / Mashuwalakiyaa/ irraa kaasee hanga Dalloo/ Doloolloo/ Buddeenaatti bulchaa kan turedha.

9. **Duulaa Arra'ee:** Araddaawwan Keelloo Masqalaa /Arat Kiiloo/,Kaasaanchis , Awwaaroo, Tulluu Daalattii / bakka amma Masaraan Ministira Muummee jiru/, bakka manni amantaa Kaateederaalii Sillaasee Jiru bulchaa kan ture yoo ta'u bakki kun otoo Minilikk II n gaara Xuuxxoo irraa gadi bu'ee masaraa isaa itti hin ijaarratiin dura bakka Oromoon jila itti gaggeessu akka ture himama.
10. **Habeebee Tufaa Araddoo**:Qabiyyeen bulchiinbsa abba biyyaa kanaa laga Qabbana'aa /Qabbannaa/ irraa kaasee burqaa Qorichaa, Sadeen Eekkaa, Harbuu Guddoo /Shoolaa/, Warra abbaa Daadhii / CMC/ hanga Booleetti kan hammatudha.
11. **Dammoo Daadhii:** Boolee gara Kibbaa hanga Haqaaqii gahutti kan bulchaa turedha.

(Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20ffaa, 2016 :377- 379) (Kidaanuu 2019 : 49)

Dhimma abbootii biyyaa kanaan wal qabsiisee kitaabni Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20ffaa akka ibsutti abbootiin biyyaa kunneen walii walii isaanii mo'achuuf morkii gudda keessa akka turaniifi abbootii biyyaa kanneen keessaas dursee Minilikitti harka kan kennate Abbaa Biyyaa Tufaa Munaa akka ta'e ibsa.

Dhimma abbootii biyyaa Finfinnee bulchaa turan kanas yoo ilaallu daangaa isaanii babal'ifachuufi walirratti angooo qaban agarsiisuuf wal morkachuun isaanii, waliin ta'uun humna isaanii cimsatanii diina biyya weeraruuf deemu ofirraa ittisuurra adeemsi isaan dorgommii angoo gidduu isaanii jiru caalchisuuf deemaa turaniin Mootichi Minilik qaawwa isaaniin ittiin adda baasee Finfinnee handhuura Oromootaa handhuura masaraa isaa akka taasifatuuf isa gargaare.

#### 1.7.8. Tarkaanfii Weerartootaafi Fincila Diddaa Garbmmaa Oromoota Finfinnee

Humni gita bittootaa hawwiifi dheebuu saamicha lafaafi qabeenya ilmaan Oromoo kana irratti qabaniin yaalii weeraraaf yeroo adda addaa gaggeessaa turaniin ilmaan Oromoo hedduu ajjeesuu, qeheefi qabeenya isaa waliin gubuufi loon isaa saamuu gaggeessanis sababa cimina Sirna Gadaa Oromoo yeroo sana tureen tokkummaafi humna waraanaa cimaa qabaniin diina isaaniif otoo harka hin kennatiin xiiqiidhaan ofirraa faccisaa qaanessanii gara biyya isaaniitti deebisaa turaniiru. Weerarri araddaa Finfinnee kun yeroo Minilik lafa kana qabate kan jalqabe otoo hintaane mootiiwwaan sanaan dura darbaniin dhiibbaafi lolli yeroo gara garaa Oromoota kan

irratti aggeeffamaa akka ture ni himama; barreeffamees jira.Yaada kana Alamaayyoon haala armaan gadiin ibsa.

*Oromoo Tuulamaa irratti waraanni hadhaawaan kan gaggeeffame erga warri Manzee Oromoota Abbichuufi Galaaniinfira fakkaatanii itti dhiyaatanii ofitti makanii booda. Falmii bara dheeraa booda mootii Saahila Sillaasee (1813-1847) deeggarsaafi bittaa qawwee Awurooppaa irraa Oromoota Abbichuufi Galaanitti warri duraan firoomaan itti dhiyaate lolaan of jela oolche. Bara mootii Saahile Sillaasee kana duulaafi saamicha Oromoota Tuulamaarratti godhameen qabeenya guddaa hirachuun waan dan da'ameef sagantaa baafachuun waggaatti yeroo sadii Oromoota irratti saamicha gaggeessaa turani. Kunis yeroo baa'yee kan raawwatamu ji'oota Sadaasaa, Amajjiifi Eebila ture. Kunis kan ta'e waan sadiifi. Tokko yeroo oomishni oomishamee manatti galu waan ta'eef saamuuf. Lammaffaan ammoo lageen ni hir'atu waan ta'ee salphaatti socho'ufi. Sadaffaan ammoo yeroon kun yeroo wanti hunduu ibiddaan gubachuu danda'u waan ta'eef qabeenya Oromoo gubuuf akka tolutti. (*Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20ffaa 2016: 358)

Akka barruu armaan olii irraa hubannutti duulli ilmaan Oromoo kana irratti adeemsifame kallattiilee sadiin irratti karoorfamee kan hojjetamaa ture yoo ta'u kunis inni jalqabaa qabeenya isaanii saamuun humna isaanii qabeenyaan jabeeffachuu yoo ta'u; inni lammafaan ammoo Oromoo kallattii kamiinuu samichaanis waan isaan qaban qe'ee Oromoota kanaa waliin gubuun hiyyoomsuudha.Inni sadaffaan erga qabeenyaan of iijaaranii Oromoota walii isaanii walitti buusuun walnyaachisanii erga humni isaanii gama hundaan dadhabee to'achuu ture. Kunis Saahile Sillaaseen Abbichuufi Galaan Giddaafi Oborii Oromootuma gosa tokkoo balbalaan adda adda ta'an walitti buusuun Abbichuu ofitti qabuun Oborii, Yaayyaafi Gullallee rukuchuun haala kanaan Oromoota kan akka isaan wal bira dhaabatanii waliif hin lolle gochuun booda warra hafan boojuu jala akka galan taasise. Egaa haala adeemsa kana hordofuun mootonni Shawaa yeroo adda addaafi barootа adda addaa duula weeraraa walirraa hincinne bara 1690- 1897tti waggoota 207f dabareedhaan irratti walfuraa gaggeessaa kan turan yoo ta'u lola Oromoota naannoo suluultaafi Gullallee akkasumas meettaa irratti taasifameen lubbuun Oromoota 4,500 guyyaa tokko keessatti akka darbe kitaaba armaan olii kan keessatti ibsamee jira. Waraanni kunis kan gageeffame akaakayyuu Minilikiin yoo ta'u saamicha qabeenya loonii Oromoota Finfinnee ilaalchisee ammoo saamicha Fulbaana 1841 gaggeessaniin loon 14,042 (Kuma kudha afuriifi

afurtamii lama) akka saaman kitaaba kana irratti ibsameera. Kaayyoon duula kanaas qabeenya Oromoota kanaa saamuu, humna isaanii yeroo dhumatiif cabsanii daangaa isaanii babal'ifachuuf. Kanumatti fufuun bara 1873tti waraanni Minilik weerara Minilikiifi Goobanaan Finfinnee irratti taasisan gargaaruuf Walloofi Goondar irraa dhufan miindaan isaaniif kaffalamu waan hin jirreef Oromoota kanatti loltuun shan shan hiruun akka qallaban dirqamni itti kennamee loltoonni kunis yeroo oromoota kanatti kennaman mudhiin isaanii safaramee waan ta'eef turban torbaniin kormi qalameefi dhangaa gaariin qo'phahee akka nyaachifaman dirqamni itti kennamee ture. Baay'inni loltoota kanaas Gumbichuu Tufaa Munaaf loltuu dhibba lama( 200) Abbaa biyyaa Tiksee Jimaaf loltuu dhibba lama ( 200) Abbaa biyyaa naannoo Daalattii Duulaa Arra'ee innii Gullallee loltuu dhibba ja'ha ( 600 ) abbaa biyyaa Habeebee Tufaatti dhibba lama (200) fi kanneen biroofis akkasuma qooduun akka qallaban itti kennaman kun dirqama isaan nyaachisuu Oromootatti kenname kana biratti ammoo loltoonni kun amala addaa adaafi safuu hawaasa kanaa cabsuufi fudhatama hinqane: yeroo warri dhiiraa qe'ee hinjirretti dubartoota gudeeduu, horii ofii isaanii barbaadan qalatanii nyaachuufi loon dhaabataattii kukkutanii ajjeesuufaa raawwatu. Tajaajilla loltoota kanaaf kennamu hunda ilmaan oromootu isaaniif kenna.Kana irratti Obbo Ida'oo Boruu TV O.M.N. waliin gaaffif deebii taasisanirratti jara kanaan Oromoon 'Sidaama' jechuun akka waamu himani. Sidaama jechuunis kan nyatee hin quufne jechuu akka ta'e ibsu. Obbo ida'oon Akaakileenkoo sababa loltoonni kun halkan fardaaf okaa akka haaman yoo ajajan akaakilleen isaa kunis lafichi garbuu malee marga waan hin qabneef akkuma jarri ajajanitti garbuu isaanii faardaaf otoo haamanii ijji isaanii akka dhangala'e dubbatu.

Kanumaan walqabatee amalli gadheen loltoonni kun agarsiisan Oromoota tuulamaa keessaa Gullalleetti gidiraa ta'eera. Rakkoofi gidiraa loltoonni kun raawwatan jila abbootii Gadaafi abbootii biyyaa rakkoo kanaaf fala kennuufis, yaa'iin Oromoo waamame Tulluu Daalattii irratti kan taa'ame yoo ta'u kunis waraana Minilik dura dhaabachuuf sagalee tokkoon murtee yaa'ii akka armaan gadiitti dabarsani.

Koottu Dhufe

Dhufe

Akka ati dhufte toltuun biyyaaf haadhufu

Nagaan warraaf haadhufu

……………….

Tume seera

Tume seera

Seerri seera Gullalleeti

Seerri seera Tuulamaati

Seerri seera Abbootii Gadaati

Luugama fardarraa hinbaasiin

Meedhachi si harkaa hinbahiin jechuun murtii dabarsani.



**Fakkii 8:*Diddaa gabrumaa bulchiinsa minilikiifi roorroofi daba hidhattoonni isaa Oromoota iraan geessisan mormuudhaan Lola abbootiin Gaadaa labsan agarsiisu***

Mariin warra Gullallee kunis otoo guyyaan raawwii isaa hin gahiin gurra MInilikiifi Goobanaa waan gaheef Minilik humna loltoota isaa qindeessee erga itti qophaahee booda waraana cimaa ilmaa ilma wasiila isaa Mashashaa Seefuun durfamuun bara 1878 Oromoota Gullalleetti duulchise. Oromoon Gullallees qophaahee dura gore. Jarris Kiristaana waan taaneef nu fixuufi jechuun deeggarsa meeshaafi leenjii waraanaa warra faranjii irraa argataniin falmii gaggeessaniin Oromoonni hedduun wareegamuun kanneen hafan keessaa ammooo kanneen humna qaban gara

Arsii, kaan gara Karrayyuu, kaan gara Meettaafi Bachootti baqatani.Yaada kana Alamaayyoon yoo ibsu "Warri dadhaboon dubartiinni, maanguddoonnifi ijoolleen Kanneen qabaman ammoo garba akka ta'an fudhatamani. Kuun immoo mana sagadaa Kaatolikii Birbirsaatti argamu kan yeroo ammaa Charchar Godaanaa jedhamutti kooluu galani bifa kanaan araddaan warraa Gullallee adiyyootti hafe. Abbaan biyyaa Duulaa Arra'ee araddaa isaa Daalattiirraa ari'amee gara Qaallittiitti yoo ergamu gara Burraayyuutti ergamee Hoolotaafi Ejeree irraa akka lafa fudhatu taasimame. (Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20[ffaa] 2016 :361)

Walumaagalatti Oromoonni Finfinnee kun dacheefi qabeenyaa isaanii irrattii roorroofi dararaa hamaa dabarsaa turaniiru har'as haaluma kanatu calaqqisa.Oromoonnii diqamaan dhiibamanii sirna bulchiinsa Minilikiin qe'ee isaanii ganamaa irraa buqqifamanis haala armaan gadiin quuqqaa isaanii ibsachaa akka turan ibsama.

Inxooxxoo dhaabbatanii

Caffee gadi ilaaluun hafee

Finfinnee loon geessanii

Hora obaasuun hafee

Tulluu Daalattii irrati

Yaa'iin Gullallee hafee

Gafarsatti darbanii

Qoraan cabsachuun hafee

Hurufa Boombiirratti

Jabbilee yaasuun hafee

Bara jarri dhufanii

Loon keenyas hindhumanii

Erga Mashashaan dhufee

Birmadummaanis hafee

(Walda Yohaannisfaa 1986, F 101-102)

Uumatni Oromoos ta'e abbootiin biyyaa dur Finfinnee bulchaa turan wal morkachuufi angoof waldorgomuu dhiisanii tokkummaadhaan diina ofirraa faccisuu dhadhabuu isaaniin hanga harraatti dhimma Finfinnee irratti aarsaa hedduutu kaffalama. Irranaan abbootii biyyaa Finfinnee durii kana maqaa isaaniifi haala isaan itti du'an akka armaan gaditti ibsa.

- Tufaa Munaa Jiloo – Lola diinaarratti du'e
- Habeebee Tufaa Araddoo – summiidhaan ajjeefame
- Shummuu Mannaa - Man hidhaatti ajjeefame
- Guraaraa Lataa Gadaa – Hiraarsaan fannifamee ajjeefame
- Qajeelaa Dooyyoo – mana hidhaatti du'e
- Shabbuu Ejersaa- Harkaafi miila mummuranii ajjeesani
- Amantee Jaalataa – Xanneedhaan ajjeefame
- Marawwaa lumee - Reebamee / dhaanamee/ du'e
- Soraa Lumee- Gibira kaffaluu diduudhaan qanceedhaan dhaanamee du'e.

(Irranaa 2019; F86)



**Fakkii9: Adabbii Oromoota Irraan Gahaa Turame – 1890**

Maddi toora marsariitii Kichuu.Com

Akka maddeen seenaa ibsnitti Soraa Lumee gibira kaffaluu diduudhaan akka fakiin armaan olii agarsiisutti qanceedhaan reebamee du'e.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaan kun xiinxala barruuwwan afseenessaan walqabatudhiyeessuuirratti xiyyeeffata. Adeemsaafakka mijatu foklooriirraa kaanee afoola ibsuun yaala.Ittuma fufuunis gara dhimmaqorannichaa afseenessaattan darba.Boqonnichi akka walii galaatti kutaalee sadi of keessaa qaba.Isaanis: tokkoffaan yaadrimee dhimmoota afseenessaan walqabatanii dhiyeessuu, lammaffaanyaadxinoota qorannoon kun bu'uureffatee gaggeeffame dhiyeessuu yoo ta'u, sadaffaanqorannoolee dhimmoota mata duree kanaan walitti dhihaatan sakatta'uudhaan walitti dhufeenyaisaaniifi garaagarummaa isaanii ibsuudha.

## 2.1. Fookloorii

Fookloorii ilaalchisee hiikni murtaa'aan lafa kaa'ame hinjiru.Haata'u malee,kitaabotni addaaddaa waa'ee fookloorii hiika adda addaa lafa kaa'aniiru. Hiikni isaan kennan kun walfakkeenyaqaba.

"*Folklore is the social, material and oral culture of primitive societies. The socialculture comprises such forms as festivals, dances and religious rites. The materialculture comprises architecuture and art andcrafts. The oral culture includessongs, tales, legends, proverbs and riddles."( A. Isaacs, 1981: 457).*

Yaada kanarraa akka hubatamutti fookilooriin hawwaasummaa, meeshaalee hambaa fi afoolahawaasaa walii galaati. Aadaan hawaasa kanneen akka taphootaa adda addaa, shubbisa,hojiiwwan amantaa kan hammatu, meeshaan aadaa immoo, ogummaawwan ijaarsa garaagaraa fiakkasumas afoolli hawaasaa faaruuwwan, durduriiwwan af-seenaa, mammaaksa fi hibboo kan ofjalatti qabudha. Kana malees yaadni kanaan wal fakkaatu akka armaan gadiitti ibsameera.

"*Folklore in its broadest sense is the part of the culture, customs and beliefs ofsociety that is based on popular traditional. It is produced by the community andis usually transmitted orally or by demonstration. In addition to folklore andpoetry the principal subjects treated in this article, folklore includes arts andskills and music dance," (Encyclopedia American, 1995: 498).*

Waraabbii armaan olii kanarraa kan hubatamu fooklooriin yeroo bal'iffamee ilaalamu aadaa,barsiifataafi gochawwan hawwasa duudha beekamaa irratti kan hudaa'udha. Kan kalaqamus, hawaasumaanta'ee afaaniin dhalootaa dhalootatti kan daddarbu ta'uusaati.

"Every group together orby common interest and purposesweather educated or uneducated, rural or urban, possessed of traditions which may be called itsfolklore"(Melakneh 2006:8) ibsutti

Akka yaada barruu kanaatti, dhalli namaa hundi wantoota walitti isaan hidhan ykn wal isaanfakkeessan kan barates ta'ee hin baratiin, baadiyaas ta'e magaala qaamni aadaa walitti isaaniinhidhu fookiloorii jedhamuu akka danda'uudha. Kana jechuun hawaasni kamiyyuu waan isaanwalfakkeessu kan qabaniifi hawaasa barateefi hinbaratiin akkasumas, magaalaafi baadiyyaan kanhin daangeffamne ta'uu isaa mirkaneessa.

*"Folklore is informally learned, un official knowledge about the world, our selves,ourcommunities, our belief, our cultures, and our taditions that is expressed Creativel through words,music customs, actions, behaviors and materials. It isalso the interactive, dynamicprocess of creating, commnnicating and performingas we share that knowledge withother people." (Smiz, M.& Stephen 2005:12).*

Yaada oliirraa kan hubatamu, fooklooriin osoo itti hin yaadiin kan baratamu, beekumsadhaabbataa kan hin taane, waa'ee addunyaa, waa"ee keenya, waa'ee uummata keenyaa, waa'eeamantaa keenyaa, dhimma aadaa keenyaafi barsiifataa jechaan, muuziqaa, gochatti,amalaafi meeshaaleetti dhimma bahuun oguma (kalaqa) hawaasaa kan ibsudha. Dabalataanis,walittihidhaminsaafi raawwiin beekumsa waljijjiiruu keessa kan uumamaa deemudha.Fooklooriin duudhaa, aadaa, amataafi eenyummaa saba tokkoo kan ibsuudha. Yaada kana,Steven (1976:552) akka armaan gadiiti ibsa.*"Folklore is the traditional beliefs and customs of a communitypassed on by word of mouth,"*

Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti, fooklooriin duudhaa, amantaafi barsiifatahawaasa tokkoo afaaniin kan dhalootaa dhalootatti darbu ta'uu isaa agarsiisa. Kun ammoo,hawaasa hariiroofi eenyummaa wal fakkaataa qaban keessatti ta'uu isaati. Kanatti dabaluun,Oring E. (1986 :135) Dundes waabeffachuun akka ibsitutti,

*"*Folk can refers to any group ofpeople what so ever who share at least one comman factor. The common factors create asense ofcollective identity, so that any population with such a sense could be regarded as a fork," jechuudhaan lafa keesseetti.

Akka yaada olii kanarraa hubachuun danda'amutti "folk" jechuun garee hawaasaa kamiyyuu Ta'ee yoo xiqqaatee, xiqqaate waan tokko kan waliin qooddatan jechuudha. Waan isaan waliinqooddatan kun ammoo miira eenyummaa keessatti uumuu akka danda'u agarsiisa. Miirrieenyummaa kun dhuftee hawaasichaa, aadaafi amantaaf bu'uura ta'a. kanaaf gareen hawaasaa uumamu fookloo-riif bu'uura ta'a.

## 2.2. Gosoota Fookloorii

Fookilooriin gosoota gurguddoo afur qaba. Isaanis: Aartii Sochii Qaamaa, Duudhaa Hawaasaa, Meeshaalee Aadaafi Afooladha. Dorson (1972)

### 2.2.1. Aartii Sochii Hawaasaa

Aartiin sochii hawaasaa gosa aartii keessaa isa tokko ta'ee, ogummaan isaa sochii qaamaatiinkan mul'atuudha. Aart-iin sochii qaamaa sirba. Kunis, sirboota aadaa adda addaa sagaleefi sochiiqaamaa waliin dabaalamanii kan dhiyaatanidha. Aartiin kun sagalee qofaan ykn sagaleefi sochiiqaamaan qindaa'ee kan dhiyaatus ofkeessatti hammata.Sochii qaamaafi diraamaa ogummaa qo'atamuufi wantoota qo'ataman of keessaa kan qabuudha.

"*Folk performance refered as folklore in action.It creats mental image."Dorson.(1972),*akkayaada kanaatti aartiin sochii hawaasaa ennaa sochii qaamaatiin dhiyaatu sammuu nama keessatti fakkii wayii uuma. Walumaagalatti, aartiin sochii qaamaa tapha aadaa (ragada,dhiichisa, shaggooyyee, shubbisa, geelloofi kkf) fi ispoortii aadaa (gugsii fardaa, wal'aansoo,saddeeqa, sigigoo, furdudoo, utaalchaa/kaannaa, xiyyee, korboofi kkf) of jalatti qabata.

### 2.2.2. Duudhaa Hawaasaa

Inni kundamee fookloorii keessaa isa tokko ta'ee, meeshaalee aadaatiin baay'ee walitti dhiyaata. Dorson(1972:3) akka jedhutti duudhaan hawaasaa gochaafi ogummaa dhuunfaarrattixiyyeeffannaa kan itti godhu hariiroo (walitti dhufeenya) garee irratti. Ummata keessatti umriidheeraa kan lakkoofsiseefi hawaasni hundi itti waliigalee kan fudhateedha. Duudhaan hawaasaa ce'umsa sadarkaa (sirna gadaa, ateetee, dhaqna qabaa, fuudhaafi

heeruma…) qoricha aadaa, haalalakkoofsa baraa, jilaafi kabaja ayyaanaa bashannanaafi barsiifata amantii kan ofkeessaaqabuudha. (Fekede, 1991:10-15)

#### 2.2.3. Meeshaalee Aadaa

Meeshaa aadaa kan jennu, namoonni fedhii meeshaafi xiinsammuu guutachuuf, dandeettiiogummaa agarsiisuuf jecha kan hojjatan wantoota ijaan mul‟ataniifi harkaan qabamuu danda'aniidha. Kan gurraan dhagahamu ykn afaaniin dubbatamurra caalaa kan ijaanilaalamuudha. Kunis aadaa, amantaafi falaasama hawaasa tokkoo kan calaqqisiisudha. Namootailaalchafi barsiifata tokko qabaniin dhalootarraa dhalootatti bifa ilaalamuufi harkaan qabamuutiinqabeenya aadaa darbuu danda'uudha. Isaanis: ijaarsa manaa, ijaarsa dallaa, faayaafi meeshaaleeharkaan hojjataman, kan akka hojii harkaa, aarti fakkii, hojii qiyyasaa, uffata aadaa, nyaataaadaafi meeshaalee sirbaafi kkf gooroo kana jalatti ramadamu. Meeshaaleen aaadaa kunniingaraagarummaafi walitti dhufeenya aadaa hawaasa adda addaa jidduu jiru kan mul'isaniidha.

#### 2.2.4. Afoola

"Afoolli ogummaahawaasaa kan afaaniin dholootaa dhalootatti daddarbudha." (Asaffaa :2009).Afoolli dubbii afaanitiin yeedaloon kennameefi ykn osoo hinkennamin kalaqaafi ogummaadhimma hawaasummaa adda addaa irrattti xiyyeeffatuudha. Haala kanaan aadaa, duudhaa, safuu,seenaa, eenyummaa hawaasaa walumaagalatti, ogummaafi (wisdom) jireenya hawaasa tokko ibsuuf humna guddaa qaba.Afoola gargaaramee hawaasni, eenyummaa ofii beeksisa; dhuftee hidda dhalootaisaa seenessa; waa'ee jireenya waliigalaa irratti falaasama qabu ib sata. Aadaa fiduudhaan ofii kan ittiin tursiifamus afoolaani. Gaddaafi gammachuu, hawwiifiabdii, jibbaafi jaalala, injifachuufi injifatamuu, deeggarsaafi mormii, hunduuafoolaan ibsamu; afoola keessa jiru. Kanaafuu, afoolli mankuusa jiruufijireenyaa fi beekumsaati jechuun nidanda'ama. Seenaan dalagame tokko labataitti aanuuf akka lufu, sanyiin isaaniis itti fufiinsa akka qabaatu, afoolaanmirkaneeffama. Duudhaa hawaasa gaarii tahe, fudhatama godhatee, kabajemeeakka jiraatu, badaafi fokkisaa kan tahe ammoo akka dhabamu, yookaan akkabaduuf ogafaanitti dhimma bahama. Hawaasa tokko irra balaan yoo gahu,(beela, godaansa, waraana, dhukkubaafi kkf) afoolaan ibsama; ittiinyaadatama. Balaawwan mudatan kunneen irratti, hawaasichi ilaalcha akkamiiakka qabu miidhaan irra gahe hammam akka cimu, ogafaaniin qindaahee labatadhufuuf lufa. (Addunyaa 2014: 167).Maddi Afoolaa mudannoowwan fi muuxannoowwan hawaasaati. Hawaasni hundumtuu (kanbarnoota

ammayyaa qabuufi hinqabne) ogafaan kan qabu yoo tahellee, hedduminaan qabeenyawarra barnoota ammayyaa hinqabneeti.Yeroo hundumaa dhimma hawaasa gara garaa irratti mammaaksi mammaakamu, durduriinhimamu, dhimma waaqeffannaa gara garaa irratti faaruuwwan dhiyaatan, dhimma hojii qonnaawaliin walqabatee weedduuwwan jiran yeroo loon bobbaasan sirbi tikee, yeroo namni du'ubooyichi dhagahamu, yeroo ayyaana waggaa, gaa'elaa, gammachuu gara garaa sirboonni dhiyaatan, bakka namni tokko ol tahee walarge maratti baacoon dhiyaatu, walaloo namoonnibeekamoon himan, afseenaa maanguddoonni dubbatan hundi ogafaan hawaasni waa'ee mataaisaa, naannoo isaa, namootaafi addunyaa kanaa irratti ilaalchaafi falaasama qabu kan ittiinibsatudha.Namoonni dhuunfaas tahe hawaasni, afoolaan gargaaramanii jireenya keessa jiran madaalaniiqeequ; deeggaru, mormu, isa darbe itti yaadatu, isa dhufuuf raaju. Akkamitti akka uumaman,maaliif akka uumaman qoratu. Amala namootaa ittiin hubatu. Jireenya isaaniif buʻʻuura kan taheittiin faarfatu. Jabinaafi laafina ittiin qoratu; daa'immaniifi dargaggoota ittiin barsiisu, gorsu.Qorannoo kiyya waliin gosoonni fookloorii kunniin kan waliin deeman taʻʻanis, irra caalaameeshaa aadaan kan wlaqabatuudha. Sababni isaa hiibboon gooree afoolaa keessaa isa tokkowaan taʻʻeefi.Kanaaf dhimma itti ba'uuf dirqamee jira. Addunyaa (2014: 17) "Gosti afoollaa akka bishaan galaanaa waan ta'eef, lakkaa'amee dhumuu baatanillee, bishaan kanakeessaa geerarsa, sheekkoo, hiibboofi kanneen kana fakkaatantu muul'ata" jedha.

#### 2.2.4.1. Amaloota Afoolaa

"Afoolli amaloota gara gara qaba.Isaan keessaa warren bu'uura ta'an: hurruubummaa, jijjiirama, lufummaa, ummatummaafi qindaa'ina,"Jechuudhaan ibsaniiru.Jaarraa W.fi Wasanee B. (2001:163) Tokkoontokkoon isaanii akka armaan gadiitti ilaalla.

#### 2.2.4.2. Hurruubummaa

Afoolli bareedina goonfatee miira dhaggeeffattoota tuquun ykn kakaasuun akkasumas, qalbiinamaa booji'uun kaayyoo isaa galmaan gahuu kan danda'u hurruubummaa ykn gochaan yoodhiyaateedha. Yaada kana ilaalchisee Zarihuun Asfaaw (1992:25), yoo ibsu, Afoolli gochaanmalee dhiyaatu ittoo soogidda malee qophaa'u waliin tokko yoo jenne gurra guddisuu hinta'u.

Akka inni jedhutti, gocha malee kan dhiyaatu yoo ta'e miidhagina hinqabu. Miiraafi qalbiidhaggeeffattootaa harkisuufi booji'uus hindanda'u.Kanaafuu, akkuma dubbiin mammaaksaanbareeddu, afoollis gochaan bareeda.

#### 2.2.4.3. Lufummaa

Adeemsi afoolli tokko dhalootarraa dhalootatti itti darbu lufummaa jedhama.Afoolli karaalamaan dhalootarraa dhalootatti daddarbuu danda'a. Haasaa afaaniifi gocha.Kanneen afaaniindaddarban: mammaaksa, hiibboo, walaloo, eebba, abaarsaafi kkf yoo ta'an; kanneen gochaandaddarban immoo: weedduu, geerarsa, dhiichisa, tapha ijoollee, geelloofi kkf dha. Kanneen gochaan dhalootarraa dhalootatti daddarban wantoota lamaofkeessaa qaban. Sochii qaamaafi kan gurraan dhagahamudha.

#### 2.2.4.4. Uummatummaa

Uummatummaan amaloota afoolaa keessaa isa tokkoodha. Afoolli Oromoo kanuummataOromooti. Afoolli akka kitaabaa abbaa barreesseen hinwaamamu.Uummata sanaan waamama.Sababni isaas, maddi afoolaa uummata waan ta'eef. Afoolli yeroo kamiyyuu garee barbaada.,akkasumas, amala hawaasummaafi nama walitti qabuu fedha. Uummanni karaalee adda addaanafoola keessatti qooda fudhachuu danda'a.Fakkeenyaaf, dhaggeeffachuun, jalaa qabuun, irrattihirmaachuun, sochii taasisuunifii kkf of keesstti qabta.Afoolli dimshaashaa haal walii gala of keessatti hammata.

#### 2.2.4.5. Jijjiiramummaa

Afoolli jijjiiramaaf baay'ee kan saaxilameedha. Sababni isaas, afaaniin dhalootarraa dhalootattiwaan daddarbuuf akkuma jirutti dabarsuun rakkisaa ta'uu danda'a. Kunis jechaan miidhaginakeessa irraa hafuu yookaan itti dabalamuu danda'a. Afoolaafi hawaasa gargar baasaniiilaaluunulfaataadha. Hawaasni tokko immoo diinagdee, siyaasaan, amantaan, teeknolojiifi haala jiruufijireenyaan jijjiiramuu wan danda'uuf afoollis jijjiiraamuu danda'a. Kana ilaalchisee Finnegan(1970:17) yoo ibsitu, "There are also the clases when the performerintroduces valiation or orderto pieces or event totally nawsforms intermsof the ditailed word in structure, or the content."
yaada kana irraa hubachuun akka danda'amutti, afoolli dhaloota tokko irraa gara dhaloota biraattikan daddarbu afaaniin waan ta'eef fageenya yerootiin kan ka'e qabiyyeefi buusaa isaarrattijijjiiramni uumamuu kan danda'u ta'uu nuuf mirkaneessaa.

#### 2.2.4.6. Miidhagummaa

Afoollan Oromoo hunduu miidhagina mataa isaanii qabu. Kunis, afoolli tokko haala taa'e sanaanergaa isarraa barbaadamu sana dabarsuu dandeenyaan miidhagaadha jechuu dandeenya."Miidhagummaan haala afoolli sun miira sammuu ilma namaa hawwachuu

danda'uundhiyaachuu isaa kan mul'isuudha." Jaarraafi Wasanee (2001:168) Waraabbii kana irraa kan hubannumiidhagummaan afoolaa hubatamummaafi qindoomina isaatiifis gahee guddaa qaba jechuudha. Kanaaf, miidhagummaan afoolaaadeemsa ykn karaa nama hin nuffisiifneefi yaada namaa rarraasuu danda'uun ergaa barbaadamu dabarsuu irratti gahee guddaa kan tabatudha.

#### 2.2.4.7. Qindoomina

"Afoolli tokko qindoomina qabaachuu qaba. Akka feeteedhaan kan uumamuu miti. Ergaa gadifageenya qabus akka inni dabarsutti afoola tolchu.Sababa qindaa'ina isaatiin afoolli miidhaginaqaba jedhama.Kanaafuu, gurra dhaggeeffataatti nitola."Jaarraafi Wasanee (2001:168) Yaadni barruu kanaa kan nu hubaciisu, amaloota afoolaa keessaa qindoominni miidhagina afoola sanaaf gahee guddaa akka qabudha. Dabalataan ammoo, dhaggeeffattoota ofitti harkisuufisfaayidaa qabaachuunihubanna. Kanaafuu afoolli haala barbadamuun qindaahee yoo dhihaate ergaan afoola sanaa akka hubatamu gochuu irratti gahee guddaa qaba.

## 2.3. Faayidaa Afoolaa

Gaheen afoolli sochii jiruufi jireenya ilma namaa keessatti qabu laayyoo miti. Hawaasnitokko ogbarruumataa isaa yoo hinqabaanne, seenaa dhalootaa gara dhalootaatti dabarsuuf, barnoota afaanniffaaniin kenname, jireenya hawaasaa; aadaa, duudhaa, seenaa, amantaafi kabajni hawaasni tokkowaan tokko irratti qabu ibsuuf afoolli yeroo heddu madda ta'uudhaan kan tajaajiluudha.Afoolli gaaffileebu'uuraa ka'aniif deebiikenna. Dhalli namaa jireenya isaa Keessatti wantoota isaaf hingalle maraaf deebii argachuu barbaada.Waa'eeuumamaafi asdhuftee wantoota uumamaa baruuf gaaffilee garaa garaa nikaasa.Fakkeenyaaf, Gaangeen maaliif dhala dhabde?Samiin maaliif nurraa olfagaate? Gaaffilee jedhan deebisuu keessatti afoolli nitajaajila (Misgaanuu 2011:53).

Kana malees, Afoolli jiruufi jireenya hawaasa tokkoo cimsuufi guddisuu keessatti bakka olaanaqaba. Kana ilaalchisee, Feqedeen (1991:17), Afoolli sirna barnootaa guddisuufi miidhagina ittidabaluuf gahee olaanaa akka taphatu ibsee jira. Akka inni jedhutti afoolli jiruuf jireenyahawaasa tokkoo cimsuu bira darbee gama barnootaatiin gahee olaanaa qaba. Kunis barumsikannamutti miidhagina dabaluun fudhatamummaa isaa guddisa.Dabalataanis, Finnegan, (1970:16) gama isheetiin Afoolli tokko tokko jalaa bahuuf malataasifamu keessatti tajaajilli inni qabu olaanaa akka ta'e kaasti. Akkasumas, afoolli beekumsacimsuuf,

aadaafi afaan guddisuuf, seenaa galmeessuufi jaalala hawaasummaa agarsiisuufnifayyada. Afoolli dhimmoota gara garaa keessatti gahee olaanaa qabaachuu isaati. Kunis, baruufbarsiisuu cimsuu, hawaasa jidduutti waliin jireenya gaarii uumuuf, wantoota raawwatamaa turandeebii isaanii yaadachiisuuf, seenaa, aadaa, falaasamaafi safuun hawaasaa eegamee akka turuufbarbaachisaa ta'uu hubanna.

## 2.4. Gosoota Afoolaa

Afoola keessatti kanneen ramadaman beekumsi hedduun nijiru. Isaan kanneen gosoota addaaddaatti qooduuf hayyoonni fookloorii karaalee adda addaa fayyadamu.Finnegan (1992:134)akka ibsitetti, karaalee Jahatti afoola qoqqooddi. Isaanis:bifa, qabiyyee, hojii, yoomessa murtaawaa, haala itti dhiyaatufi qoodinsa haala qabatamaanaannawa tokkoo kan haammatudha. Masfin (1995:42) akka jedhutti, "Afoolli yaaxxina baay'eebal'aa ta'ee kan hambaa hammatu. Durdurii, hiibboo, sirboota aadaa, tapha ijoolleefi k.k.f. afoola keessatti hammatamu" jechuun afoolaa addaan qooda.

Tafariin (2004:133) irratti, "Bifoonni afoolli ittiin dhiyaatumammaaksa, jechama, cigoo, hiibbo,oduu durii, geerarsa, tapha ijoollee, eebbaafi k.k.fa'a," jechuun afoola qooda. Ittuma dabaluun,Okpewho (1992) afoola iddoowwan saditti qoode: raagoo, afwalaloo fi qareeyyii dha. Ulaagaan hayyuun kun fayyadames seenaa qabaachuu, walaleeffamuufi unka gaggabaaboo qabaachuudha. Yaadumahayyootaa kana bu'uura taasifachuun gooroowwan afoolaa sadeen Okpewho (1992) qoodamanmurtaawaa yoo tahan kanneen akka qabiyyeefi bifiyyeen walitti dhufeenya qaban bakka tokkotti fiduunqorachuuf mijaawaa waan ta'eef akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

Raagoon akaakuwwan fookloorii keessaa tokko ta'ee, dandeettii sammuun waa yaadachuubu'uureeffachuun waggoota dheeraaf darbaa dhufuun dhaloota har'aa bira kan ga'edha. Ogumma kun dhalli namaa dhaloota irraa kaasee hanga du'utti adeemsa jireenyaa kan ibsu waan ta'eef,saba kam keessattiyyuu kan argamudha.

Kanamalees, raagoon ta'insoota adda addaa duraaduuba isaa eeguudhaan hawaasicha jiruufi jireenya guyyuu keessatti wantoota addatti muudatanirratti hordoftoota bashannansiisuu, barsiisuu fi ergaa kaayyeffate haala dabarsuun dhiyaata.Bascom (1965), raagamtaa, afseenaafi durdurii jechuun raagoo iddooowwan saditti qoode.Haala kanaan gooroo afoolaa

keessaa tokko kan ta'e raagoon: raagamtaa, afseenaafi durduriiof jalatti kan haammata. Raagamtaan gama isaatiin raagamtaa uumamaa, raagamtaa ergamootaafi raagamtaa goobangaleessaa jedhamuun iddoo saditti qoodama.

### 2.4.1. Afseenaa

Afseenaan akaakuu raagoo keessaa tokko tahee haala seeneffamaan afaaniin dhalootaa garadhalootaatti afoola daddarbudha. Maalummaa Afseenaailaalchisee Sumner (1996:2) akka ibsutti,

"*Like myths, legends are stories that are traditionary considered true, however ,theyare set in a more recent time when the world was much similar to the world of today.Inaddition, legends generally feature humans as their main characters where asmyths generally focus on super human characters."*

Yaadni armaan olii raagamtaafi afseenaa kan walbira qabuuf yaalu ta'ee, afseenaan barsiifatahimamsa akka dhugaatti ilaalamu akka waan yeroo ammaa keessatti har'allee ta'aa jiruuti. Dabalataan, qooda fudhattoonni ijoon afseenaa nama akka ta'eefi raagamtaan kan amala wantahumna uumamaan oliirratti kan xiyyeeffatu akka ta'e ibsa.Afseenaan damee raagoo keessaa tokko ta'ee beekumsa hawaasaa jecha afaaniin dhalootaadhalootatti daddarbaa turedha. Kanumaan walqabatee Dastaan (2014:82) akka ibsutti,

*"As prosenarrative, legends have been handed down from generation to generation by word of mouth. Italso refers to that inspires a body of stories, anything of lasting importance or fame."*
Akka yaadakanarraa hubatamutti afseenni umurii dheeraa qabaachuun wantoota yeroo durii keessa hawaasnijaallate yookaan jibbe ilaalcha inni addunyaaf qabu seenessuun addunyaa qabatamaa yookaankalaqaa kana keessatti wantoota ta'aniif barbaachisummaa isaanii ibsa.

Hayyuun Canonicci (1996:85) afseenaa yoo ibsu, *"...a fantastic narrative of oral origin basedon historical characters or events that lend it credibility. It amplifies these historical elementsthrough the imaginary intervent supernatural or preternatural beings, also addingfolkloristic motifs,"* jedha. Yaada kanarraa afseenni, dhimoota afaaniin seeneffaman kan hirmaattota seenaafi taatee dhugaadha jedhamu keessatti dhimma seeneffamudha.Seeneffamichis kan ibsu qabiyyeewwan seenaawwan darbanii kan uumama waaqaatiin duraayookiin kan uumama waaqatiin boodaa ta'uu akka danda'aniifi isaanis kan

kaka'umsa yookiinfedhii namatti uuman akka ta'edha. Kun immoo, afseenni amala dhalli namaa qooddataa ta'uunga'ee seenaafi seeneffamaa qabaachuu isaa mul'isa.

Bascom (1965) afseenaaf yemmuu hiika kennu, "*Legends as … prose narratives wich like mythsare regarded as true by the narrator and his audience, but they are set in period considered lessremote when the world was much as it today. These narratives are usually about migrations,wars, victories, deeds of past heroes, chiefs and kings,"Jedha.*

Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti, afseenaan taateewwan bara durii keessa raawwatan addunyaa qabatamaa har'aa keessatti seenessaafi jamaan yeroo har'aa ergaa beekumsa hawaasaa daddarbaa ture fudhachuufi akka waan amma ta'aa jirutti ilaaluudha. Seenaan himamu kunis, waa'ee: godaantotaa, waraanaafi injifannoo, waa'ee gootota darbanii, aanga'oota olaanoofi mootiiwwanii ta'uu danda'a. Dhimmi afseenaa Oromoota bakka jireenyaa Finfinneerraa godaananiisseenessa haala har'aa keessatti kan seeneffamuufi dhimmoota afseena keessatti ka'uu danda'an keessaas dhimma godaansaa irratti kan xiyyeeffatudha.

#### 2.4.1.1. Gosoota Afseenaa

Jechi afseenaa jedhu akka waliigalaatti maqaa kenname yoo ta'es afseenaan dameewwan addaaddaatti qoqqoodamuu mala. Qorattoonni afaaniis afseenaaf ramaddii armaan gadiikaa'u. Faqqadaa Azzazaa(1991:56) Okpwho (1992:181-182) wabeeffachuun afseenaa bakka gurguddoo lamatti qooduun ibsa.Isaanis afseenaa seenawaa (historical legend)fi afseenaaraagamtaa (romantic or mythical legend) jechuun qooda. Afseenaa seenawaa jechuun afseenaagochaa hawaasni salphaatti yaadachuu danda'u seenessuudha. Xiyyeeffannoon isaa dhugaajireenya hawaasaa keessa jiru taateewwan jiruufi jireenyaan walqabatan osoo itti hindabalin isaa yeroo ammaa yookiin yeroo dhiyoo kan darbe ta'uu waan danda'uufdhageeffattoonni mormuunii akka hindandeenyetti daandii qabate osoo gadi hindhiisin kan seenessudha.Afseenaan gosti lammaffaan immoo afseenaa nama seenessuuf bilisummaa guutuu kennudha.Kunis sababa gochi seeneffamus ta'enamni seenessu namoota turan waanta'eefdhageeffattoonni ragaa qabatamaa dhiyeessuun akka morman kan hintaasifneedha. Seenessaanwaan hinamanamne osoo kaasee dhageeffattoonni gaaffilee shakkii kaasuun gaafachuun isaani hinoolu. Haata'u malee seenessaan tooftaa adda addaa kan mataa isaatti gargaaramee jalaa miliquu kan danda'uudha.

Tooftaalee kanneen keessaa akka fakkeenyaatti yeroon ammaafikandurii tokkoo miti,namni ammaafi kanduriis tokkoo miti, wanti hunduu jijjiiramee jiraa, akka olkaa'anitti itti hindeebi'aniiti jechuun dhageeffattoota miliquun ergaa barbaadamu tokko kandabarsu akka ta'e hayyuun kun nihubachiisa. Dheerina yeroo irraan kanka'e seenessaanseenaawwan irraanfataman kan itti guutuudha.Gosti seeneffama kanaa gochoota yeroo ammaa raawwataman keessaa kanneen akka siyaasa garagaraa,muuxannoo jireenya yeroo ammaa,taateewwan adda addaa kanneen qabatamaan raawwatamaniin walfakkeessuun kanseenessuudha.Kaayyoon gosa seenessa kanaa ofii isaanii akka waan gaarii hojjatanii fakkeessanii nama biraatti mul'isuu, ofii isaanii mo'ataa taasisanii mul'isuu waanta'eef, kallattii ofii barbaadaniin kanseenessaniidha. Sababa kanaarraan kan ka'e seenessan gosa isaa mo'ataa taasisuun, gosa biraadadhabaa taasisuun waan dhiyeessuuf gosti biraas yeroo seenessu kallattii ofiitti jallisuun waanseenessuuf kanneen biro dadhabaafi mo'atamaa taasisuun afseenaa seeneffamuudha. Kanaafwanti seeneffamu kaayyoo namoota seenessaniirratti hundaa'uun kaayyoo isaanii galmaan gahuufkanseeneffamuudha. Bifaafi amala waan seeneffamuu fedhiin nama seenessu sanaa kandaangessaniidha.

Taateewwan yeroo darban keessa raawwatamaa turaniifi hanga yeroo dhihootti itti fayyadamaa turan yaadachiisuun kallattii adda addaatiin kaayyoo addaaddaatiif kan seeneffaman akka ta'aniidha. Haata'u malee qoqqooddii afseenaa Dorson kana Dastaan yaadota gurguddoo lama dhiyeessuunqoqqooddiin kun kan afseenaa caalaa qoqqooddii gara raagamtaatti akka dhiyaatu ibsa.Yaadotnikunneenis tokko yaada,

*Canonnichi (1996) dhiyeesse, "legend has historical characters or eventsthat were good figures (that is why we called the story is legend) in the past. Such stories magnifythese historical elements through conflicts between legendary character in different setting,"*jedhu yoo dhiyeessu, yaadni lammaffaan inni dhiyeessummoo afseenaa akka gosa raagamtaattidubbata. Kanas "legend should be one of the genre of myths" jechuun ibseera. Raagamtaan wantitokkoyyuu osoohinuumamin dura kanture akka ta'e hubachiisa. Amalli waan himamsarraadhageenyu hundi raagamtaa keessatti uumame jedha. Barsiifatni kanneen akka abaarsaa, eebbaa,ajajaafi kanneen kana fakkaatan raagoo keessatti akka jalqabaman ibsuun qoqqooddiin kanraagootti akka dhiyaatu ibseera.Kunis qabiyyeen jalqabaa qabiyyee raagamtaakan ofkeessatti hammatu yommuu ta'u, taateewwan yeroo darban keessa raawwataman kanneen akka:haala uumamaaddunyaafi xumura addunyaa, seenaa uumama

meeshaalee,seenaa uumama biqiltootaafibineensotaa akka ta'aniidha. Haata'u malee ta'iiwwan kanneen keessatti qooddataan namas kannamaa oliis ta'uu mala. Qooddataan isaa yoo nama ta'e seeeffamichi afseenaa yoo ta'u,qooddataan isaa immoo kan namaa olii yoo ta'e seeneffamichi raagamtaatti dhiyaata. Kanaafqooddii tokkoffaan qabiyyee lamaanuu Kan ofkeessaa qabudha.Qabiyyeen itti aanu immoo qabiyyee afseenaa kan ofkeessatti hammateedha. Kanas hiika Bascom (1965) afseenaaf kenne fudhannee yoo ilaalle afseenaan seenaa himamsa afaaniin daddarbu akka ta'eefi ragamtaa fakkaatee seenaa wantoota darbanii dhimma waraanaa, dhimma godaansaa,waa'ee namoota jabduudalaganiifi kanneen akka gootaatti ilaalamanii kan ibsu ta'uuisaafi taateewwan yeroo darban keessa addunyaa har'aan walfakkaatu keessatti kan raawwataman akka ta'an ibsa. Qabiyyeen kunis dhimma godaansaa irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef qabiyyee afseenaa jalatti kan ramadamuudha.Qabiyyeen sadaffaafi arfaffaan immoo qabiyyee raagamtaa jalatti ramadamuu danda'udha. Isaanistaateewwan aangoo namaa olii kan qabuun kanneen raawwataman, nama aangoo waaqaan isaafkennametti gargaaramee raawwii tokko raawwatu, hojii namni amanuu hindandeenye kanneendalaguu danda'aniifi qabiyyee arfaffaan immoo raagamtaa amantaa yookiin waaqaafi kan gootakanneen amantaa kiristaanaatiin dura raawwataman kan ofkeessatti qabatu waanta'eef afseenaacaalaa raagamtaa jalatti ramaduu danda'ee jira.

### 2.5. Yaaxxinaalee Qorannoon Kun Bu'uureffate

Yaaxxinaalee fokiloorii ilaalchisee Addunyaan (2011:58) hayyuu Zoltan (2005:255) wabeeffachuun, "Sakatta'a barruu jalatti qabxiin dhiyaachuu qabu yaaxxina qorannoon sun irratti bu'uuruudha.Dhimmi kun karaa biraan qorannichaaf dallaa ijaaruudha" jedha. Akka yaada haayyuu kanaattigaheen yaaxxina qorannoo kaa'uu qorannichi maal irratti daanga'ee gaggeeffamaa akka jiruagarsiisuudha. Daayessi fokiloorii garaa garaa yeroo adda addaafi beektota adda addaanbu`uureffamaniiru. Yaada kana irratti Tolasaan(2010) Dorson wabeeffachuun (1972:40) Dayeessonni qorannoon fokiloorii ittiin gaggeeffamu hedduun akka jiran ibsa.Kanaaf qorattuunis yaaxxinaalee qorannoo jirankeessaa yaaxxina Seenawaa (Historical theory) fi yaaxxina fakkoommiittidhimma bahuun qorannoo kana gaggeessite. Yaadxinni qorannoo seenawwaa seenaa darbeefi kan ammaa walbira qabuun xiinxalanii waan boru dhufuu danda'u tilmaamuuf kan mana gargaaru yoo ta'u maddi rakkoo sanaas maal akka ta'e bira gahuuf nama gargaara. Haaluma kanaan qorannoon kunis yaadxina seenawwaa kana bu'uureffachuun,afseenessa Oromoota Finfinnee keessatti bakka jireenyaa isaanii irraa

buqqa'anii haala jiruufi jireenya isaanii duraafi ammaa walbira qabuun xiinxaluun madda rakkoo isaaniis bira gahuuf qorannoo kana keessatti itti dhimma bahameera.

## 2.6. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii

Xiyyeeffannaan qorannoo kanaa dhimma jiruufi jireenya Oromoota Finfinnee keessatti bakka jireenyaa isaanii irraa buqqa'anii buqqa'uu isaaniin duraafi boodaa ilaalchisuun afseenessa isaan himatan xiinxaluun ibsuudha. Yaada xiyyeeffannoo qorannoo kana waliin kallattiidhaan walqabatu ilaalchisee qorannoon gaggeeffame jiraachuu dhabus Qorannoo fookiloorii Oromoo irratti garuu qorattoonni garaa garaa yeroo adda addaa mata duree qorannoo garaa gara irratti qorannoowwan gaggaarii adeemsisaniiru. Isaan keessaas muraasni akka armaan gaditti ibsamaniiru.

Dastaan Dassaaleny (2015) mataduree "A Functional study of Tulama Oromo Oral Prose Narretives" Qorannoo kana keessatti oduuduriifi tapha ijoollee seenessuun dhiyaatan qoqqooddii isaanii haala naannoofi saayinsawwaan qabaniin garee garee isaaniin qoqqooduun ibsamaniiru.

Siisaay Kabbadaa (2018) mata duree "Afseenaa bebbeekamoo aanaa Midaa Qanyii" jedhuun seenaa namoota dura aanaa kana keessatti beekamoo turaniitu qoratamee dhiyaate.

Tolasaa Tasfaayee (2018) mata duree "Afseena iddoowwan seenaa qabeessaa aanaa Tolee" jechuudhaan afseenaa dhagaawwan dhaabbii fi holqawwan aanaa sana keessatti argaman qoratanii dhiyaataniiru. Haaluma kana fakkaatuun qorannoowwan afoola Oromoo irratti gaggeeffaman jiraachuu ni malu. Walitti dhufeenyi qorannoo kanaafi qorannoowwan ibsamanii dhimma afoola Oromoo irratti xiyyeeffachuu isaanii yoo ta'u garaagarummaan xiyyeeffannoon qorannoo kana ammoo dhimma afseenessa Oromoota Finfinnee keessatti, bakka jireenyaa isaaniirraa buqqa'anii xiinxaluu irratti ta'uu isaati.

## 2.7. Fakkoomii

Qorannoon kunafseenessaOromoota Finfinnee keessatti bakka jireenyaa isaniirraa buqqa'anii xiinxaluu irratti xiyyeeffachuun kan gaggeeffamudha. Adeemsa afseenessa kana qorachuu keessatti, qorattuun fakkoommiin adda addaa seenaa afseessaan himamu keessatti mula'achuu danda'a jettee waan yaadduuf fakkoomiiwwan afseenaa kana keessatti argamanis xiinxaluun ni ibsitti. Maalummaa fakkoommii ilaalchisee,

*Alice (1975:5)Sybolism is a system of signs and such –like language properly speaking is a matterfor semiology. But, while language has its own signals which are only defined bytheir reciprocal articulations and their relation t o linguistic meaning, symbolismuses as signals elements, acts, or utterances that exist and are also interpreted,independent of it.*

Yaada kanarraa hubachuun akka danda'amutti fakkoommiin, dhimma saayinsii mala mallattoo dubbii afaaniiti. Garuu, yeroo afaan mallattoo mataa isaa qabaatu, xiinqooqa waliin hidhata kan qabuufi caacculee mallattoowwaniifi gochaawwanii dhimma waana tokko wajjiin walitti hidhuun kan hiika argatuufi ergaan isaanii kan ibsamudha. Fakkoommiin haalumakanaan, mata duree qorannoo "Xiinxala Afseenaa Oromoota Finfinnee Keessatti Bakka Jireenyaa isaaniirraa Buqqa'anii" jedhu keessatti kallattii mallattoo sochii qamaa, jechootaafi himoota odeef kennitoonni ibsan akkasumas fakkoomii haala jiruufi jireenya isaanii isa qabatamaa ta'e keessatti daawwannan argame ibsamee jira.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

Saxaxa qorannoo /research design/ ilaalchisee Addunyaa (2011:63) Hayyoota kanneen akka Cohen, Manion and Morrison (2005:73) wabeeffachuun yoo ibsu, "Research design is governed by the noyion fittness or purpose.The purpose of reseach determines the methodology and

designof reseach." jechuun ibsu.Kunis kan nama hubachiisu, saxaxni qorannoo mala ittiin ibsamuun, akaakuu qorannichi ittiin gaggeeffameen, gaaffiiwwan qorannichi deebisuuf deemu, kaayyoo isaafi akaakuuwwan odeeffannoo argamuuti jechuun ni danda'ama. Boqonnaan kun tooftaaleefi qabxiiwwan qorannichaa waliin walqabatan: gosa qorannoo, madda odeeffannoo, iddattoofi mala iddatteessuu, tooftaa funaansa odeeffannoo, mala qacceessaragaafi qindoomina qorannichaa kan of keessatti haammatedha.

## 3.1. Gosa Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo gaggeeffamuuf irratti hundaa'uun mala qorannoo filatame qaba. Kunis mala qorannoo Akkamtaatiin kan gaggeeffamudha. Sababni isaas akaakuun qorannoo bu'uuraa gaaffilee maaliifi akkamitti ?jedhaniif deebii barbaaduuf kan gaggeeffamu waan ta'eef malli qorannoo akkamtaa karaa deebiin kun itiin deebi'uuf filatamaa waan ta'eefidha. Yaada kana kan cimsu Dastaan(2013) "...seenaan beekumsa yeroo darbee qajeelaatti kan ibsuufi isa dhufu tilmaamuu kan nama dandeessisu," jechuudhaan lafa kaaheera.Dabalataan qorannoon akaakuu gara garaatti qoodama.Yaada kana Addunyaan (2011:10) Harriswabeeffachuun akka gadiitti ibseera."Qorannichabakka adda addaatti qooduun durabu'uura qoodichaa addaan baafachuun barbaachisaadha.Bu'uuraaleen kunneenis amalaafi gosaodeeffannoo, yoomessa qorannoofi hujummaa qorannoo fa'a ta'uu danda'u" jedha. Akka yaada oliirraa hubatamutti qorannoo qoqqooduuf wanti irra dhaabbatanii qoqqoodan jiraachuun dirqama ta'a. (Dastaa 2013; 42) Hayyuu Sidhun (1984:94) akka ibsutti, ''Historical research is theapplication of scientific method of inquiry to historical problem," jedha. Qorannoon seenawaan mala saayinsaawaa fayyadamuun rakkoo seenaan walqabatu tokkoof furmaata barbaadudha.Innis, adeemsa odeeffannoo funaanuu, qeequufi dhugaa jiru dhiheessuu keessa darbuun kan dhiyaatudha. Haaluma kanaan, gosti qorannoo kanaa qorannoo seenawaa jalatti kan ramadamu yoota'u, Saxaxni qorannoo kanaa immoo ibsaadha.

### 3.2.Madda Ragaalee Qorannichaa

Madda ragaa jechuun bakka odeeffannoon qorannoo tokko tarkaanfachiisuu danda'u irra argamuudha.Raawwii qorannoo kanaa keessa ttis qorattuun akka madda raga tokkoffaatti godaantota Oromoo bakka jireenyaa Finfinneerraa godaanan , kanneen dhimma buqqaatii isaaniifi jiruufi jireenya isaanii seenessuu danda'an akka madda jalqabaatti fayyadamuun odeeffannoo kan funaannattu yoo ta'u maddi ragaa qorattuunodeeffanno irra fudhatte madda

ragaa tokkoffaa yoo ta’an isaan waliin kallattiin walarguun odeeffannoo walii kennuufi walirraa fudhachuun akkasumas bakka mana jireenyaafi iddoo hojii isaaniitti qaamaan argamuun qorattuun iddatoowwan irraa odeeffannoo fudhatte.

### 3.3.Mala Iddatteessuu Qorannichaa

Iddatteessuun hirmaattota waliigalaa keessaa kanneen bakka bu’uu danda’an murteessuudha.Akkaataa yeroofi baajataa irratti hundaa’uun baay’ina waliigalaa irraa daangaa iddattoo addaanbaafachuun iddattoo bakka bu’u murteessuudha.Mata duree kanaaf mallimijataan malaiddatteessuu miti carraadha.Akaakuu inni qabu keessaa kaayyeffataafi eerumsatti fayyadamuun ragaan funaaname. Akka Dastaan (2013) ibsutti, qorannoo qulqullinaa keessatti mala kaayyeffataan iddatteeffachuun kan barame.Yemmuu malakana fayyadamnee odeeffannoo funaannu odeef-kennitoota itti yaannee filanna. Sababa quubsaa qabaachuun barbaachisaadha.Qorattuunis Oromoota Finfinnee keessatti bakka jireenyaa isaanii irraa buqqa’an keessaa kanneen afseenicha qixa sirriin himuu danda’an filachuun isaan irraa kallattiidhaan odeeffannoo funaannachuun qorannoo kana adeemsifte. Iddattoo Eerumsaa jechuun immoo, hirmaattota namni biraan eeruudhaan argachuu dandeessu kanodeeffannoof filatamani. Kunis, yeroo odeef-kennitoota argachuun rakkisaa ta’etti kanan dhimma itti bahedha.Iddattoowwan ragaan irraa fudhatamee qorannoo kana keessatti xiinxale 15 keessaa dubrtoonni 12yoo ta’an dhiirri 3 dha.

### 3.4.Malleen Funaansa Ragaalee

Qorattuun iddattoota qorannoo erga addaan baafatee booda kan itti aanu odeeffannoo iddattootarraa funaanuudha. Odeeffannoo barbaachisu haala gaariin funaanuuf immoomalleen funaansa ragaa mata duree qorannoo waliin deemuu danda’an addaan baasuudha.

Malleen odeeffannoon ittiin funaannamuu danda’u hedduutujiru.Qorannooqulqulleeffataa gaggeessuufis malleen funaansa ragaa adda addaatti dhimma bahuun nidanda’ama.Kanuma bu’uureffachuun qorannoo kana keessatti qorattuun odeeffannoo funaanuuf malleen armaan gadiitti fayyadamuun odeeffannoo walitti qabatteetti.Odeeffannoon qorannoo mala akkamtaa karaa adda addaatiin funaannama. Dastaan (2013:110) fi Yaalaw 2006:151) wabeeffatee mala odeeffannoo yoo ibsu,

"Qoraannoon kamiiyyuu ragaadhaan deeggaramee gaggeeffama.Ragaan yookaan odeeffannoon bu'uura qorannoo ta'uu isaati.Odeeffannoon bu'uura qorannoo ta'e kunis kaayyoo qorannichaa

galmaan gahuuf malleen ittiin funnanamu qaba,"jechuunibsa.Malleen odeeffannoon ittiin funaanamu heddu ta'anis kaayyoo qorannichaa milkeessuuf malli mijaataata'e,afgaaffiifi daawwannaadha.

### 3.4.1.Afgaaffii

Afgaaffiin malleen funaansa ragaa keessaa tokko ta'eekanqorattuun odeef-kennitootan fuulaafuulatti wal arguun yoomessa namtolcheetti fayyadamuun gaaffii afaaniin dhiyeessuunodeeffannoo barbaaddu argachuuf itti fayyadamtudha. Gosti afgaaffii qorattuun itti dhimma baatus afgaaffii banaa yoo ta'u odeef kennitoonni gaaffii gaafataman irratti yaadni isaani otoo hin daangeffamiin ibsa bal'aa, gahaadha jedhanii yaadan seenessuun deebii kan kennan yoo ta'u odeef-kennitoonni afgaaffi kanaas Oromoota Finfinnee keessatti bakka jireen isaaniirraa buqqa'an umurii waggaa kudha shanii olii jalqabee namoota haala jiruufi jireenya isaani dhimma buqqaatii isaani waliin wal qabatu seenessuu danda'aniifi koorniyaa lamaanuu kan hammatedha. Dabalataanis adeemsa afgaaffii kana keessatti qorattuun gaaffii gaafattuhaala iddattootaaf galuun ibsuu akkasumas iddattoonni iddoo gaaffiin gaafataman hingalleeffiitticarraa gaafatanii hubachuu qabaatanii hubatanii deebisuu akka danda'anitti adeemsa ifa ta'een gaggeessiteetti. Akkasuma qorattuunis iddoo deebiin iddattoonni kennaniif ifa hin taaneefiitti akka irra deebi'anii hubachiisan taasisuun ragaa qulqulluu argachuufkan ishee gargaaru waan ta'eef adeemsa kanatti gargaaramuun odeeffannoo qulqulluu ta'e suuraafi viidiyoodhaan waraabuun odeeffannoo walitti qabachuun qorannoo kana gaggeessuuf dhimma itti baateetti.

### 3.4.2.Daawwannaa

Daawwannaan adeemsaodeeffannoon ittiin funaanamu keessaa tokko yoo ta'u qorattuunis bakka jireenya odeefkennitootaatti qaamaan argamuun haala jiruufi jireenya isaanii daawwachuuniifi odeeffannoo qabatamaa suuraan deeggarame fudhachuudhaan odeeffannoo funaannatteetti.

## 3.5. Mala Qaaccessa Odeeffannoo

Qorannoon kun odeeffannoo afgaaffiifi daawwannaan funaanaman walitti qabuun qaaccefamedha. Mala qaaccessuu Dastaan(2002:10) akkas jechuun ibsa, odeeffannoo ykn ragaaleen qorannoo akkamtaa qorattoonni haaluma isaanii mijateen kan deeman akka ta'e muli'sa. Kanamalees, Addunyaan (2011: 62-63) qaaccessa ragaa yoo ibsu malli ibsaa dhimma qoratamu sanailaalchisee maaltu akka ta'eefi maaltuu akka ta'aa jiru addaan baasuudhaan

jijjiiramoota akkumaisaan yoomessa uumamaa keessatti argamanitti kan ibsudha. Haaluma kanaan, malliodeeffannoon itti hiikamu mala qulqulleeffataa (Qualitative data analysis) ta'a. Ragaalee irradeddeebiin mul'atan hambisuun yaada bu'uura mata durichaan hidhata qaban irrattixiyyeeffachuun afseenessaalee qorachuudha.

### 3.6. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kunboqonnaa shan kan qabu yoo ta'u, tokkoon tokkoon boqonnaalee jalatti matadureewwan hammataman duraa duuban kaa'amu. Akka qorannoo kanaatti boqonnaan tokko seenduubee,ka'umsa qorannoo,kaayyoo,barbaachisummaa,daangaa,hanqinafi odeeffannoo bakkaqorannichaa kalattii adda addaan ibsu kan hammatu yoo ta'u, boqonnaa lammaffaan sakatta'abarruulee mata-duree qorannoo kanaa bal'isuu danda'anii,yaaxxinaalee qorannoo kana waliinhidhata qabaniifi qorannoowwan walfakkii sakatta'aman kan qabuudha.

Boqonnaa sadaffaan mala qorannoo kan keessatti qabatu ta'ee malli qorannoo mata-dureewwan adda addaakanneen akka gosa qorannoo,maddaragaalee,iddattoofi tooftaa iddatteessuu,malleen funaansaragaalee,meeshaalee funaansa ragaa,tooftaa qaaccessa ragaaleefi qindoomina qorannoo duraaduuban kan hammatuudha. Boqonnaa arfaffaan qaaccessa ragaalee kan qabu yoo ta'u, ragaaleendaawwannaan, marii gareefi afgaaffiin argaman, suuraan kaafamaniifi yaadannoo gabaabaaqabachuun funaannamuun boodarrattis odeeffannoowwan walfakkaatan iddoo tokkottifiduun bifa waldeeggaruu danda'aniin mala akkamtaan qindaa'anii jiru. Boqonnaan shanaffaan cuunfaa argannoofi yaboo kanqabateedha.Gamabiroonis kutaa boqonnaalee shananiin ala axareeraa, galata, baafata, wabiileefi dabaleewwan qaama qorannoo kanaa ta'uun kanneen hammatamanii argamaniidha.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALAA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti, ragaaleen mala adda addaan funaannaman kan xiinxalaman ta'a. Mata duree "Xiinxala Afseenessa Oromoota Finfinnee Keessatti Bakka Jireenyaa Isaanii Irraa Buqqa'anii" kana jelatti haala jiruufi jireenya isaanii qe'ee isaanii irraa buqqa'uun duraafi buqqa'uun boodaa gama diinagdeen, barnootaan,hawwaasummaafi siyaasaan jiru, deebii gama

afgaafii, marii gareefi daawwannaadhaan argame fakkoomii waliin xiinxaluun suuraan deeggaramee dhiyaatee jira.

## 4.1. Afseenessa Oromoota finfinnee keessatti bakka jireenyaa isaanii irraa buqqa'anii

Afseenessa armaan gaditti ibsame kana keessatti teessoo odeef kennitootaa ilaalchisee gandi Aqaaqiii Ma'aaddin jedhamee waamamu kutaa bulchiinsa magaalaa Aqaaqii otoo hin taane, kutaa bulchiinsa Boolee keessatti mandara /ganda/ maqaa kanaan waamamutu jira.Maqaan safaarii jechaa as keessatti ibsame ammoo jecha Afaan Amaaraa yoo ta'u Oromoota ganda Boolee lafa bal'aa irra jiraachaa turan bara mootummaa Darguufi mootumaa Ihaadigis sababoota adda addaan qe'ee isaan duraan irra jiraachaa turan irraa buqqisuun walitti qabanii qubachiisaniifi yeroo dhiyoo ammoo hedduuminaan lafti qonnaan bulaa irraa samamuun namoonni fagoo irraa dhufan baay'inaan irra qubachaa jiru. Maqaan safaarii (Qubataa) jedhu kunis kanuma irraa kan moggafame akka ta'en odeefadhe

**Afseenessa 1**

Aayyo Tasammee Cuqqee Roobalee, gosti isaanii Gullallee yoo ta'u umuriin isaanii waggaa 70 akka ta'an natti himani. Ijoollee 7n qaba jedhu. Bakki jireenya isaanii kutaa magaalaa Boolee Bulbulaa keessaa bakka yeroo ammaa kana 'Safaarii' jedhamu keessa kan jiraatan yoo ta'u yeroon raga barbaacha gara ganda isaanii deemetti balbala isaanii fuula dura ulee dhadhaabbata godhatanii ittiin deeman of bira hirkisanii dhagaa walirra tuulamee jiru irra gara gamoo mana isaanii dura jiruutti fuula isaanii garagalfatanii yaadaan badaanii taa'anittin isaan arge.



**Fakkii 10:Dawwannaafi afgaaffii Aadde Tasammee Cuqqee Roobalee waliin taasifame**

Uleen dhadhaabbataaf isaan itti fayyadamanis aariifi dhiphinarraa dhibee mataa dhukkubsataniin walqabateekufanii miilli isaanii hirkoo malee isaaniif ejjechuu akka hin dandeenyen odeeffadhe. Isaanis bakkin itti dhaladhee guddadhe kuunnooti bakka manni fooqiin itti ijaarame sana jechuudhaan quba isaaniin eeruun natti agarsiisaa, kunooti asumatti dhalannee guddanne, Dur abbaan keenya lafa waaltaa meeqa qaba; kunoo lafi mulatu kuni hundi kan keenya. Harka isaanii lafaafii manneen gamoo fuula isaanii duratti argamutti gara bitaafi mirgaatti naannessuun dubbatu." Ittuma fufuunis, Rifeentiidhaa hin qaba; kunoo asii jalqabee hamma daka gahutti irraan gadeen kun lafa qotisaa keenya Qoree Guyyeedhaahinqabna, kunoo lafti mula'atu kuni hundi kanuma keenya ture; lafa Cuqqee Roobaleeti. Yeroo sana alamiidha! Quufa! Dallan horii keenyaa kunooti hamma kanaa lama bal'ata."Jechuudhaan quba isaaniin dallaa manneenii

walqatee jiru eeruun dubbatu.Yeroo sanalafti kaloo safara hin qabu, horiin keenya horee aggichee qotileen guutte ni qotanna, ameessa akka barbaannetti elmanna, biyyatu beeka reyoo sana rakkinni tokko hin jiru turre. Kunoo amma lafa keenya hundaa nurraa guuranii ormaaf kennani; Wanti tokko nuuf hin hafne mana ani amma keessa jiru kanallee haftee lafa abbaa kooti,kan koo fudhatamnaan abbaan koo kanuma qaba isatu ishee kana naaf keenne malee anaaf homtuu wanti hafe hin jiru. Abbaan kiyyas amma maal qaba! Waraqata gibira itti kaffalaa turre malee homtuu isaaf hin hafne.Abbaan kiyya ijoollee baa'yee qaba ture kunoo isaanis waan fuudhan dhabnaan kaan Shaggaritti galani; ijoolleen kiyyas biyya ormaatti narraa godaanani.Lafa 'iristii' keenya qabeenya meeqa nurraa guuranii ormaaf kennanii qullaa nu dhaabani. Lafa abbaan keenya irratti 'maacoo' duule lafa haati keenya irratti biyyoo nyaatte 'maxxee'gandaatiif guuranii guuranii kennani,kunoo kunis 'baala iristiidha,' kunis 'baala iristiidha'turani [jechaa dubbatu quba isaanii gara aadde Tsigguufi aadde Biraaneefaatti qabaa dubbatu] amma homaa waan tokko hin qabnu mullucma godhaniituma qullaa nu dhaabani warri humna qabu. Nuti dumbulloo tokko hin argane nuti homaa hin arganne; qabeenya keenya duuriyyee gandaatu nyaate.waa'ee keenya uummata hundatu booha; 'Cuqqee Roobalee qabeenyaa hamma kanaa otoo qabuu ijoolleen isaa akkamitti raatofti jedhaniiti.' Amma horii bakka oolchinu dhabee gurgurree fixe Ittuma fufuun Aayyoo, Tasammee Cuqqee abbaan keenya illee du'e haati kiyya dadhabduun hin ciisti, kunoo harra midhaan nyaannee bullu hin qabnu, ilmoon namaa beelaan du'aa yeroo beelofnu nama waa harkaa qabutu kana nyaadhaa bulaa jedhee nuuf qica, [gara aaddee Biraaneetti quba qabaa]. Ittuma fufuun kunoo akkasumatti gubadhee deemee 'liqawambarii'gandaatti lafa kiyya duwwaa jiru kanuma manni irra hin jirre kana irraa xinnumallee kutaa naaf kennaa silaa gibira itti kaffalaan jira jedhee itti boonyaan dhufanii ilaalanii kunooti kana irratti ijaarradhu naan jedhanii deemaniit otuma turban hin guutiin warri abbaa gamoo sanaa dhufaniiti akkana godhani kunoo, [harkaan lafa fuuldura bakka isaan taa'anii jiranitti mul'atu kan dallaan'shiboo'hojjaan isaa gabaabaa ta'e itti ijaaramee jiru na agarsiisaa,] kan lafa kanaa waraqaa naaf kenname nan qaba garuu maalan godharee… warra humna qabutu akkana godha satat godhaniiti fudhatani, ani maa akkana gootu jedhee yoon isaanitti dubbadhe, 'Mindinew mitiyiiw' naana jedhu 'qubnagariitti, nu hin ilaalani; akka sareetti nu ifatu malee, Maal goona nuti boonyeet itti dhiisne Dirree Booleetti, Dirree Galaanitti; Madaanaalamiin yoo dhuguma Madaanalamii ta'e gara Rabbiiti dhugaa kan hin hanqisiin, harka isaanii gara Samiitti ol qabaanii dubbatu. Maali dhufee lafa keenya isa saamame ilaalee yoo nuu deebise 'mangistiin'

qotee bulaa akkamitti gata!hiyyeecha isaa maaliif gata!yoo nu ilaale dhugaa micciiramte kaasee qabeenya hiyyeechaa, hiyyeechaaf yoo deebise maal ta'a!kunoo xinnaan hin booha guggaan hin booha, jireenya kanarra boombii fidaniiotoo nufixanii …maaloo gubadhe yaa intala too maa kana natti kaaftani, nandu'a kunoo yoo barbaadan nahaa ajjeesani,isaanumayyuu otoon argee ittan hima naa hidhani yoo barbaadhan!jechaa harka isaanii walitti rukutaa miira aariifi gaddan guutameen dubbatu. Gubadhe…

(Afgaaffii Aadde Tasammee Cuqqee Roobalee waliin taasifame 15/ 07/ 12)

Yoomessa odeeffannoo

Kutaa bulchiinsa magaalaa Booleetti ganda Bulbulaa Safaarii, guyyaan isaa kibxata waaree dura yeroon raga barbaacha gara ganda isaanii deemetti balbala isaanii fuula dura ulee dhadhaabbata godhatanii ittiin deeman of bira hirkisanii dhagaa walirra tuulamee jiru irra gara gamoo mana isaanii dura jiruutti fuula isaanii garagalfatanii yaadaan badaanii taa'anittin isaan arge. Bakkuma isaan taa'aa jiran sana isaan bira taa'uun odeeffannoo kana miira aariifi xiiqiin guutameen naaf seenessani Ayyo Tasammeen.

**Afseeneessa 2**

Aadde Tsigguu Baqqalaa umuriin isaanii ganna 60 yoo bakki jireenya isaanii kutaa Magaalaa Boolee ganda Bulbulaati. Aadde Tsigguun naannoodhuma amma mannii jireenyaa isaanii jiru kana Bulbulaatti dhalatanii kan guddata'an yoo ta'u bakki addaa naannoon isaan jiraatan kun yeroo ammaa kana Bulbulaa 'Safaarii'jedhamuun beekama. Egaa qe'een aadde Tsigguun itti dhalattee hanga har'a geessutti irra jiraatte ganduma Bulbulaa kana yoo ta'u maqichi yeroo ammaa kana 'Bulbulaa Safaarii'akka jedhamu natti himani. Aadde Tsigguun ganda amma Safaarii jedhamu kana keessaa haati isaanii ooyiruu qonnaafi lafa kaloo loonii bal'a akka qaban ibsuun isaanis hamma lafti isaanii, kaffaltii beenyaa tokko malee harkaa saamamee kaan gamoo gurguddaan irratti ijaaramee kaan ammoo duwwaa dhuma isaa abbaa qabiyyee kan biraa godhatutti, "Hojii qonnaafi loon horsiiseen jireenya qananii jiraachaa ture; yeroo ammaa kana garuu loon koo illee bakkan oolchu dhabee gurguree fixeen ijoollee abbaan isaanii irraa du'e 4 gombisaa eelee dhaheen; halkan keessaa sa'aatii 9:00tti ka'ee gomisaa dugdatti baadheen otoo waraabessi na nyaachuuf na adamsuun kolfeetti geessee gurguree waan isaan nyaatanii bulan ittiin bitee jiraachisa,"jechuudhaan jiruu isaanii seenessu.



**Fakkii 11:Dawwannaafi afgaaffii Aadde Tsigguu Baqqalaa waliin taasifame**

Dura yeroo lafti keenya jiru qotisaanan jiraadha; gabareedhaanan qota ture, booda keessa lafa bal'aa irraa midhaan galfadhee jiraadhufi lafan gibira guutuu itti kafaalaa ture irraa na ari'ani; lafa kana irratti waraaqaan gibira itti kaffalaa ture hunda nan qaba.Kan biraas kan yeroo sana naaf hafee ture lafa bal'aa laga keecha jiru 'kan mangistiiti' jedhaniiti kunoo amma irra safaranii irraa nuu ka'uu didani kunoo irra jiru.Amma lafumti duwwaan manni irratti hin ijaaramnellee iddoo afurtu jira. Garuu dallaa nuti itti ijaarre muka isaa irraa diiganii biqiltuu mukaa irra dhaabanii 'gereriyaa'/giriin eeriyaa/ keenya maala irraa qabda nuti siyyuu hin beeknu jedhaniit irraa na ari'ani. Amma jireenya maaliitan qaba gombisaadhuma dhayeetan jiraadha;maatii kiyyas isumaanan jiraachisa malee ani qabeenya homaa hin qabu. Ormi inni human qabu lafuma nurraa saame sana gurguree qarshii dhuma sanaan lafuma sana irratti asiifi achiin naanneessanii fooqii ijaaranii ani amma fooqii jalan jira; kunoo ijoollee kiyya waliin akkuma handaaqqotaatti isaanuma jalattihacuucamnee bakkuma tokkotti walitti qabamnee nuti asii ol fooqii irratti isaan ilaalla isaan asiigadii nu ilaalu. Manni kiyyaas narratti jijjigeet jira , kan bara 77/19 tti yeroo Dargiin mana keenya duraa irraa nu buqqise baaxiin isaa buqqa'ee dhufeemukumaan

susuphamee asitti darbee ijaaramedha.Isaan warri dhufanii fooqii nurratti ijaaran manni ishii qe’ee keenya fokkisiise nurraa kaasaa jedhanii warra gandaa biratti na himatanii warri gandaas bakka kana yoo kaasne eessa geessina, hiyyeessi fooqii jala taa’uu hin danda’uu?jedhanii narraa dhowwinaan isaan ammayyuu hin kata naan jedhuu ani hin ka’u jedheetuman achuma jira, waanuma nagodhan wallaalaniiti achumatti asiigadi nailaalu. Haasa’uudhaafis ijaarrachuudhaafis harki kiyya qal’aadhaa bakkan seenu hin qabu; harqaa qabaattu malee eeyyutu sitti haasa’a; namni akka namaatti nu ilaalu hin jiru.Gargaarsumti warra human hin qabneef yoo dhufu illee anaan nani na ilaalu hin jiru,ofuma walfilataniit waliif kennu,ani homaa sumunii tokko keecha hin jiru;dumbulloo natti hin kennani warra qabeernya qabutu hirmaata.homaa namni nubeeku hin jiru;nuun mootummaanis nu hin beeku,mootummaan homaa Silaa akka namatti lafa kiyyarraa anis nan fayyadama garuu maal godharee humna malee hin ta’u;animmoo humna hin qabu; asitti hiyyeessa namni dhagahu hinjiru. Aani kuno suphee wajjiniin ganamaa jalqabee hamma galgalaatti harka dhoqeedhaan saafelli nanyaata;Intalli kiyyasa nawajjiniin gombisaa dhoofti.(Afgaaffii Aadde Tsigguu Baqqalaa waliin taasifame 15/ 07/2012)

**Yoomessa odeeffannoo**

Afseena kana kan naaf seenesse Aadde Tsigguu Baqqalaati. Bakki isaa ganda Bulbulaa Safaarii keessa yoo ta’u guyyaan isaa Kibxata waaree dura; yeroon odeeffannoo barbaacha qe’ee isaanii gahetti Aaddee Tsigguun gombisaa dhaa jiru, odeeffannoo kanas qe’ee dhuma isaanii bakkuma hojii isaanii hojjechaa jiranitti naaf kennani.

**Afseenessa 3**

Aaddee Burtukaan Baqqalaa jiraattuu kutaa magaalaa Boolee Bulbulaa aanaa12$^{ffaa}$maqaan addaa isaa Safaarii jedhamuuti.Umuriin isaanii waggaa afurtama yoo ta’u gombisaa eelee dhahuudhaan jireenya isaanii akka gaggeessan natti himani. Ittuma dabaluun, bakki jireenya keenyaa inni duraa Bulbulaa ture bakka sanaa mootummaan Dargii nu kaaseet bakka Safaraa jedhamu kanatti galle.qe’een keenya nurraa hin fudhatamiin dura lafa bal’aa qotanna; akka garaa keenyaa hammaarree akaayii nyaannaa, akka garaa keenyaa qiixxaa nyaannaa, yeroo sana horiin guute elmanneet aannan gaarii akka bishaaniitti dhugna ture,maatiin keenya akkasitti jireenya qananiin nu guddisani. Ega qe’ee keenya duraa irraa buqqaanee bakka kanatti gallees akka duraa yoo ta’uu baate illee lafa qonnaa qabana qotannee galfannee, loowwan horsiifannee jiraachaa turre;

amma waggoota muraasaa as ammoo lafa qabnu hundumaa nurraa fudhatanii gamoo itti ijaarratanii, lafa qonnaa dhiisiitii manuman keessa jiraadhu kanallee kaartaa sobaa itti baafatanii yeroo sadii narratti gurgurani bakkuma cinaachaan keessa ciisnu kana illee yaaddoofi wal'aansoo meeqaan keessa jirra.Lafti fudhatame kan keenya ta'ee otoo jiruu keenya warri ganda kana keessatti angoo qabu faddaalaadhaan lafa keenya nurratti gurguranii qabeenyaan badhaadhanii; manni isaan itti galan adda, konkolaataa qarshii miliyeena lamaat oofu. Lafa isaan akkasitti saamanii gurguratan kana nuti ni gurguranna yoo jenne lafti kuni isiniif hin malu, lafti kan keessan ta'uu iyyuu hin beeknu 'lafti kan mootummaati,' maal irraa qabdu jedhaniiti akkasitti nuyi homaa keessaa otoo hin argatiin harka duwwaa hafne harka maranneet akkasumatti teenya. Ani amma waan tokko harka koo irraa hin qabu, harra kunoo gombisaan dur hin baannen dugdatti baadhee ijoollee abbaa hin qabnen guddisa, qarshiin ani gombisaa gurguree fidu kuni ammoo waan qoonqoo bira dabartee ijoollee hin barsiiftu; kunoo amma waanan ittiin barsiisu dhabeen barumsa malee manatti hafani. Dur horiin qaban ture horii sanas bakkan oolchu dhabnaan gurguren fixe.Walakkaa lafa keenya 'beetasab yaalelaw mareet'/lafa abbaa hin qabe/ jechuudhaan seeraan alaan uummatatti gurguraniiti uummatni itti yaa'ee ijaarsa seera qabeessa hin taane irratti ijaarrachaa jira. Qaama dhimmi ilaallu birattis deemnee yoo iyyannu isaanis lafti kan mootummaati deemaa asii naan jedhu, warri gandaa kunoo lafa keenya gurgurataniit ittiin 'boorcii' baasanii deemu nuun nama nu saaxile konkolaataadhaan irra deenma jedhaniiti nu doorsisu; gaafa barbaadan qabaniit nu hidhu.Lafa haati tiyya maatii ishiirraa dhaaltee bara dheeraaf gibira 'kootaa' itti kaffalaa turte narratti gurguratanii, deemee maaliif akkas gootu jedhee gaafannaan qabanii nahidhani, ani gaaffidhuma kanan gaafadhe malee homaa hin goone, yakka hin hojjenne, hin hanne, nama hin ajjeesne qabeenyuma haadha kiyyaa gaafannan na hidhu. Egasii gaafa ofii isaanii barbaadan ammo 'koottu bahi'naan jennaan, ani sirumaa jireenya kanaa manaan manuma hidhaa sana naaf waayya mootummaan na haaqallabu hin bahun isaaniin jedhe, booda obboleettin kiyya achii nabaaste.Warra aanaa birattis deemnee yoo himanne 'galmeen lafa keessanii nu biraa badeera, yeroo sana kompiitarri waan hin jirreef galmeen akka salphaatti baduu danda'a deemaa asii' nuun jedhu. Nun nu arguuyyuu hin barbaadani;akka … nu xireeffataani. Kunoo waan goonu wallaalle, garatti gorru wallaallee gaafa argannu nyaannee yoo dhabnu hagabuu buleet harka marannee teenya. Aadde Burgtukaan jireenya jiraachaa jirra miti; dhagaa lafaa olfuutee dhagaa kanarra ciisaat jirra, nuti dhalataa Oromooti, nuti dhalataa Finfinneeti mootummaafi hawaasni kan dhugaa barbaadu yoo ta'e dhufanii raajii keenya kana

ilaalanii otoo rakkoo keenya kana nuuf furanii, nutis akka namni ta'u taaneet waan namni godhatu godhannee cinaachi keenya lafa gahee ciisnee.

(Afa gaaffii Aadde Burtukaan Baqqalaa waliin taasifame 15/07/2012)



**Fakkii 12: Dawwannaafi afgaaffiiAadde Burtukaan Baqqalaa waliin taasifame**

Yoomessa odeeffannoo

Ganda Bulbulaa Safaariitti, Guyyaa Kibxataa Waaree dura iyyaafannoodhaan mana aadde Burtukaan yeroon gahetti intala isaanii manatti argadhee dubbiseen intalli isaanii Adde Burtukaan mana akka ahin jirre natti himuun teessoo erga naaf kenniteen booda ijoollee erguun bakka jiranii naaf waamsisuun odeeffannoo kans achuma mooraa isaanii keessa gaaddisa mukaa jala taa'uun naaf seenessani Aadde Burtukaan.

**Afseenessuu 4**

Addee Abarraash Bashaadaa Maan guddoo umuriin isaanii waggaa 75ni. Yeroo ammaakana kutaa magaalaa Boolee, ganda Bulbulaa Safaarii jedhamuun beekamu keessa kan jiraatan yoo ta'u, gara bakka amma jiran kanatti otoo hin galiin dura, Aqaaqii bakka 'maaddinii'jedhamu akka ture natti himani. Dur yeroo qe'ee keenya jirru lafa qabna qotaneet jiraanna, rakkoon tookko hin jiru,akka barbaannetti hammaarree akaawwannee daakkanee nyaana. Loowwanis guutani aannan dhugna, dhadhaa nyaanna malee zayitii keessan ammaa kanas hin beeknu ture.Yaa intalatookan ammaa kana dhiisi amma maaltu jira! Midhaan xaasaadhaan gabaa irraa shammatani, homtuu hin jiru waanuma naaf kennan eeggadheen nyaadha.



**Fakkii 13: Dawwannaafi afgaaffii Aayyoo Abarraash Bashaadaa waliin taasifame**

Yoomessa odeeffannoo

Odeeffannoo kana kan naaf seenessan Ayyo Aabarraash yoo ta'n bakki isaa Bulbulaa Safaarii jedhama. Guyyaa Kibxataa waaree dura yeroon odeeffannoo barbaacha bakka sanatti argametti mana ilma isaanii gaaddisa manaa jala teenyee odeeffannoo kana naaf kennani.

**Afseeneessa 5**

Adde Tsiggee Waldahaannaa umuriin isaanii waggaa 65 yoo ta'an ijoollee 7 akka qaban natti himani.Bakki isaan amma jiraatan Bulbulaa Safaarii jedhamun waamana.Aadde Tsiggeen Qe'een keenya dur Aqaaqii maaddinii jedhamu naannoo amma Maaramii jedhamu ture.Yeroon sun yeroo mootummaa Dargii keessa safaraa jedhamee yeroo namni baaxii manaa buqqifatee baatee deemu ture. Qe'ee sana irraa mootummaa Dargiitu sanyii facaafanne illee maashiniidhaan nu jalaa qotee biyyee irra gara galchee nu kaase, lafa sana mootummaatu barbaada'a ka'aa nuun jedhani; Maal goonaree erga lafti kan mootummaa ta'ee eenyutti deemnee iyyanna eenyutu nu dhagaharee! Nu qofaa miti garuu biyyuuma wajjini; Nutis akkuma nama kaanii baaxii manaa buqqifannee dhufnee bakka kana qubanne. Bakka keenya duraa sanatti lafa bal'aa qabnaa akka barbaannetti qotannee midhaan nyaataa xaafii, qamadii akkasumas midhaan shiroos:atara, gaayyoofi baaqela waan hunda qotanneet galfanna; hamma barbaanne hammaarree gurgurree daaksifanna,jireenyi keenya yeroosana alamii ture. Sanumarraa dhufanii ka'aa jedhanii beenyaafi lafa bakka bu'umsaallee waan tokko otoo nuuf hin kenniin harka duwwaa dhufnee asitti galle. Erga yeroo sanaa nuti lafa qonnaa deebinee hin arganne. Ergasii jiruu maaltu jira. Yaa jireenyaa jedhani Aadde Tsiggeen mataa isaanii raasanii, jiruun ammaa mirgaan jedhan bitaatti garanaan jedhan garasiin nama harkaa loowa. Keessumaa nama qobaa deemuuf … abbaan ijoollee koo ijoollummaa isaaniin irraa du'e, ani immoo waanan isaanif laadhu hin qabu maaliinan barsiisa marumsa malee hafanii harra kunoo asiifi achi fiiganii hojii humaa hojjetanii isaanumatu waan argate natti hiixata. Yeroo dura as galle lafti bakka mana keenyaa kuni bal'aa ture lafa kanas karaan irra baheet amma bakka agartu kana keessatti maatii kana hunda waliin bakka tokkotti walitti nam'ineet jirra. 'Lafa karaan irra nu jalaa bahe kanaaf beenyaa siif kaffalama jedhanii deddeebi'ee yoon gaafadhu namni sadii lafa kana irratti kaartaa waan dhiyeeffateef kaartaan kun fashalaa'eera,' naan jechuun otoon homaa hin argatiinan harka duwwaa hafe.Lafa biyyi ittiin quufee ijoollee isaa ittiin qajeelfatetti ani humna dhabeen ijoolleen koo harka dhuwwaa hafte; of harkaa qabaattu malee gadi baatee yoo dubbatte namni hiyyeessa dhagahu hin jiru.



**Fakkii14: Dawwannaafi afgaaffii Aadde Tsiggee Waldahaannaa waliin taasifame**

Yoomessa Odeeffannoo

Guyyaa 15/07/2012 ganama ganda Bulbulaa Safaarii, qe'ee Aadde Tsiggee keessatti mana jela teenyee naaf seenessani Aadde Tsiggeen.

**Afseenessa 6**

Aadde Dibaabee Cannaquu haadha ijoollee 3 yoo taatu umuriin ishee waggaa 35 hojii nama ishee keessaan ala hojii ittiin galii argattu hin qabdu. Aadde Dibaabeen bakki jireenya ishee duraa kutaa magaalaa Boolee Bulbulaa yoo ta'u bakki amma jiraachaa jirtu.Bulbulaa Safaraa bakka jedhamudha. Qe'ee keenya duraanii irraa 'bakki kuni misoomaaf barbaadama ka'aa' nuun jechuun humnaan akkuma sanyii facaasuuf lafa qonnetti abbaa warraa koo bakka qonnaa qotu irraa qabanii harqootaafi gibdii/ moofara/ baachisanii gara buufata poolisiitti geessanii isa hidhuudhaan 'lammaffa lafa bakka kana irratti yoo si argine karcalleetti tortorta' jedhanii isa sodaachisanii bakka qotisaa humnaan nurraa fudhatani. Sana booda mana keessa jiraannu keessas nu ari'anii hamma yeroon darbutti karaatti baaneet ijoollee koo waliin 'laastikii' uffannee bokkaa keessa ciisaa rakkina guddaa dabarsine. Ergasii lafa bakka bu'umsaa jedhanii

lafa xinnoo nutti kennani; silaa waa nyaatan malee hin bulanii rakkannaan lafa sana gurgurree lafa xinnaa kan biraa karee meetira 65 bituudhaan amma bakka sana kireesseen qarshiin achi irraa argadhuun mana dhiphoo kana gatii xiqqaan kireeffadheen ijoollee koo guddifachaa jira. Jireenyi keenya otoo qe’ee keenya irraa hin buqqa’iin dura jireenya quufaa ture, jireenyi ammaafi kan duraa waanuma tokkoonuu kan waldorgomsiisuu dandeenyu miti. Garaa garummaa hamma dacheefi samii walirraa fagaata. Yeroo sana ni qotannaa midhaan gosa gosaan galfannaa, horiin guuttee elmannee aannan dhuganaa, dhadhaan gurguradha yeroo sana rakkinni hin jiru; yoon buna rakkadhe xaafii hammareen gurguradha; waanuma jiru irraa gurgureen waanan dhabe bitadha ture. Jireenya isa ammaa kana ibsuunuu natti ulfaata akka ‘siddatanyaa’/buqqaatota/ taane akka warra biyya tokko irraa buqqa’anii biyya fagootto galanii,wanti hundumtuu haaraa nutti ta’e; jireeny bitaa nutti gale; ani waanan biyya dur beeku keessa jiraachaa jiru natti hin fakkaatu;guyyaatu nutti cillim jedhee dukkanaa’e.Qotee bulaan naannoo kanaa lafa irratti dhalatee guddate irratti hore akka hin teenye akka nama bakka birraa irraa dhufee irra qubateetti arraa ari’amee ulfina dhabee otoo biyya isaarra hin taa’iin, ormi alaa dhufe sun abbaa gamoofi abbaa manaa ta’ee dhalataan biyyaa inni abbaa lafaa ture ammo isa jalatti gadi bu’ee eegduu isaa ta’ee balbala isaa eegee bula. Qotee bulaan lafa isaarra buqqa’e kan dur qotee maatii isaa irraa hafee nama beela’e beela baasu lafa isaa irraa buqqaanaan kan bakka ijoollee isaa walitti qabatu dhabee kaan ganda namaatti tiksee galcha, namni humna dhabe kan bakkeetti kufee bataskaana jela jiraatus ni jira; daa’imman gara karaatti bahanii har’a karaarra jiraatanis jiru.Kan humna qabu ammoo tiksee namaa ta’eet balbala namaarra taa’ee balbala namaa eega.Uuyyii… Jiruun ammaa du’a nama kajeelchisa.Jechuudhaan jiruufi jireenya ishee seenessiti.



**Fakkii 15: Dawwannaafi afgaaffii Aadde Dibaabee Cannaquu waliin taasifame**

Guyyaan isaa Kibxata waaree dura ganda Bulbulaa Safaarii man jireenyaa isaanii keessatti afseenessa kana naaf seenessite ,Aadde Dibaabeen.

**Afseenessa 7**

Obbo Bottuu Taaddasaa yeroo ammaa kutaa bulchiinsa magaalaa Boolee Bulbulaa naannoo Safaarii jedhamuun beekamu keessa kan jiraachaa jiran yoo ta'u, qe'een dur isaan irraa buqqa'an ganda Aqaaqii Garbagurraacha jedhamu irraa kan buqqa'anidha. Obbo bottuun buleessa umuriin isaanii waggaa 52 ta'eefi abbaa ijoollee 4 yoo ta'an yeroo ammaa kan warra lafa qonnaa qabu irra lafa qarxii lamas ta'e sadii akkuman argadhettan kireeffadhee midhaan nyaataa qotachuun jiraadha jechuudhaan dubbatu.Otoo q'ee keenya irraa hin buqqa'iin dura lafa qabnaa qotanneet kumtala 80-100 ni galfana turre, harra waan qoonqootti nyaannee bulluyyuu hin qabnu. Yeroo duraa horiis hin horsiifannaa aannan guute yoo rakkanne midhaanuma sanarra gabaa baasnee sanumaan daaras baanee maatii keenyas ittiin jiraachisna turre.Amma maal qabna jiruun ammaa harkaa gara afaaniiti humnuma keenya abdaneet teenya. Jireenyi ammaa kun akka gabrummaati kunoo abbaan qabeenyaafi angaawonni mootummaa bitaafi mirgaan nutti nama'nii nu saamaat

jirani. Lafa keenya saamaatii jiru, amma asuma keessatti lafa naannoo kanaa duwwaa jiru irratti illee nugurmeessaatii hojjenneet nyaana jennee yoo gaafannu, hiyyeessi dubbatee hin dhageessifatu, nuun namni nu dhagahu hin jiru; sooressatu fagoo irraa dhufee irratti dahachuu barbaada malee nuun lafuma keenya qe'ee keenya ture sana irrattillee hojjennee akka hin nyaanneirraa nu ar'u.



**Figure 16: Dawwannaafiafgaaffii obboo Bottuu Taaddasaa waliin taasifame**

Gaafa guyyaa 15/07/2012 waaree dura yeroon qe'ee isaanii gahe Obbo Bottuun dallaa manaa otoo suphaniin isaan argeen yeroon gaaffii isaaniif dhiyeessettis gaaggisa mana isaanii jela haadha manaafi haadha isaanii waliin teenyee naaf seenessani. Ganda Bulbulaa Safaarii.

**Afseenessa 8**

Aadde Laaqechi Sabbooqaa maanguddoo umuriin isaanii waggaa 70 yoo ta'an bakki jireenya isanii durii ganda kooyyee yoo ta'u iddoo amma qubatanii jiran irraa baay'ree fagoo akka hin taaneefi lafti isaanii ijaarsa mana jireenyaa waliiniif yoo fudhatamu bakka amma jiraatan kana ganda Kooyyee Addis Safar jedhamee waamamu kanatti akka galan natti himani. Qe'een keenya

durii asuma gubbaa sana ture, otoo lafti keenya nurraa hin fudhatamiin dura lafa qonnaa bal'aa qabna turre, yeroo sana qotannee midhaan galfannee akka barbaannetti nyaannee hamma barbaanu irraa gugurannee, horiin guuttee ammeessa elmannee aannan keenya gurgurree, dhadhaa keenya gurgurree waan barbaannu bitannee jiranna turre.Amma maaltu jira amma waan haxaawwannuyyuu dhabne. Jireenya ammaa kana uu, uuu, uuu… kuni jireenya maaliiti, lafa nurraa fudhatanii gamoo itti ijaarani, qarshii isaan naaf kennaniin mana kana ijaarradhee fixe amma dumbulloo tokko hin qabu, qonni hafe loon bakka oolchinuufi bakka bulchinu dhabnee gurgurree fixne.Kunoo akkuma agartu kana hoolota hiineet oolchina malee bakka itti gadi baasnu hin qabnu, [ hoolota walitti qabamanii gola dhiphoo balbala isaanii dura jirtu keessa dhaabatan harkaan na agarsiisaa dubbatu.] Amma ijoollee kootu hojii humnaa hojjetee nagargaara.Yeroon rakkadhu immoo hoolotuma kana keessaa gurguree qusadheen ittiin buna bitadha.Jaarsi kiyya waardiyyaadha; fooqii kana eega miindaan inni argatu xiqqoodha. Nuti ijoollee afur qabna qe'ee akkamii keessaa nu baasanii lafa bal'aa nurraa fudhatanii ijoolleen koos homaa hin arganne hundi keenya bakkuma tokkotti bakka kanatti 'ashagamnee' jirra. Maalan sitti hima jiruun ammaa jireenya miti.



**Figure 17: Dawwannaafi afgaffii Aadde Laaqechi Sabbooqaa**

Mana Aadden Laaqechi mucaa ganda isaanii Abbii jedhamutu na agarsiise , Yeroo mana isaanii gahettis manatti isaan argadheen dallaa isaanii keessa balbala fuuldura gaaddisa manaa jela teenyee odeeffannoo kana naaf kennanni.Ganda Kooyyee Addi Safar, guyyaan isaa 21/07/2012

**Afseenessa 9**

Dargaggoo Girmaa Warquu jiraataa kutaa magaalaa Boolee Bulbulaa bakka Safaarii jedha muun beekamtuti. Girmaan umuriin isaa waggaa 25 yoo ta'u barnoota hanga kutaa 8ffaa ttii baratee sababa hanqina diingdee mana isaanii keessa jiruun barnoota isaa addaan kutee hojii hunmaa hojjechuun ofii fi maatii isaa gargaaruu akka itti fufe naaf ibse. Dargaggeessi kun akka ibsutti maatiin keenya dur yeroo qe'ee isaaniirra jiran lafa bal'aa qotatanii warra callaafi girdii adda baasee kuusaa kaawwatu akka turanan dhagaha; yeroo ammaa kana garuu guyyaa tokko nyaannee buluun nuuf qormaata guddaa qaba, naannoo kanatti hojiin humnaa yeroo mara hin argamu, gaafa hojiin argamu malee guyyaa hojjiin dhabame nyaatanii buluun rakkisaadha. Otoon hunma qaabuu wanan haadha kootti kennu dhabee yeroo isheen beelofu yoon argu baay'een gadda. Lafti dur irraa qotannee galfannu yeroo ammaa kana gamoon irra dhaabatee yoon argu anaan kana jedhee dubbachuu hin dand'u, isaan warri asitti gamoo ijaarratan kun manuma keessa jiraannu kana keessaayyuu ka'aa asii baddaa jedhanii waan nu doorsisaniif anaan gamoon isaanii kun nah hin gammachiisu.Yeroon barnoota baradhutti manni barnootaa akka ammaa dhiyoo hin turre isa biratti ammoo ganam waanan nyaadhee mana barnootaa deemuu hin qabu; achiis yoon gale nan beelahan ture, haalli jireenyaa natti ulfaannanan bartoota dhiisee hojii jalqabe hojiin kunis waanuma har'a nyaannee bulluuf malee jireenya keenya jijjiiruu kan danda'u miti. Ani amma ofiikoofis maatiikoofi hin taane!




**Figure 18**: **Dawwannaafi afgaaffii Darggaggoo Girmaa Warquu waliin taasifame**

Girmaan yeroon ideeffannoof gara mana isaanii deemetti maatii isaa waliin mana isaaniitti isa argadhe.Odeeffannoo kanas qabbana mana isaanii jela teenyee natti hime.Guyyaa 15/07/2012 ganda Blbulaa Safaariitti.

**Afseenessa 10**

Aadde Baqqaluu Haayiluu bakki jereenya isaanii amma ganda Kooyyee Addis Safar jedhamu yoo ta'u qe'een isaanii duraas ganduma Kooyyee kana keessa ture. Dur yeroo qe'ee keenya jirru horsiiffanneet bobbaafanna, qotannee callaa galfannee midhaan calla dhiisii girdii isaayyuu otoo nyaannee hin fixiin waggaadhaan deebi'ee midhaan irratti gala ture.Qabeenyi keenya yeroo sana nu bira darbee nama rakkate ittiin gargaarra ture. Ooyiruun diidaa hafee waanuma oddoo keessatti facaafannurraayyuu hedduu fayyadamna, ijoollee keenya nyaachisnnee daara baasnee bashananneet jiraanna ture.  Inni ammaa kuni homaa jireenya miti, erga lafa nurraa fudhatanii tilmaama isaan nuuf kennan sanaan manittii kana ijaarraaane, kunuu garuu haa ta'uudha malee

kunuu kan mana jedhamu miti. Qarshiin sun homaanuu lafa keenyaan kan madaalamu miti, homaa xaamiirras hin oolle. Yeroo lafti keenya nurraa fudhatame sana lafti isaan nutti kennan lafa kaaree 105ni horii bakka dhaabnu dhabnee gurgurree fixne, amma kunoo waam ijoollee keenyaaf laannu dhabneeti ani farsoon gurura inni immoo waardiyaa ta'eet ji'aan qarshii 800n balbala namaa eega.Nuugamee jireenyi keenya gadi deemaa jira.



**Fakkii 19: Dawwannaafi afgaaffii aadde Baqqaluu Hayiluu waliin taasifame 21/07/2012**

Yeroon Odeeffannoof mana Aadde Baqqaluu gahe Aadde Baqqaluun mana isaanii dhiphoo keessa namni baayatee farsoofi haraqee otoo gurgurtuun ishee dubbise.Wayta odeeffannoo kana naaf kennitus balbala mana ishee fuuldura gaaddisa dallaa isaanii jela boqochuun afseenessa kana naaf seenessite.Ganda Kooyyee Adis Safar.

**Afeenessa 11**

Aaddee Zannabuu Moosisaa bakki jireenya keenya duraa Aqaaqii bakka amma 'Maaddinii' jedhamee waamamu ture.Bakka sanaa nu kaasaniiti kunoo bakka Safaraa jedhamu kana nu

qubachiisani, dur yeroo qe'hee keenya jirru loowwan horsiifannee ijoolleen keenya aannan dhugdii, kan nyaatamu baksaadhaa, qonnee galfannee cidii gurgurannaa, midhaan hammaarree gurgurannaa,hammarraneet daaksifannaa, hammaarrannee sirroo akaawwannee daakkannaa; wanti hundii guute. Amma maaltu jira wanti hundi bitteedha, midhaan xaasaa tokko qarshii 40-50 n binneet nyaanna.Jireenyi ammaafi durii waldarba walittuu hin dufu.Amma lafti nurraa fudhatamee qonni hin jiru, lafti otoo jiraatee sa'aallee bitannee annanumallee gurgurannee jiraachuu dandeenya ture garuu bakka saani ciistu dhiisiitii bakki lukkuun dhaabattuyyuu rakkoodha.Kanaan dura harqee baaseen gurguran ture amma isumayyuu nu dhowwani.jireenyi ammaafi kan durii homaanuu walitti hin dhufu, dur akka barbaannetti jireenya gaarii jiraanna amma ijoollee keenyaaf waan kenninu dhabnee ofii keenyaa waan nyaannu dhabnee cinqii keessa jirra. Yeroo ammaa kana lafuma yeroo sana bakka tokko tokkotti dabartee dabartee nuuf hafte illee kan humna qabutu nurraa fudhate, nuti himannaallee yoo deemne namni nu jalaa qabu hin jiru, bulchiinsa aannaas ta'e itti gaafatamtoota gandaa bira yoo deemne namni maalidha nuun jedhu jinjiru rakkoo guddaarra jirra. Abbaa qabeenyaafi warra angoo qabutu nutti roorrisee waan nuti qabnu nurraa fudhata, jireenyi keenya nama gaddisiisa, maal goonaree… lubbuudhumaanuu jiraachuu wayya jennee mataa keenya gadi qabanneetuma waanuma nuun jedhan tole jennee jiraanna.

(Afgaaffii Aadde Zannabuu Moosisaa waliin taasifame 15/07/2012)

Ganda Bulbulaa Safaarii, guyyaan isaa kibxata yoo ta'u gara mana Aadde Zannabuu eeruu Aadde Tsiggeen deemuudhan mana Aadde Zannabuufaa yoon gahu isaanis maatii isaanii waliin qe'eetti isaan argachuun gaaddisa mana isaanii jela boqonnee afseenessa kana naaf seenessani.

**Afseenessa 12**

Obbo Addisuu Nugusuu jiraataa kutaa magalaa Boolee Bulbulaa bakki addaa ganda isaanii Safaarii yoo ta'u bakki jireenya isaanii durii bakka Aqaaqii ma'aaddin jedhamee wamamu turre.Obbo Addisuun abbaa ijoollee afurii yoo ta'an hojii wardiyyummaa hojjechuun jireenya isaanii akka gaggeessan natti himani.



Fakkii 20: Dawwannaafi Afgaaffii Obboo Addisuu Nugusuu waliin taasifame

Ittuma fufuunis,Jireenyi duri malee amma jireenya maaltu jira, Dur yeroo qe'ee keenya irra jirru qe'ee bal'aa keessa lafa bal'insa qabu qotannee jiraanna,horii horsiifanna, yeroo sana qe'ee hundi guute; qe'ee guutuu keessa jiraanna ture. Erguma Aqaaqii Maaddinii irraa as gallee illee akka achii ta'uu baatus lafa muraasa wan qbnuuf horii ni horsiifanna lafa irraan gadee gamoon irra jiru kanarra baargamoo qabna turre. yoo qarshii rakkannee baargamoodhuma sanrraa jigsinee falaxnee yoo gabaa baasne waan barbaanne ittiin bitanneet galla amma maltu jira lafa qabnu hunda kaffaltii beenyaa tokko malee nurra fudhatani kunoo amma gamootu irra dhaabata, waanuma manallee ittiin suphannu dhanbeet mana akkasii keessatti dhimpuun rakkanna;Rakkina guddaa keessa jirra.

(Afgaaffii Obboo Addisuu Nugusuu waliin taasifame 15/ 07/2012)

Yoomessa odeeffannoo

Obbo Addisuu waliin kan wal agarre mana Aadde Dotoo Shaabaraatti otoo mana jige isaaniif suphuu yoo ta'u mana isaas daawwachuu akkan barbaadu gaafannaan gara mana Obbo Addisuu deemuun gaaddisa mana balbala dura teenyee odeeffannoo kana naaf kennani. Yeroo sanas haati manaafi ijoolleen isaa bakka sana turani. Guyyaa Kibxataa, ganda Bulbulaa Safaariitti.

**Afseenessa 13**

Aadde Fallaqu Xilaahuun umuriin ishee waggaa 40 yoo taatu haadha ijoollee 4ti. Adde Fallaquun yeroo amma ganda Kooyyee Addis Safar jedhamuun beekamu keessa kan jiraatan yoo ta'u, qe'een isaan irraa buqqa'an Kooyyee Ganda Booraa ture. Jireenyi duraanii shagaadha. Yeroo sana hin qotannaa loowwan jirti, jireenyi alamiidha. Hin hojjenna yeroo sana bishaan hin dhugamu, akka barbaannetti midhaan hammaarree gurguranna, akka barbaannetti hammarrannee nyaanna; yoo rakkanne kaboota gurguranna, buuphaa gurguranneet ittiin waan rakkanne bitannee galla. Jireenyi ammaa rakkisaadha, jireenyi keenya isa duraan gadi deemaa bula malee wanti fooyya'e hin jiru.Lafa nurraa fudhatani, wanti qotamu hin jiru ani waanan hojjedhu hin qabu. Yeroo sana jireenya qajeelaafi quufaa jiraanna turre. Erga lafa nu harkaa fudhatanii, qarshii nuuf keennan sanaan manittii kan ijaarrannee qarshiin dhumte, ergasii amma waanuma nyaanu illee hin qanbu, kunoo ijoollee koo waanan nyaachisu dhabeen kunoo erga midhaan mana kanaa argatanii guyyaa sadii guutuu ollaatu itti kutee naaf bulchaa jira. Ijoollee koo waanan ittiin barsiisu dhabeen barnoota jalqabanii turan addaan kutanii mana keessa jiru. Jireenyi keenya ammaa ulfaataadha. Abbaan manaa koo dura yeroo qabeenyi jiru waanan barbaadee fuudhee yoon fayyadame nah in gaafatu amma garuu daakuu iyyuu ni safara.



**Fakkii 21: Dawwannaafi afgaaffii Aadde Fallaqu Xilaahuun waliin taasifame**

Yoomessa odeeffannoo

Gyyaan isaa Wiixata gaafa21/07/2012 ti ganda Kooyyee Addis Safara jedhamu yeroon ganda kana keessa odeeffannoof gara mana Aadde Fallaqu deemetti Aadde Fallaquun ijoollee isaanii waliin balbala karra isaanii dura dhaabatu.Odeeffannoo kanas mooraa mana isaanii keessa gaaddisa manaa jala dhaabannee odeeffanoo kana naaf kennani.

**Afeenessa 14**

Aadde Alamituu Garbii kutaa magaalaa Boolee Bulbulaa aanaa 12^ffaa mandara Safaraa jedhamuun waamamu keessa kan jiraatan yoo ta'u maanguddoo waggaa 70ti. Wayitan qorannoo kanaaf odeeffannoo fudhachuuf gara qe'ee isaanii deemee isaan argetti haati kun sammuu isaanii dhabanii (maraatanii) haala nama gaddisiisuun qabaadhaan mana keessatti ittisanii ijoolleen isaanii yoo waliin dhiphatanin arge. Aadde Alamituun anaaf odeeffannoo kennu miti ijoollee isaanii dahanii guddifatan illee eenyummaa isaanii addaan baafachuu hanga dadhabanitti sammuun isaanii dhibameera.



Fakkii 22: Dawwannaafi afgaaffii Aadde Alamituu Garbiiwaliin taasifame

Intalli isaanii Aaddee Biraanee Damee, obboleessa ishee waliin biyya Kanaadaa jiraachaa akka turaniifi sababa haati isaanii fayyaa dhabdeef ishee dhukkubsachiisuuf maatiifi jireenya isaanii dhiisuun yeroo ammaa kan haadha isaanii waliin akka jiran natti himte. Haala jiruufi jireenya isaanii dura ittiin guddataniifi haala maatiin isaanii yeroo ammaa keessa jiran gaddaafi xiiqii haloo baafannaa hin qabneen guutameen seenessiti.Dabaafi dhiibbaa isheerratti godhame wajji walbira qabee yoon ilaalu haati keenya maraachuun qofti isheetti xiqqaata. Qaamumaan dhaabattee deemuun isheeyyuu anaan na ajaa'ibsiisa.Haadha koo qabeenyuma isheef jedhaniit ishee maraachani. Jalqabarratti yeroo lafa kana saamuu jalqaban abbaan keenya 'dhiisaa lafa abbaan koo irratti dhalatee irratti dulloome,anis irratti dhaladhee ijoollee hore maaliif ormaaf hirtu' jedhee waan gaafateef qabanii hidhanii sababa mana hidhaatti reebicha hamaan miidhameef achii yoo bahu isumaan dhukkubsatee du'e. Sanaan booda aniifi obboleessi koo kun ammoo gara biyya ormaatti sokkine. Yeroo sana haati keenya oboleesa koo maatii qabu tokko

waliin qe'ee sana keessa jiraatu turani. Yeroo sana lafa bal'aa ooyiruu qonnaa ture dhaabbanni **ASER** jedhamu kan **Aadde Azeeb Masfiniifi Abbaa Tsahaayyeen** hoogganamu isaan harkaa saamuun warshaa irratti ijaarrate.Sana booda obboleesa keenya waan hundumaan haadha keenya maddii dhaabatee ishee tajaajilu 'lafa nutti gurguruu dide' jedhanii lafa sana argachuuf jecha summii isaaf kennanii erga inni du'ee booda akka waan inni isaanitti gurgureetti haadha warraa isaa dorsisuun mallatteessisiifatanii isaan kunoo amma lafa sana irratti gamoo ijaarratanii jiru; isheen ammo naasuu sanaan daa'imman xixinnoo qabattee qabeenya tokko malee naannoo kana gadhiistee bade. Yeroo kana haati keenya qobaa ishee hafte. Sanaan booda haadha keenya qobaa kan namni isheerra hin dubbanne argatanii qe'eefi mana keessatti dhalannee guddanne keessa ishee ari'anii dhuftee bakka kana qubatte. Qe'ee keenya nuti itti dhalannee guddanne bakki isaa baay'ee fagoo miti; gubbaa kana tilmaamaan bakka amma jirru kana irraa km1 ni ta'a. Bakka sana kan isheerraa fudhate namicha Kibiroom jedhamu dhaabbata KB jedhamu qabu tokkodha; namichi nama qarshii qabu waanta'eef qarshiidhuma isaatti fayyadamee mana keenya dhaale namichi amma bakka sana irratti gamoo itti ijaarrachaa jira. Bakki sun qe'ee nuti itti hiriyyoota keenya waliin biyyoo daaknee dhoqqee bukeessinee guddannedha; obboleessi keenya inni du'e ijoollee shan qaba ture, isaan shananuu qe'eedhuma sana keessatti dhalatani kana jiraataa biyya kanaa kan turan hudatu beeka. Erga obboleessi keenya du'ee lafa qabnu hundumaa tokkoon saamanii fixani,amma manni keessa jirtu kuniyyuu amma isheerratti gurguruuf miilarra jira. Kaartaa sobaa irratti hojjechiifatanii manichi kan keenya jedhanii kunoo amma kanumaafuu himannarra jirra.Lafti naannoo kanaa baay'inaan kan keenya ture bakki Rifeentii jedhamuufi irraan gadeen isaa kanuma keenya ture isa hunda saamaniiru.Haadha keenya qobummaa ishee qofa arganii balbal ishee bananii ol itti naqani.Amma homtuu hin jiru, 'lafa kana irraa maal qabda nuti siyyuu hin beeknu' jedhuun.Akaakayyuun koo qotee bulaa ture,obboleessi koos akkasuma, abbaan koo nama gaariifi cimaa nama hojii jaalatu ture ; ni qota akkasumas hojii mootummaas ni hojjeta kana biraan ammo loowwan baay'ee qabna. Jireenyi keenya yeroo sanaa jireenya qananiifi namatti tolu ture, du'a isaatiin booda balballi hundi cufamee jireenyi nutti dukkanaa'e. Qabeenyi abbaa keenyaa nu hunda guddise suni hundi du'a isaatiin booda akka hin jirre ta'e.Nutis fagaanee deemne. Haati keenya egaa dhiibbaafi dhiphina du'a abbaa keenyaafi obboleessa keenyaan isheerra gahetti dabalee hacuuccaa warri lafa saaman isheerran gahan kana akkam gootee dandeessee haa baattu; haadha koo akkasitti maraachani.Amma yoo namni itti uffise malee uffata hin uffattu; yoo namni afaan kaahe malee nyaata hin nyaattu;yoo nuti itti

qabne malee bishaan hin dhugdu; eegichaan teessi malee ijji keenya irra buqqaanaan baatee baddi. Kunoo aniifi obboleessi koo hojii fi jireenya keenya dhiisnee ishee dhukkubsachiisaa jirra. Amma yeroo kana haadha keenya kana waan nuti bira jirruuf asittii ishee agarte malee otoo nuti as jiraachuu baannee yoona karaatti baatee bakka tokkotti duuti malee bakka kanatti hin argamtu turte.Lafti keenya haadha keenya harkaa saamame kuni hundi lafa gibirri lafa qonnaa haala seera qabeesa ta'een itti kaffalamaa turedha; ragaa isaa hunda ammallee of harka qabna.'Boolee Bulbulaa guddatteetti' jedhaniii yeroo dubbataan qonnaan bulaa qe'ee isaarratti gadadoo guddaa fi gidiraa keessa jiru kana namni ilaalee beeku hin jiru.Namni itti himannu hin jiruu, yoo himannes akka namaatti nama hin ilaalani; nama qarshii qabutu sagalee qaba. Oromoon rakkoon akkasii irra gahaa jiru haadha koo qofa miti, sababuma kanaan kan biyya gadhiisanii badan lakkoofsa hin qabani, kan aariidhan maraatanii du'anis hedduudha. Baay'een isaanii du'aniiru ganda kana keessa kan maraatan ammoo lakkoofsa hin qabni. Jiruufi jireenyi Oromoo ganda kana keessattii gadi bu'aafi tuffatamaadha.

(Afgaaffii aadde Biraanee Damee waliin taasifame 15/07/2012 ).

Yoomessa odeeffannoo

Odeeffannoo kana kanan fudhe kutaa bulchiinsa magaalaa Finfinnee Boolee ganda Bulbulaa Safaarii jedhamuun beekamu mana Aadde Alamituu keessatti.Suuraan afseenessa kana keessatti mul'atu kan Aaddee Alamituu Garbii yoo ta'u haati kun yeroon odeeffannoo barbaacha qe'ee isaanii daawwadhetti sammuun isaanii darbee /maraatanii/ of to'achuu kan hin dandeenyeefi uffata isaanii uffisuu irraa jalqabee sochii isaanii hundumaa to'achuun haala kanaan illee taa'uu kan danda'an wal'aansoo ijoollee isaaniin yoo ta'u nama kan biraafi ijoollee isaanii sadarkaa adda baasanii hin beekne irra jiru. Kanaafis odeeffannoo kana kan naaf kenne intala isaanii Aadde Biraane yoo taatu, Aaddee Biraaneefi Obboleessi ishee Obbo mangistuu Damees waggootaan dura biyya kanaa deemanii jireenya isaanii biyya ambaa godhatanii jiraachaa kan jiran yoo ta'u yeroo ammaa kana sababa haatii isaanii dhukubsatanii maatii horataniifi jireenya isaanii dhiisuun haadha isaanii dhukubsaachiisuutti qabamaniin isaan arge. Yeroon odeeffannoo kana waraabbadhuttis haati kun amaluma namoonni sammuu dhukkubsan agarsiisan kan calaqqisiisaan yoo ta'u ijoolleen isaanii dirqamaan irra deddeebi'anii qabanii uffata itti uffisaanii teessisaa mana keessatti eegu turani. 15/17 /2012 waaree booda.

**(Afseenessa 15)**

Obbo Girmaa Dammaa yeroo amma Boolee Bulbulaa bakka Safara jedhamu jiraatu. Ijoollee sadii kan qaban yoo ta'u hojii waardiyyummaan jiraatu. Qe'een obbo Girmaafaa dur Bulbulaa bakka amma manni jireenyyaa waliinii 40/60 jedhamu irratti ijaaramedha. Obbo girmaan haala jiruufi jireenya isaanii yoo seenessan, Dur qe'een keenya gama sana bakka amma 40/60n itti ijaarame qarree sanarra, yeroo sana lafa akkamii qabna ni qotanaa, loowwan horsiifannee annan gaarii dhugna. Qe'ee bal'aa keessaa jireenya bal'inaati jiraanna ture, Jireenyi ammaa ayiii…ihhh…[jechaa mataa isaanii raasuun] Kan ammaa kana maalan sitti hima gaa kunoo kanuma agartu kan gaa, [jedhani ijaan mana isaanii dhiphoofi meeshaaleen mana keessaa muraasnii jiran walirra nama'anii jiran irra ija isaanii bitaafi mirgatti naanneessani ilaalanii booda mataa isaanii gadi cabsanii ittuma fufuun, ] Jireenyi ammaa kun jiruu hin guuttu, amma maaltu jiraree homtuu hin jiru, lafa qonnaa nurraa fudhatani qonnis hafee; qe'ee keenya irraa nu ari'anii mana kiraa keessa jirraa; kunoo ani waardiyaa balbala namaati, balbala namaatan eega. (Afgaaffii obbo Girmaa Dammaa waliin taasifame 15/07/2012

Yoomessa odeeffannoo

Ganda Bulbulaa Safaarii,gaafaKibxataa waaree dura , gara mana Obbo Girammafaa kan na geessaan Aadde Zannabuu turani. Yeroo nuti balbala isaani geenyetti Obbo girmaan manaa bahanii deemuuf balbala isaanii duratti walitti dhufnee isaanis ani gaaffii isaaniif dhiyeessinaan gara manaatti oldeebi'uun odeeffannoo kana naaf kennani.

## 4.2. Fakkoomiiwwan Afseenessa Isaanii Keessatti Mula'atan

Fakoomiiwwan asfseenessa buqqaatota kanaa keessatti : jechaan, himaan sochii qaamaafi mallattooleen mul'atan fudhatamuun akka armaan gadiitti xiinxalamanii dhiyaataniiru.

**Qullaa nudhaabani (afseenaa1)** : Jechamni qullaa dhaabachuu yoo hiikamuu uffatta tokko malee qaama qullaa dhaabachuu yoo ta'u akka afseenessa buqqaatota Orommoo qe'ee isaanii dhabaniitti, uffatni ykn kafanni isaanirraa baafamuun, otoo hin jaalatiin qabeenya isaanii saamamuun, karri isaanii cabuun gola isaanii keessa ormi yaa'uun aadaafi safuun duudhaa Oromtichaa cabee jaarsiifi jaartiin salphachuu,abbaan qe'ee gadi deebi'ee warra lafa isaa saamee badhaadheef balbala eeguu, soorummaan qe'ee Oromoo ganamaa qabeenya irraa hafaan hammaaranii beelahaa beela baasanii dheebotaaf budduksan, saamamee harkaa hurrii ta'ee

Oromoon araddaa isaarratti hiyyummaadhaan gaddaafi gadadoof harka kennee jireenya imimmaanii jiraachuu isaa namatti hima.

**Dhugaa micciiramte (afseenaa1)**: "Dhugaan ilmoo Waaqaati," Jedha Oromoon. Dhugaan sirriidha, kan hiriyyaa hin qabneefi qajeeltoodhas. Qe'ee Oromoota kanaattii dhugaan micciiramuun dubbiin faallaa ta'uu isaa kan agarsiisudha. Kunis keessummaan qe'ee abbaa qabutti galanii lafa isaa akka qircaatti irratti gurguratanii, akka dubbii 'isumaan isa' jedhan lafuma sanaan lafa sanarratti gamoo ijaarratanii abbaa qe'ee ta'anii Oromoo godoo dadhabduu keessatti gadi ilaalu abbaan qe'ee asii ol isaan ilaala. Keessummaan ergatee; abban manaa ergama.

**Saafelli nu nyaatee (Afseenessa2)**: Saafelli aduu saafaa gubaa yoo ta'u saafela kanaan nyaatamuun Oromoota lafaafi qe' ee isaanii dhaban kana biratti gaaddisa aara galfii mana gaarii dhabuu isaanii, humnaafi lammii roorroo nurra gahe kana nurraa deebisu dhabnee kabajni keenya molqamee doorsifamne, rakkoo nurra gahu ofirraa ittisuu dadhabee harka kennanne, jireenya ulfaataa rakkoof saaxilame irra jiraachuu isaaniin, gargaarsaafi hirpha lammii barbaaduu isaanii agarsiisa

**Guyyaatu cillim natti jedhe (afseenaa 6)**: Guyyan ifadha yeroo itti namni agartuun isaa fayyaa ta'e waan hunda arguu danda'u; guyyaan cillim namatti jechuun jireenya keessatti waan faallaa ta'e kan agarsiisu yoo ta'u jireenyi Oromoota kanaa duraa bal'inaafi jireenya gaarii ture amma galgaluun faallaa isa dura yoo ta'u gaaddisni jala boqotan dhabamee wanti ijoollee isaanii afaan kaahanii bulan dhabamuun mala wallaluu, human dhabuu, fala wallaaluu, abdii kutachuu agarsiisa.

**Jireenya akka gabrummaa(afseenaa 7)**:jireenyi gabrummaa jiruu fedhaan otoo hin taane dirqiidhaan jiraatani. Jireenya akka ofii barbadan jiraatan otoo hin taane akka nami nama gabroomfate barbaaduu, jireenya dirqama malee mirgi keessatti bakka hin qabne. Jireenya ajaja qofaa fudhatanii jiraatan.

**Ofiifis maatii koofis hintaane (afseenaa 9):** Umurii ijoollummaa fi darggaggummaa otoo hin jiraatamiin darbe, yeroo umurii isaa deebisee bakka buufachuu hin dandeenya haala human isaa ol ta'een hojii humnaa jiruu isaafi matii isaa jijiiruu hin dandeenyeefi jireenya isaa har'aas ta'e

boruufi bu'aa qabeessaa hin taaneef umurii isaa hamma yoona dabarsuufi fuula duraaf waan abdatu dhabuu isaan abdii kutannafi gaabii keessa jiraachuu isaa ibsa.

**Ayii…ihhh…(afseenaa 15)**: Obbo Girmaan wayita haala jiruufi jireenya isaanii duriifi erga qe'ee isaanii irraa buqqa'anii booda jiraacha jiran ibsanitti haala jireenya isaanii duraa erga seenessanii booda jiruu isaanii ammaa kana haala kanaan ibsani. Kunis jireenyi isaanii ammaa kun jiruu harkaa dhabuu, humna dhabuu, saamamuu,dhagahamuu dhabuun jireenya beelaafi dheebuu;mana dhabuufi fala dhabuun jireenya gadi aanaafi gadaantummaa jiraachaa jiran kana gaddaafi qaanii humna booree baafachuu dhabuun guutameen rakkoofi dhiphinni jireenya isaanii kana keessa jiru isaan quuquu isaa dhoksaa tokko malee isaanirraa dubbata.

**Mataa raasuu (afseenaa 9)**: Mataa raasuun isaanii aariifi xiiqii qabaachuu isaanii agarsiisa.

**Mataa gadi qabachuu /boquu gadi cabsachuu (afseenaa 9)**: Yeroo afseenessa kana seenessanitti mataa gadi cabsachuun isaanii xiiqiifii aarii qaban baafatanii jireenya isaanii durii deebufachuun ykn jiruu fooyyee godhachuun humna isaanii olta'uu isaa hubachuun abdii kutannaa, qaaniifi gadda isaan qaban agarsiisa.

**Nutti roorrisee (afseenaa 11):** Roorrisuun abboomuu, bituu, hacuucuu, dabalatee koloniidhaan ajajuun bakka taa'i jedhame teessisanii yeroo barbaadame dhaabuudhaan sochii nama sanaa hunda olaantumman to'achuudha. Akka afseenessa aadde Zannabuutti roorroon isaanirratti taasifamu warra angoo qabuufi warra qarshii qabuuni.Kinis qabeenya qabiyyee lafa isaanii seera qabeessummaa qabu lafa qabeenya isaanii ittiin jiraatanii ijoollee isanii jiraachisanii boodas dhaloota isaanii dhaalchuu qana, warri qashii qaban qabeenya isaaniin warra angoo qabu bitachuu warri angoo qaban ammoo yeroo barbaasanitti lafa barbaadan filatanii oromoo irra jiruu irraa ar'uun abbaa qabeenyaa badhaasu. Abbaan qabiyyee angoofi qarshii of harkaa hin qabne gaaffii mirga abbaa qabeenyumaa gaafachuu akka hin dandeenyetti gaaffii sirrii isaan gaafatan gama siyaasaatti dabsuun gaafa namichi afuura baafate yoo brbaadan qabanii akka barbaadanittifi hamma barbaadan hidhuufi doorsisuun akka farad luugama keessa jirtuutti luugama isaanii micciiranii qabuudhaan waan isaanitti fakkaatuu hojjetu." Simbiraaf bubbuu ijoolleefa tapha," jedha Oromoon yoo makmaaku.

**Mana Citaa(afseenaa 12):** Manni citaa Obbo Addisuu kun mana boqonnaa ykn bakka bashannanaa agarsiisaa aadaaf ijaarame otoo hin taa'e mana jireenyaati. Manni citaa magaalaa

Finfinnee, bulchiinsa kutaa magaalaa Boolee keessatti manni citaa umuriidhaan raage kun gamoowwan bitaafi mirgaan itti naannahanii jiran biratti yoo ilaalamu, mallattoo hiyyummaafi sadarkaa qabeenyaa buqqaatonni Orommoo Finfinnee keessaatti lafa isaanii saamaman irra jira agarsiisa. Manni citaa kun citaa irraa ijaaramuu isaan otoo hin taane bakki manni kun itti argamuun yoo xiinxalame, mallattoo rakkinaafi siidaa gadadoo miidhama Ormoota qe'ee isaaniirraa buqqa'anii dhoksaa tokko malee afaan baasee lallabudha.

**Yeroo sana bishaan hin dhugamu (afseenaa 13)**: Bishaan dhugamuu dhabuun isaa wantoonni dhugaman kanneen biroo jiraachuu kan agarsiisudha. Kunis Oromoonni lafaafi qe'ee isaaniirraa buqqa'uu isaaniin duratti callaa midhaanii gahaa waan qabaniifi farsoofi boordee naqatanii waakkii malee dhugu; boroo isaaniitti kanniisa horsiisanii dhaaba dammaa qulqulluu muratanii booka unatu; saawwan dallaa guutanii aannan qabee qoraasuma quufeetti guutanii habbuuqqatu.Kanaaf bishaan hin dhugan ture. Kunis qe'een Oromoo durii guutuufi qe'ee quufa; qe'ee itti beelahanii akaayii kaballaa tokko haati ilmoo isheef hiixattu dhabdee hagabuu bulan otoo hin taane, qe'ee itti filatanii nyaatanii, waan garaa ofii dhuganii bulan akka ture namatti hima

## 4.3. Xiinxala jiruufi jireenya buqqa'uun duraa

Buqqaatoni Oromoo Finfinnee keessatti bakka jireenyaa isaanii irraabuqqa'an jiruufi jireenya isaanii buqqa'uun duraa keessaatti lafa bal'aa qabu; bu'uurrri jireenya isaaniis qonnaafi loon horsiisuu irratti kan hundaa'edha ture. (Afseenessa1 )Ayyo Tasammeen yoo seenessan lafi qonnaa isaanqaban ooyiruu qalaada baay'een lakkaahamu qotachuun midhaan calla gumbii guutanii Hedduminaan loon horsiisiisuu dallaa guddaa guutanii lafa kaloo magariisa qe'ee isaanii keessaa cuffatanii garaa guuttatan qe'ee bal'aa keessa jireenya gaarii jiraachaa akka turan ibsa

(A**fseenessa 1)**Akka Ayyoo Tasammeen seenessanittii jiruufi jireenyi isaanii qe'ee isaanii irraa buqqa'uu isaaniin duraa lafa bal'aa qotachuun midhaan gumbii guutanii hedduminaan loon horsiisuun jireenyanya quufaafi badhaadhinaa jiraachaa turani.Jiruufi jireenyi isaaniii duri loon dallaa guddaa guutanii lafa kaloo magariisa qe'ee isaanii keessaa cuffatanii garaa guuttatan; jabboonni qe'ee keessa burraaqan ture.

(**Afseenessa 2)** Akka afseenessi Aadde Tsigguu addeessutti bakka jireenyaa isaanii duraa irraa bara Dargii buqqa'anii bakka amma jiran kana kan qubatan yoo ta'u bakka amma jiranittis lafti isaanii namootaa dhuunfaa abbaa qabeenyaa ta'aniin humnaan akka irraa fudhatamaa jiru agarsiisa. Dabalataanis jireenyi isaanii duraa otoo qe'ee isanii duraa irraa hin buqqa'iin duraa isa yeroo jireenya qonnaafi loon horsiifachuu irratti hundaa'ee yoo ta'u lafa balinsa qabu irraa oomisha irraa hafaa galfatanii loon horsiifatanii aannan dhugaa jireenya gaarii jiraachaa kan turan

(**Afseenessa 4)** Maanguddoon kun otoo qe'ee isaanii irraa hin buqqa'iin dura lafa qonnaa qaban irraa oomisha gaarii galfatanii, loon horsiifatanii ameeyyii elmatanii annaan gaariis dhuganii jireenya yaaddoofi rakkoo hin qabe jireeny bal'inaa qe'ee bal'aa kessaa, jiraachaa kan turan yoo aagarsiisa.

(**Afseenessa 5)** Aadde Tsigeen yeroo qe'ee isaanii Aaqaaqii Ma'aaddinii jiran jiruun isaanii qonnafi loon horsiisuu irratti Kan hundaa'e yoo ta'u, qotatanii midhaan dheedhifi shiroo gosa gosaan galfatanii harka guutuu hammarrachuun kan barbadan gabaati baasanii gurguratu. Ameeyyii elmatanii waakkii malee annaan dhuguun jireenya mana guddaafi mooraa bal'aa

ijoolleen keessa burraaqan keessa jiruufi jireenya mijataa jiraachaa akka turan afseenessa kana irraa ni hubatama.

(**Afseenesaa 6)** Jiruufi jireenyi Aadde Dibaabee fi maatii isaanii ooyiruu bal'aa qotanii irraa asheeta nyaatanii dharraa bahaniifi callaa mana guutee nyaatanii nama beelafeef cabsan, qe'ee jabboonni keessa burraaqxee ijooleen keessa fiigan, qe'ee aarri kabootaa fagoorraa nama waamu keessaa jireenya hawwataa jiraachaa turani.

(**Afseena 7)** Obbo Bottuun yeroo qe'ee isaanii Aqaaqii Gabra Guraachaa turannitti qotanii dilbii kaawwatanii, jiruu maatii isaaniis ittiin gaggeessa turan yoo ta'u loonis horsiisanii qotilee cimdii hedduufi ameeyyii aannanii kan qabaniifi jiruufi jireenya qotee bulaa jabaan tokko jiraatu dabarsani .Dur yeroo qe'ee isaanii irraa hin buqqa'iin dura lafa qonnaa bal'ina qabu qotachuudhaan midhaan irraa hafaa galfatanii nyaata isaaniirrra darbee gurguraachuun akkasumas loowwan horsiifatanii yeroo tokkotti ameeyyii hedduu elmachuun aannan gaarii dhuganii dhadhaa gaariis nyaachaafi yoo barbaadan gabaatti akka geessatanii fayyadamaa ta'uun jireenya irraa hafaa ta'e jiraachaa akka turani.

(**Afseenessa 8)**Akka afseenessa maanguddoo kanaatti qe'een isaanii dur umurii dheeraa irra jiraatanii irratti horanii ijoollee isaanii illee guddifatan bakka man ajireenyaa isaanii ammaa irraa fagoo akka hin taane ni hubatama. Ooyiruun qonnaa isaaniifi bakki mana jireenya isaanii durii sababa ijaarsa manneen ijaarsa waliiniif isaan irraa fudhatamuudhaan gamoon irratti akka ijaarameefi bakka amma irra jiraachaa jiran kanaarra qubatani.

(**Adde Baqqaluu 10**) Jireenyi isaanii buqqaatiin duraan hojii qonnaafi loon hosiifachuun jireenya quufaafi irraa hafaa jiraachaa akka turaniifi

(**Afseenessa 11**) Akka Aadde Zannabuun jiruu isaanii seenessanitti yeroo sirna mootummaa Dargii bakka jireenyaa isaanii qabiyee duraa kan ta'e Aqaaqii Maaddinii jedhamu irraa lafti isaanii harkaa fudhatamee bakka amma jiran Bulbulaa Safaarii jedhamu kanatti ottoo hin galiin dura qotanii dilbii kaawwatanii saawwan horsiisuunis aannaniifi dhadhaa gaarii nyaachaa kan isaanirraa hafe gurguratanii dhimma itti bahataa turan yoo ta'u erga bakka jireenya isaanii duraa irraa buqqifamanii bakka amma jiran kana qubatanii booda manni jireenyaafi qe'een isaanii akka duraa bal'aafi jireenyi isaanii qananii ta'uu baatus isa amma itti jiran kana irra fooyyee ta'uu isaa nama hubachiisa. Kunis yeroo duraa jiruu isaanii duraa irraa mootummaa Dargiin buqqa'anii

qubattoota jedhamuu bakka kan qubatan lafa qonnaa muraasa sana qotachuun hamma tokko jireenya isaanii ittiin gaggeeffachaa turan bara mootummaa ammaa ykn Ihaadiig keessa ammoo lafa qaban hundumaa saamamuun jireenyi isaanii hammaaranii quufanii maa

(**Afseenessa 12**) Obbo Girmaan maatii isaanii waliin qe'eefi qabeenya isaanii isaanii irraa otoo hin jaalatiin dirqamaan bara mootummaa Ihaadiig keessa lafa isaanii qotatanii callaa irraa galfataniifi loon irra bobbaafatan irraa kaafamuun yeroo ammaa kana mana dhiphoo kutaa tokkoo kireeffatanii hojii waardiyyummaa irratti bobba'anii jiru. Jireenyi obbo Girmaafi maatii isaanii durii qotanii gootaraa guutanii hammaaranii dheedhiifi bishaataa nyaataniii ijoolleen isaanii aannan habbuuqqattee, qe'ee bal'aa keessa jabboota ariitee burraaqxee jireenya qanaanii jiraatu turani.

(**Afseenessa 13)** Aadde Fallaquun otoo lafti isaanii fudhatamee gamoon manneen waliinii irrattii ijaaramuu hin jalqabiin dura ooyiruu isaanii qotachuudhaan oomisha nyaata isaaniirraa hafee gabaaf bahuu danda'u danda'u galfatanii loonis horsiifachuun ijoolleen isaanii aannan gaarii dhuganii jireenya quufaafi rakkoo hin qabne jiraachaa kan turan akka ta'e afseenessa kana irraa ni hubatama.

**(Afseenessa 14)**Afseenessi kunyoo xiinxalamu, jiruufi jireenyi maatii kanaa qe'ee isaanii irraa buqqa'uu isaaniin dura maatii mana guutuu jaalalaafi gammachuun jiruufi jireenya gaariifi hawwataa ta'e jiraachaa turani agarsiisa.

### 4.4. Xiinxala Jiruufi jireenya buqqa'uun boodaa

(**Afseenessa 1)**Erga lafti isaanii isaan irraa saamamee booda, jabboonni qe'ee keessa burraaqan hafee harra qe'een isaanii lafti isaan irratti dhalatanii raagan saamamee gamoon ormaa mana isaaniitti naanna'ee ijaarameera; lafa qotanii oodii guutanii galfatanii deedhiifi bishaataa nyaatanii aannan akka bishaaniitti dhugamu dhiisee bakki itti lukkuu horsiifatan rakkoodha.Adeemsi laftiifi qe'een isaanii ittiin isaan harkaa fudhatames karaa adeemsa imaammata mootummaan baasee barreeffamaan lafa jiruun filannoon bakka jireenyaa isaaniif keennamee beenyaa gahaan isaaniif kaffalamee otoo hin taane karaa jallinaafi haqa qabeessa hin taaneen qabeenyi isaanii saamamee, qe'een isaanii diigamee, jiruun isaanii akka qisaasa'e mul'isa. Rakkoo kana irraa kan ka'e maatiin Aadde Tasammee obbolaan isaanii hundi lafti qotatanii jiraataniifi manni jireenyaa keessa jiraatan illee waan irraa fudhatameef waan hojjetanii

jiraatan dhabnaan jireenyi isaanitti ulfaatee ganda sana gadhiisanii magaaluma Finfinnee kana keessa faca'anii hojii humnaa hojjeechuun jiraachaa akka jiraniifi ijoolleen isaanii ammoo sababuma walfakkatuun gara biyya ambaatti godaananii isaanirraa fagaatanii deemuudhaan jireenya qobummaaf saaxilamuu isaanii ibsa.

(**Afseenessa 2)**Maatiin kunyeroo ammaa kana ooyiruun qonnaa isaanii harkaa fudhatamee bakki loon isaanii oolanis dhabamnaan guguranii fixuudhaan gombisaa eelee dhahuudhaan jireenya isaanii gaggeessu. Jiruufi jireenyi isaanii oolaa bultii akkuma qe'ee isnii irraa buqqa'aniifi lafti isaanii saamamuun gadi bu'aa kan deemuufi bakka mana jireenya isaanii amma keessa jiraatan kana illee harkaa fudhachuuf doorsifamaa jiraachuu isaaniin bakka amma jiran kana irraa buqqa'uu dhabuu isaaniifis wabiin tokkollee hin jiru. Akkasumas namootuma dhufanii lafa isaanii irratti gamoo ijaarrataniin jireenya sadarkaan isaa walirraa fagoo ta'e kan jiraatan yoo ta'u jara sana birattis asii gadi kan ilaalamaniifi jireenya hawwaasummaa isaaniin walitti dhufeenya kan hin qabneefi gama angaawota mootummanis yoo ilaalle dubbiin isaanii fudhatama kan hin arganneefi gaaffii mirga abbaa qabeenyumma kamiyyuu gafatanii deebii argachuu akka hin dandeenyeefi hacuucamanii akka jiraatan mul'isa. Daawwannaan mana isaaniitti taasises jiruudhuma isaanii kana dhoksaa tokko malee afaan baasee dubbata.

**( Afseenessa 4)**bakka 'Safaarii' jedhamu kana qubatanii booda mana keessa jiraatan irraa kan hafe lafa qonnaas ta'e loon hin qabani. Jiruufi jireenyi isaanii gargaarsa ijoollee isaanii irratti kan hirkateefi yoo beelahan midhaan dheebuu isaanifi bishaan argachuuf harka namaa ilaalanii jiraachuun faallaa jireenya isaanii duriin amma jireenya hiyyummaa keessa jiru.

**( Afseenessa 5)**Ameeyyii elmatanii waakkii malee annaan dhuguun jireenya mana guddaafi mooraa bal'aa ijoolleen keessa burraaqan keessaa yeroo buqqifamanii bakka Safaraa kanatti qubatanii booda lafa qonnas ta'e lafa kaloo loonii dhabuu isaaniin yeroo amma lafa dhiphoofi mana dadhabduu keessa ijoolee isaanii waliin jiraatu.Aaddee Tsiggeen ijoollee 7 qaban keessaa mucaa baratee kutaa 8$^{ffaa}$gahe tokko qofa qabu. Yeroo ammaa kanas abbaa warraan isaanii lubbuun kan hin jirre yoo ta'u isaanis hojii hojjetanii ittiin jiruu isaanii gaggeessan waan hin qabneef ijoollee isaanii hojii humnaa hojjetanii bulan irraa gargaarsa eeggachuun jiratu. Kanumaan walqabatee ijoolleen isaanii barnoota dhabuu isaaniin hojii dhaabbataa kan hin qabne ta'uu isaaniifi lafa irraa oomishatanii nyaatanii bulan kan ijoollee isaanii dhaalchisan hin qabni. Kennaa garii haati ijoollee isheef arjoomtu bira darbee kan isaan hojii humnaa hojjetanii fidan

eeggachuu irraa kan hafe waan ijoollee isaaniitti hiixatan eeggatanii jireenya hirkkattummaa, jireenya rakkoofi gaddaan guutame jiraatu.

(**Afseenessa 6)**yeroo amma mana kiraa kutaa tokko keessa jireenya qufaa irraa hafaa otoo hin taane jiruu wanti nyaatnii bula rakkoo ta'e keessa jiraatu

(**Afseenessa 7)**. Erga yeroo sirni Dargii qe'ee isaanii irraa isaan buqqisee bakka amma jiran kana qubatanii qe'een dhiphatus lafa qonnaa muraasa qotachatuun ittiin jireenya isaanii gageessaa kan turan yoo ta'u sirna kana keessa ammoo lafa qaban sana saamamuun jireenya yaaddoo harkaa gara afaanii ta'e jiraachaa akka jiran afeenessa isaanii kana irraa ni hubatama.

(**Afseenessa 8**)Jiruun isaanii erga buqqa'aniin boodaa jireenyagama hundaan ulfaataa ulfaatuakka isaanitti ta'e karaa adda addaan ibsataniiru. Kunis beenyaan lafa isaanii isaanirraa fudhatameef isaanii kaffalame bay'ee muraasa kan lafa saanii hin madaalle yoo ta'u beenyaadhumti argame sun ammoo manni isaanii duraan ture waan jalaa diigameefa qarshii sanaan mana amma keessa jiran ijaaruu bira kan dabrte hin turre.Lafi qonnaa waan hin jirreef oomishni hin jiru. Bakki mana jireenyaa dhiphaa ta'uu isaafi diidattis bakki loon dhaabattu waan dhabameef loon isaanii gurguranii fvixuun yeroo ammaa kana harka ijoollee isaanii ilaaluu jireenya hiyyummaa jiraacha akka jiran ni ibsa. Akka isaan naaf seenessanittis ta'e ijaan akkan mirkaneeffadhetti hoolni isaanii guyyaa hidhamanii gola keessa dhaabatanii akka oolan mirkaneeffadheera. Lafti dura qotamee dilbiin irraa galuufi saawwaniifi kottee duudaan irra guutaan qe'een aayyoo Laaqechifaa lafti mana jireenyaa ijoollee isaaniif kaenname kana biraa waan hin jirreef hundi isaanii lafuma dhiphoo maatii nisaaniif kenname sanarra waltti qabamanii haala mijataa hin taaneen hiraachaa akka jiraniifi dallaa isaaniin alattillee bakki hoolonni itti yaafamtu dhabamuu isaan haalli jiru hundumtuu sochii jireenya isaanii akka isaanitti ulfaatu taasisuun wanti hojjetanii nyaatan dhabamee wanjoo hiyyummaa akka isaanitti ulfaate jiruun isaaniis afaan baasee dubbata.

(**Afseenessa10**) Jireenyi isaanii buqqaatiin duraan hojii qonnaafi loon hosiifachuun jireenya quufaafi irraa hafaa jiraachaa akka turaniifi ega lafti isaanii harkaa fudhatamee qe'een isaanii diigamee bakka ammaa kana qubatanii booda qonni isaanii dhaabatee horii isaaniis gurguranii fixuun yeroo ammaa kana abbaa warraan ishee hojii waardiyyummma mana jireenyaa waliinii eeguutti ji'aan qarshii 800 argachaa kan hojjetan yoo ta'u .Aaddee Baqqaluun ammoo mana

keessatti haraqee basuufi farsoo naquudhaan jireenya jiruu isaanii duraa irraa dachaa hedduun gadi bu'aa akka ta'e , akkasumas jireenya isaanii ammaa kanaa ijoollee isaaniif biddee dhiyeessuun isaanitti ulfaatee jireenya isaanii isa qe'ee isaanii duraa yoo hawwan mul'atu

(**Afseenessa 11)**jireenya isaanii duraa irraa buqqifamanii bakka amma jiran kana qubatanii booda manni jireenyaafi qe'een isaanii akka duraa bal'aafi jireenyi isaanii qananii ta'uu baatus isa amma itti jiran kana irra fooyyee ta'uu isaa nama hubachiisa. Kunis yeroo duraa jiruu isaanii duraa irraa mootummaa Dargiin buqqa'anii qubattoota jedhamuu bakka kan qubatan lafa qonnaa muraasa sana qotachuun hamma tokko jireenya isaanii ittiin gaggeeffachaa turan bara mootummaa ammaa ykn Ihaadiig keessa ammoo lafa qaban hundumaa saamamuun jireenyi isaanii hammaaranii quufanii maatii ofii nyaachisanii buluu bira darabee hammaaranii gurguranii mana guddaafi qe'ee bal'aa keessa jireenya badhaadhinaa jiraachuu irraa gara haraqee baasuu; xinnoo qotatanii safaranii nyaatanii buluutti, gadii bu'uudhaan jiruufi jireenyi isaanii dhawaatuma mootummaa tokko irraa tokkotti yoo ce'u gaduma bu'aa deemuun yeroo ammaa kana lafti qaban hundi isaan harkaa saamamee harka duwwaa hafuun hanga midhaan 'xaasaa' tokko qarshii 40-45 bitanii nyaatanii buluuf humna dhabuutti gahuu isaanii nama hubachiisa. Kun ammoo jiruun maatii kanaa bara mootii tokko irraa isa tokkootti isaan qaban saamamuun akkuma Oromoota Finfinnee warra kaanii jireenyi isaanii lafa waliin hidhata gudhaa qabaachuu isaan hiyyummaafi kufaatii gudhaan jiruu isaanii muudateera, Fuula duraafis manuma keessa jiraatan kana keessaa buqqa'uu dhabuun isaaniif wabiin hin jiru. Kanumaan walqabatee rakkoo dhiibbaa siyaasaa, rakkoo diinagdeefi xiinsammuun miidhamoo ta'uu isaanii mul'isa.

(**Afseenessa 13)**Aadde Fallaquun yeroo ammaa kana abbaan manaa isaaniis ta'e isaan hojii tokkollee kan hin qabneefi qabeenyi isaan qaban lafaa qaban mana amma keessa jiran kanaafi sa'aa tokkitti dha. Sababa kanaanis iloolleen Aadde Fallaquu beelahanii haadha isaanii harka yoo ilaalan hati isaanii waan ijoollee isheetti hiixattu dhabuu deebistee gaddaan ijoollee ishee ija keessa ilaaluun gadditu,jireenya daa'imman beelahanii qooqa duwwaa oolanii bulan, jiruu hiyyummaa gaddaan onnee namaa tuqu keessa jiraachuu isaanii ragaalee daawwannaafi afseenessaa kanarraa xiinxalameer

**(Afseenessa 14)** Jireenya isaanii buqqa'uun boodaan sababa walqabatuun abbaafi mucaan ilmaa maatii kanaa du'aan isaanirraa adda bahanii ijoolleen isaanii kanneen biroo gara biyya ormaatti godaanuun haati kun dhiibbaa isaanirraan gahameen gadda maatii isaaniifi jireenya qobummaan

xiinsammuun isaanii miidhamuun sadarkaa amma jiran kanarra gahanii haala nama gaddisiisu keessa jiru. Walumaa galatti dhiibbaan maatiin kun lafti isaanii saamamee qe'een isaanii diigamuun buqqa'uun isaanii maatii kana erga addaan bittinneessee booda illee bakka jiraatanittis nagaadhaan yeroo isaaniitti gargaaramanii jiruu isaanii tasgabiin gaggeessuu akka hin dandeenye qabeenya saamaman caalaa bu'aan buqqa'uu isaanii kanaan uumame isaan hordofuun eelaa jireenyaa gama diinagdeen, hawwaasummaanfi xiinsamuu isaanirraan gahaa jiraachuu haalaan ifatti mul'ata.

**(Afseenessa 15**)Jireenyi obbo Girmaafi maatii isaanii akka durii qotanii gootaraa guutanii hammaaranii dheedhiifi bishaataa nyaataniii ijoolleen isaanii aannan habbuuqqattee, qe'ee bal'aa keessa jabboota ariitee burraaqxee otoo hin taane jireenyi isaanii ammaa jiruu mana kiraa dhiphoo keessatti miila wal jalaa sasaabbachaa wal dabarsan dhiphinaan jiraatani; hammaaranii nyaatanii garaa guuttachuun hafee harkaa dhabanii miindaa hojii waardiyyummaan ji'aa 800 harka isaan geessuun qooqa ijoollee isaanii illee beela baasuuf harki isaan qal'atee hiikkaa jireenya isaanii ammaa kanaaf jechi ittiin ibsan bitaa itti galedha. Walumaa galatti jiruufi jireeny maatii kanaa afseenneessaa isaanii irraa hubadheefi mana jireenyaa isaanii daawwachuun hubadhe gama diinagdeen jieenyi akka durii qananiin hafee jireenya dhiphinaa rakko guddaa keessa kan jiran ta'uu gama xiinsammuu isaanii miidhamoo ta'uu isaanii agarsiisa.

Walumaa galatti, buqaatonni Oromoo Finfinnee jiruufi jireenyi isaanii buqqa'uun boodaa jireenya ulfaataa gama diinagdeen, hawaasummaafi xiinsammuun miidhamoodha. Sababiib isaas Wixinnee waggoota hedduun dura qophaahee Oromoofi seenaa isaa araddaa Finfinnee kana irraadhabamsiisuun lafa isaa dhaaluu itti yaadamee qophaaheen lafati qabeenyi guddaafi gatii jabeessi Oromoon qabu lafti isa harkaa saamamee ormaaf yoo kennamu isa fudhatuuf madda soorummaafi badhaadhinaa yoo ta'u buqqaatota kanaaf ammoo rakkoofi sababa itti manaafi waan nyaatanii bulan dhabanii ilmaan isaa xanneendhaan dhumtu ta'e. Oromoon Finfinnee erga qe'ee isaa irraa buqqa'ee; qubataa ta'ee soorummaa , abbaa lafummaafi abbaabiyyuummaan isaa hurrii ta'ee harra Oromoonni hedduun sababa kanaan gaaddisa manaa, keessa boqatan dhabaniifi ijoollee isaanii waan nyaachisanii bulchan dhabanii rakkoo hamaa keessatti kufanii jireenyi isaanii kufaa ta'e hedhuudha.Buqqaatonni Oromoo Finfinnee kun yeroo qe'ee isaaniirra jiran jireenya hawwaasummaa gaarii kan waliin qaban yoo ta'u, dhuudhaa Oromtichaa ganamaan guddaafi xinnaan walkabajee, jaartiifi jaarsii ulfina hangafummaa argatanii gaddaafi gammachuu

irratti waliin hirmaachuun; tokkummaadhan walgargaaranii hirpha haadhoofi gumaata lammii waliif ta'anii jiraachaa kan turan yoo ta'u buqqa'uu isaaniitiin boodaa bakki isaan irraa buqqa'an tokko ta'us bakki isaan qubatan iddoo garaa garaa waan ta'eef hawaasi dhufee qe'ee isaaniirra qubateefi kan isaan deemanii keessa qubatanis sadarkaa qabeenyaa isaan of harkaa qabaniin madaaluufi kabaja aadaafi duudhaa Oromoonni kuni qaban wallaaluu irraa jireenya hawwaasumaa isanii kan wal hin simanne ta'uu isaan buqqaatonni Oromoo kun gama hawwaasummaanfi xiinsammuun miidhamoodha.Kanumaan walqabatee jiruufi jireenyi buqqaatota Oromoo kanaa yeroo ammaa kana jireenya gadi bu'aa rakkinaan guutame, jireenya haati ilmoo ishee beelofe waan afaan keessu dhabdee rakkatudha.

## 4.5. Fayidaa Afseenessi Jiruufi Jireenya Buqqaatota Oromoo Ibsuu Keessaatti Qabu

Jiruufi jireenya Oromoota Finfinnee keessatti bakka jireenyaa isaaniirraa buqqa'anii ibsuu keessatti afseenessi bakka guddaa qaba.Sababni isaas dhimmi buqqaatota Oromoo Finfinnee waggoota dhibbaan dura jalqabamee hanga har'aattii itti fufee jiraatus gama barreeffamaan barruuwwaan seenaa muraasi jiraatanis haala gahaa ta'een barreeffameera jechuun hin danda'amu. Dabalataan ammoo gama miidiyaalee Oromootiinis ta'e kanneen biroon jalqabbii xixinnoon mul'atus qophiin dhimma kana irratti haala barsiisaafi gahaa ta'een qophaahee hawaasaaf darbuufii dookimantarii barsiisaa ta'eefi hawaasa barsiisee dhaloota itti aanuuf seenaa kana dabarsuu danda'us hin mul'atu. Gama aartii Oromoonis yoo ilaalle wallistootaan hojiin hojjetamee bahaa jiru jajjabeessaafi kan jajjabeeffamudha. Kallatti aartii diraamaa, filmiifi tiyaatiraan dhimma Finfinneefi Oromoota araddaa isheerraa buqqanii ergaan darbu jiraachuu dhabuu isaan, akkasumas gama buqaatotaanis yoo ilaallee baayeen isaanii sababa carraa barnootaan baayee deemuu hin arganneef, dhalootaaf dabarsuufis ta'e rakkoo isaanii amma keessa jiran ibsachuuf gama barreeffamaan kaahuufi gara aartiitti fiduurra afaaniin jiruufii jireenya isaanii buqqa'uun duraafi boodaa keessatti rakoolee gama diinagdeen, hawwaassummaan, siyaasaafi xiinsammuun isaan muudate akkasumas jibbaafi jaalaala, gaddaafi gammachuu isaanii ittiin ibsatu. Afseenessaan muudannoofi muuxannoo jiruufi jireenya isaanii dhalootaaf dhaammaatu.

### 4.5.1. Gama Diinagdeen

Afseeneessa buqqaatota Oromoo xiinxalame kana irraa akka hubannutti jiruufi jireenyi isaanii gama diinagdeen yoo xiinxallu, bu'uurra madda diingdee kan ta'e magaalaa Finfinnee keessatti

lafaati utubaa qabeenyaa isa guddaadha.Qabeenyi isaan saamamanis isa kana. Dur otoo lafti isaanii hin saamamiin dura lafa bal'aa saangoota cimdii hedduun qotatanii midhaan callaa gosa gosaan oodii guutanii dhahanii galfatanii,gumbii guutanii dilbii kaawwatu turani. Akka fedha isaaniitti hamma barbaadan hammaaranii; dheedhiifi bishaataa harka guutanii cabsatanii,hammarratanii yaaddoo tokko malee waan argatan otoo hin taane waan filatan nyaatanii garaa guuttatanii bulu.Loowwan dallaadhaan lakkaawwaman horsiisanii lafa kaloo magariisa qe'ee isaanii keessaa cuffatanii garaa guuttatan;qe'ee ittii jabboonni talacoofi orogeessi keessa burraaqan keessatti ameeyyii lakkoofsaan hedduu elmatanii aannan gaarii dhugu; raafatanii baaduu furdaa dhimbiittatu; baksaa gaarii baay'atanii firaafi ollaaa waliin biddeena muraa otoo hin taane bideena diriiraa maaddii guutanii waakkii malee dhiyeeffatanii nyaatu turani. Kan dhabeef kennnanii, kan beelahe beela baasuun kan dheebote bishaan otoo hin taanne aannaniifi booka unachiisanii dheebuu baasu.Buqaatonni Orommoo Araddaa Finfinnee dur yeroo lafa isaaniirra jiran qe'een isaanii guutuudha, dhibba elmatanii killa aannanii daaku manni isaanii mana bookaafi daadhii, mana farsoofi boordee …. Galaana dhugaatii ture.Mana coomniifi diiminni taa'ee walteessisu garba dhangaa.Qe'ee firriifi halagaan nyaatee itti quufu ture. Faallaa kanaan Oromoon Finfinnee erga qe'ee isaa irraa buqqa'ee; qubataa ta'ee soorummaa , abbaa lafummaafi abbaabiyyuummaan isaa hurrii ta'ee harra Oromoonni hedduun sababa kanaan gaaddisa manaa, keessa boqatan dhabaniifi ijoollee isaanii waan nyaachisanii bulchan dhabanii rakkina keessa jiran kana jiruu isaanii qananii durii fi gadadoo harraa kana walbira qabanii seenessuun ilmaan isaanii barsiisu.

### 4.5.2. Gama Hawwasumman

Buqqaatonni Oromoo Finfinnee kun yeroo qe'ee isaaniirra jiran jireenya hawwaasummaa gaarii kan waliin qaban yoo ta'u, dhuudhaa Oromtichaa ganamaan guddaafi xinnaan walkabajee, jaartiifi jaarsii ulfina hangafummaa argatanii gaddaafi gammachuu irratti waliin hirmaachuun; tokkummaadhan walgargaaranii hirpha haadhoofi gumaata lammii waliif ta'anii jiraachaa kan turan yoo ta'u buqqa'uu isaaniitiin boodaa bakki isaan irraa buqqa'an tokko ta'us bakki isaan qubatan iddoo garaa garaa waan ta'eef hawaasi dhufee qe'ee isaaniirra qubateefi kan isaan deemanii keessa qubatanis sadarkaa qabeenyaa isaan of harkaa qabaniin madaaluufi kabaja aadaafi duudhaa Oromoonni kuni qaban wallaaluu irraa jireenya hawwaasumaa isanii kan wal hin simanne ta'uu isaan buqqaatonni Oromoo kun gama hawwaasummaan akka miidhaman yaadannoo isaanii duraafi muddama isaanii ammaa afseenessaan ibsanii dhalootaaf dhaammatu.

### 4.5.3. Gama Siyaasaan

Gama siyaasaan xiyyeeffannoon buqqaatonni Orommoo Finfinnee irratti ture Oromoo lafa kana irraa buqqa’ee deemee magaalittiin foolii Oromummaa qabaachuu irraa bilisa akka taatu erga bara huneeffama magaalittii Oromoonni hedduun dachee kanarraa buqqifamanii araddaa warra gullallee irratti magaalli kun hundooftee jalqabee sirnoota mootummoota darbaniifi ammaa kanas dabalatee itti karoorfamuun Oromoon dachee Finfinnee handhuura Oromiyaafi qabiyyee Oromticha ganamaa taate kana irraa buqqa’ee akka dhabamuuf haala mijataa uumameen dabaafi gidiraa isaanirra gahe ittiin ibsatu.

### 4.5.4. Gama Barnootaan

Gama Barnootaan Sirnoota durii irraa jalqabee carraan barnootaa Oromoonnii Finfinnee irraa buqqa’an qaban hirmaachisaa miti.Kunis yeroo Finfinneen akka magaalaatti hundooftee jalqabee carraan Oromoota muudate magaala jalaa siqaa deemuu yoo ta’u manni barnootaa itti yaadamee isaanii dhiyaatee ijaaramu hin turre.Kanumaan walqabatee buqqaatonni Oromoo Finfinneefi daangaa magaaliittii irratti argaman carraan barnootaa isaan qaban harra illee mijataa akka hin taane hubatama. Kanumaan walqabatees rakkoo gama kanaan isaanirratti uumames ta’e barnootaaf dhiyoo ta’uu dhabuu isaaniin muudannoofi muuxannoo isaanii afseenessaan ibsachuu filatu.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA ARGANNOOFI YABOO

## 5.1. CUUNFAA ARGANNOO

Boqonnaa kana keessatti qabxiilee gurguddoon qorannoo kana keessatti ka'a mata duree cuunfaa argannoofi yabootti addaan qoodamuun kan dhiyaatan ta'a. Cuunfaa arganoo jalatti qabxiilee bu'aa qorannoo kanaan bira gahaman cuunfamanii kan dhiyaatan yoo ta'u yaboo keessaatti ammo qabxiilee argannoo bu'aa qorannoo kanaa ta'anii yaada akka furmaataatti dhiyaatantu hammatama.

- Oromoota lafaafi qe'ee isaanii irraa buqqisanii daangaa magaalaa Finfinnee babl'isuun yeroo sirna mootii Minilik jalqabame mootummoota isa booda jiranis ittuma fufuun sirna Dargiifi Ihaadigiin kan buqqa'aa turan yoo ta'u yeroo har'aa kansa Finfinnee keessatti haala imaamata baheefi miidiyaan dubbatamu faallesuun lafti Oromoo saamamaa jiraachuu qorannoo adeemsifameen bira gahameera.
- Jiruufi jireenyi Oromoota Finfinnee keessatti bakka jireenyaa isaaniirraa buqqa'anii kan ammaafi kan durii garaa garummaafardaafi lafaa qabuun jireenyi isaanii yeroo qe'ee isaanii irra jiranii jiruufi jireenya qananii kan qaban yoo ta'u jireenyi isaanii ammaa garuu jireenya hiyyummaa nyaatanii buluuf rakkatan keessa akka jiran bira gahameera.
- Oromoonni kun otoo lafti isaanii isaan irraa hin fudhatamiin dura qabiyyee lafaa seera qabeessa ta'e kan qaban yoo ta'u hojii qonnaa fi horii hosiifachuun qabeenya irraa hafaa horatanii jireenya gaarii jiraachaa turan yoo ta'u yeroo amma ega lafti isaanii irraa fudhatamee booda dubartoonni hojii haraqee baasuufi farsoo naquun, warri dhiiraa ammoo hojii waardiyyuummafi kaan isaanii hojii humnaa /hojii guyyaa/ ulfaataa ta'e hojjechuun jireenya rakkoodhaan guutameefi harka namaa isaan ilaalchisu dabrsaa jiraachuun isaanii qorannoo kanaan mirkanaaheera.
- Buqqaatonni Orommoo Finfinnee keessatti bakka jireenyaa isaanii irraa yeroo adda addaa buqa'uun bakka qarqara daangaa magaalitti qubsiifaman, bakki isaan qubatanii turan irratti magaalli akkuma babala'achaa deemuun Oromoonni kun irra dedeebiin,mana ijaarratanii keessa jiraachuu jalqaban keessaa,irra dedeebiin buqqaniiasiifi achi oofamuun jireenyi isaan ammajiraatanis jireenya sodaa buqqa'uu qabuufi tasgabbii hin qabne keesa jiraachuun isaanii hubatameera.

- Magaalaa Finfinnee keessatti lafti gatii jabeessaa ta'e buqqaatota Oromoo abbaa qabiyyeef bu'uura jireenyaafi abdii maatii isaanii yoo ta'u, Oromoonni lafa kana irratti hojii qonnaafi loon horsiisuun jiraachaa turan irraa buqqifamuun beelaafi gadadoon maatiin isaanii addaan faca'uun rakkina harkatti kan kufan yoo ta'u faallaa kanan namoota lafa sana fudhataniif madda galiifi utubaa qabeenyaa isaaniif ta'uun, jireenya badhaadhinaa ittiin jiraatu. Oromoota kanaaf ammoo sababa hiyyummaatti harka isaan kennachiise akka ta'e bira gahameera.
- Buqqaatonni Oromoo qe'ee isaaniirraa buqa'an jiruu isaanii buqqa'uun duraa keessatti maatii firaafi ollaa waliin jiraatan irraa fagaatanii deemanii naannoo haarawaatti galuun ykn naannoo dhuma sanarraa hedduu otoo hin fagatiin qubachuun qe'ee isaaniitti namoonni afaaniifi dhuudhaa isaaniif keessummaa ta'aniifi lafuma Oromoota kanaa madda galii godhatanii tujaaranii, sababa Oromoonni lafa isaanii gatii jabeessa ta'e kana dabarsanii isaaniif kennaniin tuffiikan isaaniif qabaniifi qabeenya isaaniifi harkaa dhaba Oromoota kanaanis garaagarummaa gidduu isaanii jiruun hirmaannaa hariiroo hawwaasummaa keessatti warra duuba buufaman ta'uun isaanii ni mul'ata.
- Gama xiinsammuun midhamoofiabdii kutannaa guddaa keessaa kan jiran yoo ta'an,sababuma kanaan baayeen isaanii dhibee sammuuf saaxilamuun (marrachuun) karaatti bahaniru;kaan ammo godoo isaanii cufaanii akkuma bahaniin achumaan fagaatanii fi du'aan kan dhabamanis hedduu akka ta'an qorannoo kanaan bira gahameera.
- Buqqaatonni Oromoo kun saamicha lafaafi dhiibbaan mirgaa gama kamiinuu isaanirratti taasifamuuf gara qaama dhimmi ilaalu, angaawota mootummaa aanaas ta'e ganda isaaniitti dhiyaatanii rakkoon isaanii akka furamu yeroo gaafatanitti sababa hidhaafi doorsisni isaanirra gahuun dhimmi isaanii ukkaamamuuf rakkoo isaaniif furmaata barbaaduurra dhiibbaa isaanirra gahu marabbaadhaan fudhachuu filatu. Kanumaan walqabatee akka miidiyaaleefi sabaa himaalee adda addaarratti dubbatamutti qajeelfamni mootumaan buqqaatoota Finfinnee deebisanii dhaabuun irratti baase sadarkaa buqqaatonni kun jiranitti gadii bu'ee qixa sirriin hojiirra kan hin oolleefi dhugaan haala qabatamaan jiru Oromoonni kun haala hin malleen har'as lafa isaanii saamamaafi mirgi isaanii sarbamaa jiraachuu bira gahameera.
- Dhiibbaa eenyummaa isaaniirratti fe'ameen Oromoonnikun 'gabaree' jedhanii maqaa guyyaa keessa isaaniif moggaafameen of waamu malee Oromoota jechuudhaan of hin

waamani. Kun ammoo eenyummaan Oromummaa isaanii kan liqimfameefi dhawaataan dhabamaa deemuu akka danda'u nama hubachuiisa.

- Akkuma buqqaatonni Oromoo Finfinnee kun daangaa magaalittii keessaa dhabamaa deemaniin Afseenessi walitti hidhaminsa Oromoo ganamaafi Finfinnee dhugaan madda raga tokkoffaa haftee seenaa kanaa hidda Oromoo tuulamaa, abbaa araddaa magaalittiifi malkaa hora Finfinnnees isaan waliin dhabamaa akka deemu hubatameera.

## 5.1. YABOO

- ✓ Walta'insa Mootummaa Federaalaa,Mootummaa Naannoo Oromiyaafi Kantiibaa Bulchiinsa magaalaa Finfinneen daangaan magaalittii yeroo yeroon Oromoota qe'ee isaaniirraa buqqisuun lafa daangaa Oromiyaan sararamee ture irratti magaalli akka hin babal'anne barreeffa seera biyyattiirra jiru hojiitti hiikuun daangaa magaalittiifi naannoo Oromiyaa haala ifa ta'een sararuun hojiirra yoo oolchan filatamaa ta'uu danda'a.
- ✓ Buqqaatota Oromoo Finfinnee keessaatti bakka jireenyaa isaaniirraa buqq'an qajeelfama yeroo amma 'Qonnan bultoota magaalaa Finfinnee keessaa misoomaaf kafaman deebisanii dhaabuu' jechuudhaan qophaahe barreeffamaan rarra'ee otoo hin hafiin Kantiibaa magaalaa dabalatee qaamni dhimmi ilaalu bakka jireenyaafi haala jireenya buqqaatota kanaa isa dhugaa daawwachuun adda baasanii Oromoota kana haala amansiisaa ta'een deebisanii hundeedhaan yoo dhaaban furmaata waaraa ta'uu danda'a.
- ✓ Dhimmi buqaatota Oromoo Finfinnee kun dhimma qorannoo bal'aafi gadii fagoo barbaadu waan ta'eef qaamni dhimmi kun ilaaluufi namoonni quuqama qaban qorannoo gaggeessuun kallattii furmaataa yoo agarsiisaan rakkoon kun furmaata argachaa deema jedheen yaada.
- ✓ Afseeneessi Oromoota kanaa qorannoodhaan deeggaramee barreeffamatti jijjiiramee yoo taa'eefi dookimantariin afseenessa dhugaa hidhata Oromoo ganamaafi araddaa Finfinnee agarsiisu yoo qophaahee akkasumas gama aartiin fiilmiifi diraamaan dhimma kana ilaallatu ijaafi gurra uummataaf yoo dhiyaate, ilaalcha Oromoon araddaa Finfinnee qabiyyee isaa ganamaa irratti akka keessummaatti ilaalamuu salphatee afseennessi Oromoota Finfinnee keessatti bakka jireenyaa isaaniirra buqqanii badiirraa ni baraarama jedheen amana.

**Wabiilee**

Addunyaa Barkeessaa. (2011). Akkamtaa. Finfinnee: Oromiyaa.

AlamaayyooHayilee.(2014).Sirna Gadaa: Siyaasa Oromoo Tuulamaa.Finfinnee:Birhaninna Salaam.

Alamaayyoo Hayileefi kanbiroo.(2016). *Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20ffaa.*Finfinnee: Biiroo Aadaafi Tuurizimiin kan maxxanfame.

Alamaayyoo Hayileefi kanbiroo.(2016). *Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa.*Finfinnee: Biiroo Aadaafi Tuurizimiin kan maxxanfame.

Alice Mortan. (1975). Rethinking and Symbolism. Cambridge: Cambridge University Press.

Asafaa Tafarraa. (2004). Theorizing The Present Towards The Oromo Literature. Jaarso

Asaffaa T. (2009). *Eela. Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa: Far East Tradin Press.

Bascom, W . (1962). Continuity and Change in African Cultures. Chicago: Chicago University Press.

Bascom, W. R. (1965). Four Functions Of Folklore.: The Study Of Folklore. Burkley: printice – Hall,Inc.

Campa, Arthur L. (1995). Folklore and History, Western Folklore. Published by Western states of folklore Society URL.

Dastaa Dassaaleny. (2002). Bu'uura Qorannoo. Addis Ababa. Mana Maxxansaa Boolee.

Dirribii Damisee. (2012). Ilaalcha Oromoo: Barruu Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo.Finfinnee.

Dorson, Richard Mercer. (1972). Folklore and Folk life: An Introduction. Chicago:

The University of Chicago press.

Dundes Alan. (1965). The Study of Folklore. Endle Wood Cliffs: N. J. Prentice-Hall,Inc.

Encyclopedia Americana .(1995).Vol 11.USA. Glolier Incroporated.

Fekade Azeze .(1991). *Yesineqal Mamriya*: Institute For International Co Opration Of The Jerman Adult Education Association.

Finnegan, R. (1970). Oral literature in Africa. Kenya. Oxford University press.

Getahun Benti (2000).A History of Addis Ababa from its Foundation in 1886 to 1910…?

Irranaa Gammachuu,(2019).Seenaa dagaagina Magaalaa Finfinnee.ADP Printing.

Isaacs Alan. (1981). *TheMacmillan Encyclopiedia*. USA. Laurence Wrda Associates LTD.

Kidaanuu Zallaqaa,(2019).Finfinneefi Oromoo Hundeeffamaa Hanga ammaa.Mana maxxansaa Raajii.

Luba Tafarraa Falaasaa,(1999 A.L.I.).Seenaa Finfinnee durii,Godina Wallagga Lixaa Aanaa Ayiraa.

Melakneh Mengistu. (2005). *Map of African Literature*. Addis Ababa: Branna Enterprise.Misgaanuu Gullummaa (2011). *Dilbii Bu'uura afoola ogafaaniifi Afwalaloo Oromoo*. Finfinnee.

Okpewho, I. (1992). *African Oral Literature. Bloomington*: Indiana University press.

Smiaz, M. and Stephen, N. .(2005). "Living Folklore*: Introduction to the Study of Peoples and their Tradition".* University Press: Utah.

Tasamma Taa'aa (prof), (2000).Seenaa hundee uummata Oromoo:Finfinnee.

Woldeyohanes Werkneh and Gemechu Malka,(1994).Oromia Yetedebekew Yegif Tarik,Commercial printing Enterprise.

Yaadasaa Tolasaa,(2008).General Research Methods.Far East Trading PLC.

## DABALEE A

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**
**KOOLLEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, JOORNALIZIIMIIFI SABQUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**Odeeffannoowwan hin qaacceffamne**

**Afseenessa 16**

Addee Dotoo Shaabaraa buleetti umuriin waggaa 70 ta'an haadha ijoollee kudhaniiti.Ayyoo Dotoon bakki jireenya isaanii dur daangaadhuma Boolee keessa bakka Aqaaqii Maaddinii jedhamuun waamamu yoo ta'u bakka isaanii kana irraa mootummaa Dargiin kaafamanii bakka amma jiran bakka Bulbulaa Safaarii jedhamu keessa jiraatu. Ayyoo Dotoon jiruu isaanii duraafii ammaa yoo ibsan, Amma jireenya maaltu jira yaa intala too jireenyi yeroo lafti jiru hafe; yeroo sana lafa qabna qotanee galfannee horii horsiisneee ameessa elmannee jireenya quufaa jiraanna turre,otoo jireenyi jiraatee mana kana diigee hin ijaarradhuu kanan dhoqqeedhaan ofirratti margana, [jechuudhaan gara keenyaan manaa dhoqqeen isa irraa harca'ee maragamaa jiruutti quba isaanii qabuun.]Aini ijoolleedhuma kootu hojii humnaa hojjetee waanuma argatan irraa na jiraachisa malee homaa hin qabu. Erguma Aqaaqii irraa kaanee as galleeyyu jireenyi keenya wayyaa qaba ture, akka ammaa kana hin turre lafa qabna hin qotanna bakki amma Madaanaalamiifaa kan keenya ture, beenyaa tokko illee otoo nuuf hin kenniin nurraa fudhatani kunoo nuti manuma keenya kanatti hafne malee homtuu hin jiru, jireenyi keenya eessaafi eessa kan durii wayya, walittuu hin dhufu.

(Afgaaffii maanguddoo Dotoo Shaabaraa waliin taasifame 15/07/2012)Jiruufi jireenya Aayyoo Dotoo Afseenessaa isaaniifi daawwannan mana isaaniitti taasise irraa akkan xiinxaletti jiruun isaanii yeroo dura qe'ee isaanii jiran qonna qotachuufi horsiisa loonii irratti kan hundaa'e yoo ta'u akkuma qotee bulaa Oromoo kaanii qe'ee gaariifi jireenya quufaa qananiifi tasgabbii qabu jiraachaa kan turan yoo ta'u, erga sirna Dargiin bakka isaanii irraa buqqa'anii bakka amma jiran kana qubatanii booda illee jiruun isaanii hamma duraa qananii ta'uu baatus lafa qotatanii irraa midhaan nyaataaf maatii isaanii gahuufi bakki itti loon yaafatanis waan tureef horriis horsiifatanii jiruu isaanii gaggeessaa tures, sirna ammaa kana keessa ammoo lafti qonnaa isanii irraa fudhatamuun qonni isaanii kan dhaabateesi naannoon mana isaanii gamoon uwwifamuun

loon isaaniis guguranii fixuudhaan madda galii tokko malee hafuudhaan yeroo ammaa kana gargaarsa ijoollee isaanii ofiifuu hojii humnaa hojjechuun jireenya harkaa gara afaanii gaggeessan irraa eeggachuun jiraachaa jiru. Yeroon af gaaffiif gara mana isaanii deemettis mana isaanii dullumaan dadhabee maragaan isaa irraa harca'eeru dhoqqeedhaan /biyyoon/ otoo suphisiisaa jiraaniifi jiruun isaanii daawwadhe walbira qabuun yoo xiinxalamu hiyyummaa guddaafi abdii kutannaatu irraa mul'ata

**Afseenessa 17**

Obbo Naggasee Roorrisaa jiraataa ganda Kooyyee Addis Safar jedhamu yoo ta'u bakki jireenya isaanii buqqa'uun duraa ganduma Kooyyee kana keessa akka ture ibsa.Naggaseen gaheessa umuriin isaa 35 yoo ta'u abbaa ijoollee lamaatis. Jireenyi ammaafi kan durii homaanuu walitti hin dhufu; dur otoo lafti keenya nurraa hin fudhatamiin dura qotannee midhaan galfannee akka barbaannetti waan barbaanne filannee nyaanna. Yoo rakkanne hoolaa gabaa baasnee gurguranna yoo barbaanne qotiyyoo tokko gurgurannee rakkoo keenya baana turre; kanniisa oddootti horsiifnee damma murannee nyaanna. Yeroo sana bishaan hin dugamu bulbula dammafi aannaan malee, cooma nyaanneet qe'ee bal'aa farad gulufsiisu keessatti guddanne, Amma yeroo qe'ee keenya diiganii lafa nurraa fudhatanitti maatii 7f bakka tokkotti lafti keessan gibira hin qabu jedhaniit lafa karee 105 nuuf kennani ishee irratti mana ijaarrannee mana dhiphoo kana keessa hundi keenyayyuu dhiirris dubarris akkuma hoolotaatti walumaatti nam'inee jiraanna. Yeroo qe'ee keenya jirru lafa haadha keenyaafi abbaa keenyaati jennee irratti babal'annee mana ijaarranee, hoolotaaf qobaa, mana jabootaa qobaatti, horiif qobaatti ijaarree jireenya gaarii jiraanna ture.Amma horii dhiisiitii bakki itti handaaqqoo luka lamaa horsiifannu hin jiru. Maatii keenyaaf yeroo sana lafa kaaree tokkotti qarsii 18.50 (kudha saddeetiifi santima shantama)tu herregamee isaaniif kenname.Qarshiin sana ittiin shammatanii nyaatani, yerosuu dhumte abbootiifi haawwotiin keenya humni isaanii dadhabaa ta'e waan fuudhan dhabaniit nuun harka nu ilaalu. Nuti ammoo dargaggoonni qe'ee kanaa lafa kan argate hin jiru, baratee hojii gaarii kan qate hin hiru, hojii humnaa hojjennee qarshiii argannuun jireenya harkaa gara afaanii ta'e jiraanna. Ani amma yeroo lafti nurraa fudhatame lafti qonnaa dhabamnaan namni nyaatu malee hin jiraatu, barnoota dhiiseen hojii guyyaa hojjechuu jalqabe.Kunoo hamma har'aatti qamballaa( hojii guyyaa) hojjedheen maatiin horadhe jiraachisaa haadhaafi abbaa koos hamman danda'e

gargaara. Jireeni amma itti jirru kun jiruu miti du'a nama hawwisiisa. Sirumaa dhibeen 'Koronaa' amma dhufe jedhan sun otoo na ajjeesee jedheen hawwa sirumaa.



**Fakii 23: Dawwannaafi afgaaffii Obbo Naggasee Roorrisaa waliin taasifame**

Obbo Naggasee otoo lafti isaanii harkaa fudhatamee bakka amma jiran kanatti hin ngaliin dura maatii isaa waliin kan jiraachaa ture yoo ta'u jireenyi isaani loon horsiisuufi qonna irratti kan hundaa'e ture. Haala kanaanis lafa qonnaa isaaniirra oomisha gaarii kana argataniifi oddoo isaaniitti kanniisa horsiisuun damma akka guddate ibsa. Dabaltaan loon horsiisuun aannan dhuguufi cooma nyaachuu gaafa rakkatanis horii sanarraa gurguratanii itti fayyadamaa, qe'ee bal'aa keessatti jireenya mija'aa akka dabarsan yoo himu; jireenyi isaanii erga qe'ee isaanii irraa buqqanii booda jiru ammoo lafa mana jireenyaa dhiphoo irra maatiin isaa marti akka jiraataniifi ofii isaas hojii humnaa hojjechuu haadhafi abba isaa kan gargaaruufi maatii ofii isaa horatees haala kanaan jiraachisuun itti ulfaate, jireenya isaa jibee abdii kutannaan du'a yoo hawwu mul'ata.

Afseenessa 18

Obbo Daggafaa Raayyaa buleessa umuriin isaanii waggaa 65 yoo ta'an abbaa ijoollee 10ti. Obbo Daggafaan ganda Kooyyee Addis Safarii kana keessa kan jiraataniifi kannan duras qe'een isaanii

Kooyyee akka ture dubbatu. Hojii waardiyyummaa mana ijaarasa waliinii kooyyee faccee naannoo mana isaanii jiru hojjetu.Maaloo jiruu ammaa maalan sitti hima.Jireenyi yeroo q'ee qanu hafe amma jireenya maaltu jira kunoo yuuniyeeniin dhiiga nu xuuxe, amma balbala namaan eega. Dur horiin guutte qotiyyoo xindii shan jahaan qotanna midhaan guute, nuraa hafeet gurgurra; Aqaaqii Basaqaa geessinee galabaa hin gurgurannaa,kabootas hin gurguranna ture. Amma lafa nurraa fudhatanii, xaafii xaasaa tokko qarshii 40-50n shammatneet nyaanna, hoola asheeta qaladhee nyaadhu na harkaa balleesanii, aannan gaarii dhugnu ameessa na harkaa balleessani. Duraan indaaqootti fayyadamana buuphaa gabaa geeffaneet buna ittiin bitanna.asheeta dubbaalaa gabaa geessanneet gurguranna ture. Amma maaltu jira qoraan ittiin nyaata bisheeffatan dhiisiitii hurraan ittiin ibidda qabsiifatan hin jiru; kaboota Ererii fidaniit asitti binnee ittiin nyaata bisheeffanna.Dur qe'ee keessa baargamoon guute sanuma murreet itti fayyadamna turee amma kunoo lafa isaayyuu dhagaa irra tuulani. Maalgoona gaa kan durii yoon haasa'e bu'aa maal qaba madaa natti kaasta! Jiruu keenya kanaa manna du'a wayya! Du'a malee homaa abdii hin qabu amma.



**Fakkii 24: Dawwannaafi afgaaffii Obbo Daggafaa Raayyaa waliin taasifame**

Obbo Daggafaan abbaa maatii yoo ta'an dur yeroo qe'ee isaanii jiran lafa ooyruu bal'aa qotatani oomisha irraa hafaa galfatanii harka guutuu hammaaranii maatiin maaddiitti baaya'tanii sasata malee nyaatanii, ameeyyii elmachuun annan gaarii dhuganii jireenya quufaa jirachaa turani.

Dabaltaan akkan afseenessa isaanii irraa xiinxaletti mooraa bal'aa mukeen qabu keessa jiraachaa kan turan yoo ta'u yeroo ammaa kana lafa qonnaas ta'e loon horsiifatan waan hin qabneef ijaarsa gamoowwan manneen waliiniitti hojii waardiyyummaan qacaramanii miindaa ji'aan qarshii 800 isaaniif kaffalamuun jireenya gadi bu'aa akka jiraatan ni mul'ata.

Afseenessa 19

Abbii Faantuu umuriin isaa 17 yoo ta'u bakki amma jiraatu Kooyyee Addis Safarii aanaa 9 jedhamu yoo ta'u, qe'een isaanii buqa'uu isaaniin dura ganda Faccee ture. Abbiin, haatiifi abbaan keenya lubbuun hin jirani nuti ijoollee shan taanee mana kana keessa jiraanna. Yeroo maatiin koo lubbuun jiran barnoota jalqabeen ture isaan duunaan hundi keenya barnoota keeny dhaabnee mucaa dubaraa tokkittii qofa barsiisaa jirra. Isheen Yeroo mana barnootaa ooltu nyaata achii ni argatti yeroo achii deebitu garuu ishumaafuu waan kenninu hin qabnu. Hundi keenyayyuu rakkanneetuma barnoota keenya addaan kunne.Anis amma yoon argadhe fifiigeetuman hojii ulfaataa hojjedheen dhagaas ta'u baadheen waan nyaannee bullu funaannadheen gala.Fuula duraaf bakka kanan gaha jedhee wantin yaadu hin jiru sababni isaas baradhee hojii gaarii qabachuuf abdii waana hin qabneef waanuma har'a nyaannee bullu argachuu qofan yaada. Hojiidhumti humnaa hojjennee nyaannu kunuu yeroo hunda hin argamu yeroo hedduu waan hojjennu dhagaa baachufi simmintoo fe'uun yeroo dhabamu ni rakkana. Qarshiin beenyaa lafaa maatii keenyaaf kennamte erga dhumtee turteetti. Mana amma keessa jirru kana illee dhaalaan gara maqaa keenyaatti naanneffachuuf qarshii 11,ooo (kuma kudha tokko ) fidaa nuun jedhai. Nuti qarshii kana eessaa fine kaffaluu dandeenya. Jireenya ulfaataa

dabarsaajirra.



.

**Fakkii 25: Dawwannaafi afgaaffii Abbii Faanuu waliin taasifame**

Maatiin Abbii isa waliin ijoollee shan kan qaban yoo ta'u yeroo ammaa maatiin isaanii kan lubbuu hin jirreefi obbolaa isaa waliin mana kana keessa akka jiraatan ibsa. Maatiin Abbii yeroo qe'ee isaaniirra jiranitti lafa qonnaa waan qabaniifi midhaan nyaataa waggaadha hamma waggaatti isaan gahu galfatnii wantoota isaan barbaachisan kanneen biroos midhaanuma sana irraa gurguruun dhimma itti bahanii rakkoo oolu. Dabaltaaan ammoo horii horsiifatanii ittiin fayyadamuun jireenya gaarii yaaddoo hin qabne jiraachaa kan turan yoo ta'u yeroo ammaa kana qabeenyi isaan qaban mana keessa jiraatan kana qofa. Jiruufi jireenya isaanii kan gaggeessan hojii humnaa guyyaan argamtu hojjechuun yoo ta'u sunuu gaafa dhabame hagabuu bulu. Abbiifi obbolaa isaa afran keessaa mucaa tokkittiin barnootarra akka jirtu yoo ibsu,isaan kaan yeroo duraa sababa manni barnootaa nurraa fagoo tureef dhiisne amma ammoo yoo hojii guyyaa kana hojjechuu baannne jiraachuu waan hin dandeenyeef akka ta'e hima haalli isaan keessa jiran kun jireenya isaanii duraa waliin walbira yoo qabamnu jireenyi isaanii ammaa rakkisaafi jireenya yaaddoo abdii kutannan guutame akka ta'e mul'isa.

**Afseenessa 20**

Adde Tigisti Xilaahuun,qe'een keenya duraanii Kooyyee Aabboo ture yeroo ammaa kana ganda Kooyyee Addis Safar jedhamu keessan jiraadha. Duraan yeroo qe'ee keenya jirru lafa qonnaa qabna qotannee midhaan gahaa galfannee ijoolleen keenya akka barbaadanitti quufanii nyaatanii bulu ahorii horsiifannee jireenya quufa jiraanna ture.Achitti rakkoo maaltu jira, goommanumallee yoo facaafanne ijoollee keenya hagabuu hin bultu turte. Amma maaltu jira kunoo mashataan ( farsoofi haraqee)n nagada, Atalaa nanneesseetuman ijoollee abbaa hin qabne sadii jiraachisa. Isumayyuu farsoo yoon naqe gaafa tole gurgurama gaaffa kaan guyyaa afur shan otoo hin guguramiin buleet gadi baaseen dhangalaasa.Hojii kanaan Ijoollee sadii jiraachisuu dhiisiitii matuma ofii tokkichumayyuu ittiin jiraachisuun ulfaataadha, Kunoo amma ijoolleen kun erga barii hirribaa ka'anii midhaan afaan isaanii hin seenne, ijoolleen ofii beeloftee waan nyaachisan dhabuun nam aarsa. Yoo naagamte amma ijoollee kana ganda gandattan hira.



**Figure 26: Dawwannaafi afgaaffii aaddeTigisti Xilaahuun waliin taasifame**

Aadde Tigisti otoo qe'ee ishee duraanii irraa hin buqqa'iin dura lafa qonnaa bal'aa qabdu irraa oomisha gahaa galfachuun cinaatti loon horsiifatte jiruufi jireenya ishee gaggeessa ijoollee ishee haala gaariin guddifachaa akka turteefi jiree nyi ishee amma isa duriin kan walgituu danda'u akka hin taane afseenaa isheen seenesssitu irraa hubachuu danda'eera. Galiin jireenya isheefi ijoollee ishee yeroo ammaa farsoo irratti kan hirkatedha. Afseenessa jiruu ishee buqa'uun duraafi odeeffannoon daawwannadhaan argadhe yoon xiinxalu jireenyim ishee amma jiruu hiyyumma ijoollee isheef nyaata ittiin dhiyeessuu hin dandeenye gaggeessaa akka jirtu agarsiisa.

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan dura Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhiyaanne ta'uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessattis kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa Iteenesh Toleeraa

Mallattoo ______________________

Guyyaa _______________________

Ani gorsaan, barattuun______________________________.Waraqaan Qorannoo isaa/ishee Ofittisuuf(Defence) dhiyaachuu danda'uu isaa mallattoo kootiin mirkaneessera.

Maqaa Gorsaa______________________________________.

Mallattoo_________________________________________.

Guyyaa ___________________________________________.